# XIINXALA NAMFAKKIILEE DUBARTOOTAA ASOOSAMA ‘GODAANNISAA’ MAXXANSA 2$^{FFAA}$

QORATAAN: FARRADAA KABAA DUREESSA

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUTIIN GUUTTACHUUF QOPHAA’EE, YUUNIVARSIITII JIMMAA KOOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI HUUMAANIITIITTI DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUUF DHIHAATE

HAGAYYA, 2024

JIMMAA, ITOOPHIYAA

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUTIIN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE, YUUNVARSIITII JIMMAA KOOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI HUUMAANIITIITTI DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUUF DHIHAATE**

# XIINXALA NAMFAKKIILEE DUBARTOOTAA ASOOSAMA 'GODAANNISAA' MAXXANSA 2FFAA

**QORATAAN: FARRADAA KABAA DUREESSAA**

**GORSAA DURAA: TAAYYEE GUDDATAA (PhD)**

**GORSAA AANTEE: TAADDESEE HIRPHAA (MA)**

**HAGAYYA, 2024**

**JIMMAA, ITOOPHIYAA**

# Yuunivarsiitii Jimmaa

# Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraatiin Booddee

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA)Afaan Oromoofi Ogbarruu ittiin guuttachuuf, Farradaa Kabaa mata duree "Xiinxala Namfakkiilee Dubartootaa Asoosama 'Godaannisaa' Haareffamee Maxxanfame," jedhuun gaggeeffame sadarkaa ulaagaa yuunivarsiitiin kaa'e guutera.

## Koree Qormaataa

- Qoraa Alaa _ Hundumaa Dabalii (PhD) Mallattoo __________Guyyaa -01/13/2016
- Qoraa Keessaa _Tashoomee Egeree (PhD) Mallattoo _________Guyyaa _01/13/2016
- Gorsaa Duraa _ Taayyee Guddataa (PhD) Mallattoo _________Guyyaa _24/12/2016
- Gorsaa Aantee_Taaddesee Hirphaa (MA) Mallattoo __________Guyyaa _24/12/2016

_______________________________________________________

Itti gaafatamaa Muummee yookiin walitti qabaa sagantaa digirii lammaffaa (MA)

# Ibsa

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, qorannoon kun hojii koo ta`uu fi kanaan duras yuunivarsitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf kan hin dhiyyaanne ta`uusaa, akkasumas, wabiileen qorannoo kanaaf fayyadame haala seera qabeessa ta`een fuudhee wabii keessatti kaa`uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa: _Farradaa Kabaa Dureessaa

Mallattoo: ___________________

Guyyaa: _20/12/2016

# GALATA

Hundumaa dursee Waaqayyo isa karaa hundumaan na gargaaree kanarraan na gaheef galanni guddaan haa ta'uuf. Itti aansuudhaan, gorsaa koo Dr. Taayyee Guddataa kallattii hundumaan ogummaafi beekumsa qaban nuffii, dadhabbiifi qusannoo tokko malee waan na deeggaraniif galannikoo guddaadha.

Akkasumas, gargaaraa gorsaa koo kan ta'an, Taaddesee Hirphaa deeggarsa ogummaa walirraa hin cinneen na gargaaraa turaniin galannikoo guddaadha. Dabalataan, maatiikoo beelaafi dheebuu utuu hin jedhiin natti dadhabanii na barsiisanii sadarkaa kanaan na gahan Harmee koofi Abbaakoo amma addunyaa kanarra hin jiranu garuu, kan baay'ee natti dadhaban baay'een galateeffadha.

Karaa birootiin, ogummaa kompiiteraafi wantoota kan biroo adda addaan kan na maddii dhaabbachuun na tumsaa turan, barsiisota koo qorraafi aduu osoo hin jenne na barsiisuuf natti dadhabaa turan hundumaaf galatan qabaaf.

Walumaagalatti, hiriyyoota koofi barsiisota istaafii koo hunda karaa adda addaan deeggarsa naaf taasisan hundumaaf nan galateeffadha.

# AXEREERAA

*Qorannoon kun mata duree xiinxala namfakkiilee dubartootaa asoosama "Godaannisaa" maxxansa 2ffaa irratti kan xiyyeeffatedha. Kaayyoon guddaan qorannoo kanaa namfakkiileen dubartootaa asoosama eerame keessatti gaheewwan jiruufi jireenya hawaasaa keessatti isaan qaban maal akka fakkaatu gad fageenyaan xiinxaluudha .Qorannichaaf ka'umsa kan ta'e qeeqa gama ogbarruu Oromoon dhimmoota namfakkiilee dubartootaa ilaalchise baay'inaan mul'achuu dhabuufi hojiileen asoosamoota Oromoo irratti hojjetaman muraasa ta'uu isaati. Gosti qorannoo qorataan gargaarame qorannoo akkamtaa yookiin qulqulleeffataadha. Kanas odeeffannoo mala sakata'iinsa kitaabaatiin harshammee (barruun) kan funaannamedha. Haaluma kanaan asoosamoota Oromoo jiran keessaa "Godaannisaa"maxxansa 2ffaa filachuun, gaaffiiwwan gahee namfakkiileen dubartootaa gama hawaasummaan, diinagdee,siyaasa,aadaafi seenaatiin akkasuma s,gama xiinsammuutiin qabantu xiinxalame. Akkasumas, haala bocama namfakkiilee dubartootaa itti bu'uureffaman, akkaataa isaan hariiroo koorniyaa waliin aangeffamaniifi miidhalee namfakkiilee dubartootaa irra gahan; miidhaa gama xiinsammuu, qaamaafi diinagdeen jiran keessatti asoosama eerame keessatti xiinxaluun ibseera. Bu'uuruma kanaan, xiinxalichi qabxiil ee tarreeffaman kana jalatti hafeewwan adda addaa asoosamicha keessaa kan fudhatamedha. Kanaafuu, bu'aa qorannichaa gaheewwan namfakkiilee dubartootaa ilaalchisee gama hawaasu mmaan,asoosama'Godaannisaa' maxxansa 2ffaa keessatti dubartoonni rakkoo isaan quunnamuuf yeroo kunuunsa waliif taasisaniifi furmaata walii kennantu seeneffameera. Gama diinagdeetiin du bartoonni qabeenyaan kan of danda'aniifi hirkatoo ta'uun dhiyaataniiru. Gama siyaasa an ilaalchisee, olaantummaa dhiibbaa siyaasaa bara sanaa jalaa miliquuf jecha akka maqaa isaanii ganamaa jijjiiranii of dhoksanii jiraatan mul'isa. Gama aadaafi seenaa keessattis hanga ta'e aadaa duudhaa sirna qopheessuun agarsiisuu yaalanis seenaa dabarsuufi safuu hawaa sichaa cabsuu aadaafi duudhaa ofii dhoksanii kan ormaa jala figuuti barruu kana keessaatti agars iifameera. Aadde Duree osoo fira ofiifi kan abbaa manaa ofii hin mariisisiin akka aadaatti nam niishee fuudhuu danda'u (jifuun) osoo jiruu alagaa waliin baduu, Aadde Koonnisee abbaa manaa osoo qabduu alagticha maqaa amantiidhaan qabatee adeemu faana sagaagaluu mul'ifa meera. Kanaafuu, dubartoonni aadaa hawaasichaa eeguu keessatti hanqina kan qabaniifi safuu kan cabsan tahuu barruu Dhaabaa Wayyeessaa"Godaannisaa"kana keessatti agarsiifameera. Kana malees, maqaa ganamaa dhalootaaf akka lufu gochuu keessaatti sochiin namfakkiilee du bartootaa baay'ee xiqqaa kan ta'eefi afaaniifi aadaa ofii baqatanii kan ormaa jala of galchuutu mul'ifameera. Bocama namfakkiilee dubartootaa ilaalchisee kan waliif birmatan ta'anillee asoosama eerame keessatti rakkinaafi gidiraadhaan kan jiraatan yoo ta'u, gama biroo,miidhaalee namfakkiilee ilaalchisee, gama miidhaa xiinsammuu, qaamaa akkasumas, miidhaa diinagdeen akka irra gahe kan ibsamedha. Gama qorataan yaaxxinaa qabatee qorannoo gaggeesse yaadiddama dubartummaa jedhu jalatti kan qorannoo isaa gaggeessedha. Kanaafuu, argannoowwan eeraman kana irratti hundaa'uun hayyoonni Oromoo bifa adda addaatiin dhimmoota kana fakkaatuun asoosama kanas ta'ee, kan biroo irratti qorannoo bal'aa gaggeessuun bifa barruun maxxanfamu ykn sabquunnamtii garaa garaatti fayyadamuun hawaasni bal'aa dhiyootti argachuun akka irraa baratuuf namni hunduu gahee isaa osoo bahe gaarii ta'a.*

## Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**

GALATA ........................................................ iv

AXEREERAA ........................................................ iv

BAAFATA ........................................................ vi

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ........................................................ 1

1.1. Seenduubee Qorannichaa ........................................................ 1

1.2 Ka'umsa Qorannichaa ........................................................ 5

1.3. Kaayyoo Qorannichaa ........................................................ 8

1.3.1. Kaayyoo Gooroo ........................................................ 8

1.3.2. Kaayyoo Gooree ........................................................ 8

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa ........................................................ 8

1.5. Daangaa Qorannichaa ........................................................ 9

1.6. Hanqina Qorannichaa ........................................................ 10

1.7. Qindaa'ina Qorannichaa ........................................................ 10

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU ........................................................ 11

2.1. Ogbarruu ........................................................ 11

2.2. Asoosamaafi Caaculee Isaa ........................................................ 12

2.3. Namfakkiilee Asoosamaa ........................................................ 14

2.3.1. Maloota Namfakkiileen Ittiin Dhiyaatan ........................................................ 16

2.4. Maalummaa Dubartummaa ........................................................ 17

2.4.1. Gosoota Dubartummaa ........................................................ 18

2.4.1.1. Dubartummaa Walabummaa ........................................................ 18

2.4.1.2. Dubartummaa Maarkistiin ........................................................ 19

2.4.1.3. Dubartummaa Aadaadhaan ........................................................ 19

2.4.1.4. Dubartummaa Hawaasummaan……………………..……………………………….…20

2.4.1.5. Dubartummaa Gurraachummaan…………..........…..……………………………..20

2.4.1.6. Dubartummaa Addaan Fo'iinsaan……………………..…..………………………….20

2.5. Koorniyaafi Dubartummaa .......................................................................................... 21

2.6. Hariiroo Aangoo Koornayaa......................................................................................... 22

2.6.1. Dubartootaafi Sirna Gadaa ...................................................................................... 24

2.6.2. Dubartootaafi Jiruufi Jireenya Hawaasaa ................................................................ 25

2.7. Dubartummaafi Ogbarruu............................................................................................ 26

2.8. Yaaxxina Qorannichaa.................................................................................................. 27

2.8.1. Yaaxxina Dubartummaa ........................................................................................... 27

2.9. Sakatta'a Qorannoolee Walfakkaatanii ........................................................................ 30

BOQONNAA SADII: MALA QORANNICHAA.............................................................. 32

3.1. Saxaxa Qorannichaa .................................................................................................... 32

3.2. Madda Ragaalee............................................................................................................ 32

3.3. Iddattoofi Iddatteessuu.................................................................................................. 33

3.4. Mala Funaansa Ragaalee .............................................................................................. 33

3.5. Mala Xiinxala Ragaalee................................................................................................. 34

BOQONNAA AFUR: DHIYEESSAAFI XIINXALA RAGAALEE.................................... 36

4.1. Cuunfaa Asoosama 'Godaannisaa'.................................................................................. 36

4.2. Xiinxala Gaheewwan Namfakkiilee Dubartootaa ......................................................... 39

4.2.1. Gaheewwan Namfakkiilee Dubartootaa Gama Hawaasummaatiin ........................... 39

4.2.2. Gaheewwan Namfakkiilee Dubartootaa Gama Diinagdeetiin .................................... 43

4.2.3. Gaheewwan Nafakkiilee Dubartootaa Gama Siyaasaatiin.......................................... 46

4.2.4. Gaheewwan Namfakkiilee Dubartootaa Gama Aadaa (Safuutiin) ....................................... 48

4.2.5. Gaheewwan Namfakkiilee Dubartootaa Gama Seenaatiin ................................................... 50

4.3. Bocama Namfakkiilee Dubartootaa ......................................................................................... 51

4.4. Hariiroo Aangoo Koorniyaa Namfakkiilee ................................................................................ 55

4.5. Miidhaa Namfakkiilee Dubartootaa ........................................................................................ 60

4.5.1.Miidhaa Xiin-Sammuu Namfakkiilee Dubartootaa ............................................................... 61

4.5.2. Miidhaa Qaamaa Namfakkiilee Dubartootaa ...................................................................... 63

4.5.3. Miidhaa /Rakkoo/ Namfakkiilee Dubartootaa Gama dinagdeetiin ....................................... 64

BOQONNAA SHAN: GOOLABA, ARGANNOOFI YABOO ........................................................... 66

5.1. Goolaba ........................................................................................................................................ 66

5.2. Argannoo ....................................................................................................................................... 66

5.3. Yaboo ............................................................................................................................................ 70

Wabiilee ............................................................................................................................................ 71

DABALEEWWAN ............................................................................................................................ 74

Dabalee A: Gaaffilee Cheekiliistii………………...…………………………………………………73

Dabalee B: Ibsa Namfakkiilee Asoosama ‘Godaannisaa’ .................................................................. 75

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1. Seenduubee  Qorannichaa

Ogbarruun hojii kalaqa sammuu  dhala namaa ta'ee, namuumeedha. Kan  waa'ee jiruufi jireenya dhal a namaa ibsudha. Kana jechuun jiruufi jireenya addunyaa kanaa seenaa, aadaa, duudhaa, afaaniifi eenyummaa isaa kan hawaasichi akka daawitiitti ittiin keessatti of ilaaluufi ibsudha.  Ogbarruun waan bal'aadha. Waan   ilmaa   namaati. Ogbarruun dhala nama ilaallata. Maddi isaas, uumaamni isaas, itti fayyadamni  isaas,  namuma jedhu.  Kalaqa  ilma   namaa, waa'ee   namaa, namaan, namaaf deebisee dhiyeesudha.  Innis, Ogbarruun kan  barreessaan  dhugaa  hawaasa  keessa  jiru  bu'uura  godhachuun muuxannoofi haala jiruufi jireenya   hawaasa tokkoo miidhagsee ittiin dhiyeessudha. Asaffaa (2009) waabeffachuun, Beekan   (2013:8) yaaduma kana deeggaruun ogbarruu akka armaan gadiitti yoo ibsu, "Ogbarruun  oguma  kalaqaa  ta'ee, kan  muuxannoo  jiruufi  jireenyaa  haqa irratti  ittiin  yayyabnu, bu'uureessinuufi  ammas akka qabatamutti miidhaginaan faaynee ittiin ibsinuudha. Kunis, mala ittiin waan hawaasummaaf  bu'aa  qabu tokko ittiin   waliif gumaachinuufi meeshaa   ittiinhawaasicharraa waan hamaa faccifnuuti." Haaluma kanaan, ogbarrun calaqqee aadaa ummataati. Wanta dhala namaa jiruufi jireenya keessatti mudate, mudachaa jiruufi fuuldurattis mudachuu danda'u jechoota filatamoofi yaadota  bibilchaatoon miidhagee haala  miira namaa hawwatuun kan ergaa ittiin dabarsanidha.

Akka Asafaan (2009)  ibsetti, dhimmiifi ka'umsi ogbarruu jiruufi jireenya ilma  namaati. Kunis, kalaqa  sammuu ta'ee  ogummaa fi dandeettii, dhageettii keessoo  kan  ibsudha. Kanaafuu, ogumni namootaan   qindaa'ee   namootaaf kan dhiyaatu; sansakni eenyummaa hawaasaa qindeeffamee kallattii duudhaan,  aadaan, fedhiin, gaddii fi gammaachuun, jaalalliifi jibbi, kaayyoo, karoorriifi kan kana fakkaatu hawaasaaf bifa ifa bahuun kan qophaa'udha.  Adeemsi  kunis  ogafaaniin,  ogbarruufi artiidhaan  dhiyaachuu  danda'a  jedha."Ogumni waa'ee jiruufi jireenya dhala namaata'ee, namootaan qindeeffamee   namootaaf   dhiyaata,"  jedha. Asafaan   (2009:20).  Yaada   ogbarruu   haaluma walfakkaatuun, Fedhasaan  (2013:7) "Ogumni kalaqa sammuu ilma namaa ta'ee ogumaafi dandeettii, aadaa, duudhaa, falaasamaafi haala jiruufi jireenyaa, akkasumas dhageettii keessoo ofii: gaddaafi gammachuu qaban kan ittiin ibsanidha. Akka kanaan  namni haala keeessa jiru oguma fayyadamee barreeffamaan yookiin afaaniin mul'ifachuu danda'u" jedha. Kana malees, Hayyuun Lazar (1993: 5)

“Literature does seem to provide a way of contextualizing how a member of a particular society might be have or react in a specific situation” jechuun ibsite. Ogbarruun kan miseensa hawaasa tokkoo haala sirna qabeessa tokko keessatti amala gaarii inni agarsiisuufi mormii isaa karaa ittiin ibsatudha.Yaada kana irraa akka hubatamutti jireenya hawaasummaa keessatti taatewwan adda addaa uumamuu danda’u. Gammachuufi gadda, jaalalafi jibba, fuudhaafi heeruma, jiraachuufi du’uu, taatewwan kana keessatti hawaasni waan jedhu qaba. Kun immoo calaqqee hojii ogbarruu ta’ee tajaajila jechuun ni danda’ama. “Ogumni jiruufi jireenya hawaasaa qeequun falaasamaafi beekumsa isaa afaaniifi barreeffamaan galmeessuu keessatti gahee inni qabu olaanaa ta’uu mul’isa. Kunis, waa’ee jiruufi jireenya dhala namaa kan ibsu afaanii fi barreeffamaan qindeeffamee kan dhiyaatu qabeenya hawaasni waliin qabudha,” jechuudha. Margaa (2016:1). Kanaafuu, akkuma hay yoonni armaan oliitti ibsuuf yaalanitti, ogumni ibsituu jiruufi jireenya dhala namaa ta’ee duudhaa, aadaafi seenaan hawaasichaa maal akka fakkaatu namootaan qindaa’ee kan namootaaf dhiyeessu jechuudha. Haa ta’u malee, xiyyeefannoon qorannoo kanaas akaakuuwwan ogumaa keessaa kan ogbarruu asoosamaa ta’ee dhimma namfakkiilee dubartootaa waliin walitti hidhatudha. Kanarratti hayyoonni yaada yemmuu itti kennan, “Ogbarruun dabarsa aadaa uummataa ta’ullee, aadaa ummataa dhalootarraa dhalootatti dabarsuunis haala miidhagina qabuun qindaa’eeti” jedha. Asafaa (2009:23). “Ogbarruun oguma barbaadamu tokko waraqaa irraa lafa kaa’uun kan ibsudha,” jedha. Haaluma walfakkaatuun, ogbarruun waan salphaafi tahii akka qoosaatti hubatamuu danda’u miti.

Kan kana ta’uu danda’eef, jecha bal’aafi yaadrimee hedduu kan of keessaatti qabate waan ta’eefidha. Haala kanaan ogbarruufi afaan akkuma dhiigaafi hidda dhiigaa kan wal keessa jiranidha jechuun ni danda’ama. Gabaabumatti, ogbarruu jechuun hojii kalaqa ilma namaa ta’ee, aadaa, seenaa, duudha, siyaas-diinagdee, hawaasummaa, amantaa, falaasama akkasumas, haala jiruufi jireenya hawaasa tokkoo kan ittiin calaqqisiifamudha. Kunis, bifa miidhaginaafi ofitti nama harkisuu danda’uun faayamee barreeffamaan yookaan haasawaan kan dhiyaatudha. Kanaafuu, ogbarruun hojii kalaqaa dhalli namaa barreeffamaan kalaqee waa’ee jiruufi jireenya isaa lafa kaa’uun walii isaaf bifa bashannansiisaafi gammachiisaa ta’een kan dhiyeessu jechuun ni danda’ama. Fakkeenyaaf, “dameewwan ogbarruu jalatti kanneen ramadaman walaloo, asoosamaafiiskiriiptii do’ii yookiin fiilmii fa’i.” (Rabbirraa, 2009:168). Gama biroon, akaakuu ogbarruu barreeffamaa keessaa tokko kan ta’e, asoosamni kan barreessaan tokko gochaalee addunyaa dhugaa keessatti namoota hawaasa keessa jiraataniin raawwatama yookiin raawwatamuu danda’aniin ka’umsa godhatee

akka hubannoofi ilaalchasaatti dandeettii kalaquu isaatiin qindeessudha. Akkasumas, muudannoofi muuxannoo namni tokko haala jiruufi jireenyaa keessatti muuxatu mul'isuuf, sammuu barreessaa keessatti kalaqamee waraqaarratti mul'atudha, jedha. Zarihun (1996:12) immoo, "jechi asoosama jedhu hiika amma qabateen yeroo jalqabaaf jaarraa 18^ffaa kan mul'ate gosa hololoo seeneffamaa ilaallatu iddoowwan seenawaa bocaman, namfakkiijireenyadhugaa kan bakka bu'an, yaadaa fi gocha sirriittikan mul'isu, walitti fufiinsa kan qabuufi seeneffama diriiraadha,"jedha. Yaada hayyootaa kanarraa akkuma hubachuun danda'amuutti asoosamni calaqqee addunyaa kanaa ta'ee karaa hawaasichi jiruufi jireenya isaa akka daawitii ittiin keessatti of ilaaludha.

Asoosamni gosa ogbarruu keessaa isa tokko waan ta'eef hojii kalaqaa kan dhugaa qabatamaa irratti bu'uureffachuudhaan dhihaateera.

> Asoosamni ogbarruu keessaa tokko ta'ee arga yaada barreessaan kalaqamee suura jireenya dhala namaa addunyaa keessatti kaasee kan mul'isuudha. Asoosamni muudannoofi mufannoo namni tokko haala jiruufi jireenyaa keessatti muuxatu mul'isuuf sammuu barreessaatiin kalqamee waraqaarratti mul'atuudha. Dubbistootni haala sanarraa muuxannoo isaanii yaadatu. (Rabbirraa, 2009:175).

Egaa akka qorataan yaada kanarraa mirkaneeffachuu danda'etti asoosamni dameewwan ogbarruu Oromoo keessaa tokko waan ta'eef barreessaan waa'ee jiruufi jireenyaa, gaddaafi gammachuu, dhageettii keessoo namaa, seenaafi kanneen kana fakkaatan kan calaqqisiisu ta'ee bifa hin mul'annee n qooddattoota barreessaan kalaqaman ibsuu akka danda'anitti. Qooddattoonni kalaqamanis dhiira yookiin dubartii ta'uu danda'u.

Asoosamni waan addunyaa kana irratti nama quunnamee beeku yookiin quunnamuudhaaf jiru akka ta'eefi jireenya keenyaaf fakkii qabatamaa akka ta'e beektotni ibsaniiru. Asoosamni jireenya, aadaa, safuu, achii dhuftee, amantii, xiinqalbiifi kanneen kana fakkaatan calaqqisiisuu akka danda'u beekamamaadha. Asoosamni gosa ogbarruu keessaa isa tokko waan ta'eef hojii kalaqaa kan dhugaa qabatamaa irratti bu'uureffachuudhaan dhihaatuudha. Asoosama keessattis waa'ee koorniyaan walqabatee qabxiileen tokko tokko dhihaachuu danda'u. Haaluma kanaan asoosama keessatti dubartootni akkamiin akka dhihaatan amma tokko hayyoonni garaagaraa haala armaan gadiin dhiyeessaniiru. "Women are not valued as literary characters or writers. Most well known and well respected writers throughout history have been men, resulting in images of women in literature that are products of a creative process that has a limited perspective".(Osterhaus, 1987:1).

Akka hayyuu kanaatti, dubartootni akka barreessitootaatti yookiin namfakkiileetti qooda fudhachuu keessatti iddoon guddaan hin kennamneef. Barreeffama kalaquus ta'e, barreeffama kalaqame keessatti qooda fudhachuu keessatti dubartoonni amma dhiiraa hin ga'an. Kanneen

kabajaafi ilaalchi gaariin qooda fudhannaa barreeffama kalaqaafi qooddattootaatti yoo dhihaate miiraafi kabajaa gaarii qabaachuurratti dubartoonni hanga dhiiraa gahan. Kanaafuu hirmaannaan dubartootni barreeffama kalaqaa keessattis ta'e ogbarruu keessatti akka namfakkiilee ta'uudhaan muraasa ta'ee mul'ata. Qorataanis yaada kanaan walqabsiisuudhaan dubartummaan jijjiiramaa haala yeroo ammaa qabatamaan lafarra jiruufi asoosama keessatti maal akka fakkaatu xiinxaluudhaan argisiiseera.Garaagarumman koorniyaa keessatti mul'atu kanuumamni addaan baasee kenneedha malee kan fedha namaan ta'e miti. Addummaan koorniyaa irraa maddu kun kan namni ofii isaatiin filatee fudhatu miti. Dhimma dubartummaan walqabsiisuudhaanis yaada hayyoota garaa garaa keessaa hanga tokko haala armaan gadiin dhiyaateera.

> From the nineteenth century to the present, feminists have organized to end what they perceive as the historic misconception that men are superior to women. Feminists have endeavored to prove that social inequality is not ordained by the laws of God or nature, but results from societal conditions that can and should be changed. (Harding, 1986:13).

Akka waraabbii armaan oliirraa mirkaneeffachuun danda'amutti, dayeessi yookiin yaadni dubartummaa jedhee jaarraa 19ffaa keessa eegalee hanga har'aatti hojiirra oolaa jiru, ilaalcha dogoggoraa dubartiin dhiiraa gadi jedhu hambisuudhaaf kan dhufeedha. Akka seenaatti, dubartootni gama hundumaanuu amma dhiirotaa akka hingeenye himamaa tureera.

Dayeessi kunis yaada kana mormuudhaan akka ilaalchi walqixxummaa dhiiraafi dubartootaa leellifamu gochuu keessatti bakka olaanaa qaba. Akka hayyuu kanaatti, ilaalchi dogoggoraa kun Waaqa biraa yookiin haala uumamaan kan walqabatu osoo hin taane, haala hawaasummaa keessatti olaantummaa dhiirotaa labsuuf jecha kan dhufeedha. Dhiirotni dubartootarra caalu; dubartootni laafoodha jedhanii jireenya hawaasummaa keessatti kan itti fe'an kun sirrii waan hintaaneef jijjiiramuu qaba yaada jedhu mirkaneessuudhaaf yaada maddeedha. Akka barruu kanaattis barreessaan dubartoonni jabaatoofi dhiibbaa dhiiraa jala kan jiran ta'uun ogbarruu kana keessatti dhiyaateera. Haaluma kanaan asoosamicha keessatti namfakkiileen dubartootaa seenicha fuulduratti deemsisuu keessatti gahee guddaa qabaachuu barreessaan agarsiiseera.

Bu'uuruma kanaan qorannoon kunis, asoosama eerame kana keessatti kan inni xiyyeeffatunamf akkiilee dubartootaa irrattidha. Dhimmoota nanfakkiilee dubartootaa hayyuun Tashoomaan (2004:10) yoo ibsu, "namfakkiileen dubartootaa, rakkisoo, aaroo, jibbamoofi yaada gogaa jijjiiramuu hin dandeenye qabaachuun kan qooda fudhatanidha" jedha. Kanaafuu, qorannoon kun dhimmoonni kunneen asoosama Afaan Oromoo "Godaannisaa haareffamee maxxanfame" keessatti

maal akka fakkaatan adda baasee lafa kaa'eera. Kunis karaa xiinxalli namfakkiilee dubartootaa asoosama Afaan Oromoo eerame irratti adeemsifameera.

## 1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Qorannoo kana jalatti dhimmoonni namfakkiilee dubartootaa asoosamaa Afaan Oromoo filatame keessatti xiinxaluuf qoraticha kakaasan: haalawwan loogii dhiibbaa dubartootaa garaagarummaa dhiira waliin hawaasni sababa qoqqooddaa hojiitiin itti moggaasan barreessaan akkamitti barruu isaa keessatti akka fayyadame baasuun mul'ifameera. Dabalataanis, barruu asoosama 'Godaannisaa' haareffamee maxxanfame kana keessatti rakkoon namfakkiileen dubartootaa gama jiruufi jireenyaan: hawaasummaatiin, diinagdee, siyaasaan, aadaa (safuun), seenaafi gama miidhaalee dubartootaa xiinsammuu, diinagdeefi kanneen kana fakkaataniin waan mul'atuuf isa kanaaf fuulduratti fala ni ta'a jedhee waan yaadeef. Kana malee, namfakkiileen dubartootaa ogbarruu Oromoo asoosama eerame keessatti haala kamiinbareessaan kalaqamanii akka dhiyaatan xiinxaludha. Qorannoolee garaa garaa keessatti dhimmoota namfakkiilee dubartootaa ilaallatu qorattoonni bifa adda addaatiin yeroo ibsantu mul'ata. Qorataan qorannoo kanaas, ka'umsi isaa qaawwa qorannoo kanaan dura adeemsifamanii hin duuchamne duuchuuf ni gargaara jedhamee yaadameeti. Asoosamoonni Afaan Oromoon barreeffamaan babal'ataa jiraatanis qorannoon bu'aa asoosamoota kanarratti adeemsifame dhimmoota namfakkiilee dubartootaa bal'inaan kan xiinxalan hin mul'atanu. Ka'umsi qorannoo kanaas, qaawwa kana ni guuta jedhamee yaadameeti. Kana gochuuf qorataan hojii kalaqaa Dhaabaa Wayyeessaa "Godaannisaa haareffamee maxxanfame" gama namfakkiilee dubartummaan xiinxaleera.

Kanaafuu, namfakkiilee dubartummaa ilaalchisee qorannoo gaggeeffamu kanaaf asoosama kana irratti yoo hojjetame bu'aa gaarii argamsiisa jedhamee waan yaadameef asoosama kana filachuuf danda'eera. Haaluma kanaan, hojii oguma asoosama "Godaannisaa haareffamee maxxanfame" gama namfakkiilee dubartummaa gargaaramuun gahee dubartoonni hawaasummaa, siyaasaa, aadaa(safuu), sochii diinagdee, seenaafi shoora hirmaannaa isaan hojii adda addaa keessatti qaban, miidhaafi cunqursaa isaanirra ga'u, mirga hiree ofiin murteeffachuu uummata Oromoo keessatti gahee namfakkiin dubartootaa qaban calaqqisiisuuf yaadamee xiinxaluun qaaccessuuf xiyyeeffannoo kenneera. Margaa Abbabaa (2016) mata duree "Bakka Bu'iinsa Namfakkiileen Dubartootaa Asoosamoota Afaan Oromoo'Imaanaa Imaltuu'fi'Hiree Galgalaa'"keessatti gama jiruufi jireenyaa (siyaasaan, dinagdeefi hawaasummaan) qaban qeequu" kan jedhurratti hojjetameera. Qorataanis,

qorannoowwan asoosamoota garaagaraarratti adeemsifaman kanneeniifi kanneen kana fakkaatan yammuu sakatta'u gama namfakkiilee dubartootaan qorannoo asoosama irratti hojjetame irratti qaawwi bal'aan gama aadaa(safuu)fi seenaan akkasumas, miidhaalee namfakkii dubartootaan gama xiinsammuufi qaamaan baasanii agarsiisuun qorannoo kana keessatti qaawwi bal'aan waan mul'atuuf qorannoon kun xiinxala namfakkilee dubartootaa asoosama "Godaannisaa" haareffamee maxxanfameen qaawwa mul'atan kana duuchuuf kan hojjetamedha.

Karaa biroo, Waaqumaa Bokkee (2011) xiinxala namfakkiilee dubartootaa irraatti adeemsiseen xiyyeeffannoon isaa kitaabilee asoosamoota "Imaanaa Imaltuu"fi "Imimmaan Haadhaa" irratti kan gaggeefame yoo ta'u, namfakkiilee dubartootaa gama jiruufi jireenyaan hawaasummaa, diinagdeefi siyaasaan kaasuu yaalus, miidhaa dubartoota irra gahe fakkenya garaagaraa fudhachuun gama miidhaawwan xiinsammuufi qaamaa namfakkiilee dubartootaa irra gahe agarsiisuu hin yaalle qorataan qorannoo kanaas, gama kanaan qaawwa mul'ate kana duuchuun agarsiiseera. Tokkoo tok koo kaayyoolee qorannichaa dhimmoota namfakkiilee dubartootaagama jiruufi wajjiin wal qabsiisuudhaan xiinxalameera. Garaagarummaan qorannoo kana waliin qabu immoo xiinxala namfakkii dubartummaa kitaaba asoosamaa "Godaannisaa" haareffamee maxxanfame, jedhu irratti xiyyeeffachuu akkaataa barreessaan namfakkii dubartootaa barruu isaa keessatti fayyadame xiinxaluufi gama hawaasumaan, siyaas-diinagdeen, seenaafi aadaan, akkasumas, dhiibbaa namfakkiilee dubartootaa xiinxaluun qaaccessuu yoo ta'u, tokkummaan isaanii sabseenaa keessatti namfakkii kootamni (muummeen) ibsamuu isaati.

Dubartoonni Oromoo dhimmoota adda addaa keessatti jila qopheessuunis ta'ee, keessatti hirmaachuun ga'ee olaanaa akka qaban yoo ibsan, gariin immoo, dubartoonni Oromoo akkuma hawaasa addunyaa kamiiyyuu olaantummaa dhiiraa jala jiraachuufi akka hirkatoo ta'anitti ibsu. (Jeylan, 2008:22)fi (Asafaa, 2010:36). Bu'uuruma kanaan qorannoon kunis, dhimmoota eeraman kanaafi gaheewwan namfakkiilee dubartootaa asoosama eerame kana keessatti isaan qaban xiinxaleera. Kanaafuu, hojiin qorannoo kun sababoota armaan gadiitiif itti fufinsa qabaachuu qaba. Asoosamni tokko jiruufi jireenya hawaasaa ibsuufi yaada namaa qajeelchuu keessatti gahee inni qabu guddaadha. Fakkeenyaaf, aadaa, seenaa, siyaasa, hawaasummaa, diinagdeefi dhimmoota miidhaa namfakkii dubartootaa baasanii agarsiisuu keessatti gahee guddaa kan qabudha.Qorannoon kun immoo, qoraannoowwan mataduree kanan wal fakkaataan irraa wanti adda godhu asoosama gara jalqaba barreeffamaniifi bifa ammayyaan jechoota ammayyaan haareffamee maxxanfame irratti kan xiyyeefatedha. Xiinxala namfakkiilee dubartummaa asoosama kana keessa

jiran amala akkamii calaqqisiisuu akka isaan qaban danda’an. Qorannoon kunis akkuma qorannoo darbanii xiinxala namfakkiilee dubartummarratti xiyyeeffachuun asoosama “Godaannisaa” haareffame keessatti namfakkiilee dubartootaa gama siyaasaan, diinagdee, hawwaasummaa,aadaa (safuu) fi seenaa akkamitti akka kalaqaman baasee agarsiiseera. Kanaafuu, namfakkilee dubartum maa ilaalchisee qorannoo gaggeeffamu kanaaf, asoosama kan irratti yoo hojjetame bu’aa gaarii argamsiisa jedhamee waan yaadameef asoosama kana filachuuf danda’eera. Qorannoon kun kallattii lee qorannoo biroo kara hin ilaalleen gama namfakkiilee dubartootaa qaawwa mul’atan guutuuf adeemsifameera. Asoosama ‘Godaannisaa’ haareffamee maxxanfame irratti xiinxala namfakkiilee dubartootaa kallattii namfakkiilee dubartummaatiin kanaan dura qorannoon waan hin gaggeeffamneef.

Kun immoo, akkuma jireenyi ilma namaa jijjiiramu, dhimmoonni namfakkiilee dubartootaa ogbarruu Afaan Oromoo keessatti haala kanaan wal-qabatee maal akka fakkaatu sakatta’uun xiinxalameera. Kanaaf, dhimmoota jijjiirama haala jireenya dhala namaa waliin wal qabsiisuu ogbarruu keessatti xiinxaluun murteessaa waan ta’eef. Kanaafuu, qorataan kun qorannoo isaa yeroo qabatee ka’u gaaffilee armaan gadii akka ka’umsaatti godhateeti:

1. Gaheewwan namfakkiilee dubartootaa asoosama “Godaannisaa” haaraa keessatti gama aadaan(safuu), seenaa, hawaasummaa, diinagdeefi siyaasaa akkasumas, gama rakkoolee xiinsammuun akkamiitti ibsame?

2. Namfakkiilee dubartootaa asoosama Afaan Oromoo “Godaannisaa” haaraa keessatti haala

kamiin bocaman?

3. Hariiroo aangoo koornayaa (gender-power relation) asoosama “Godaannisaa” keessatti maal fakkaata?

4. Miidhaan asoosama eerame keessatti namfakkiilee dubartootaa irratti gahe maal maal fa’i?

## 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo ykn guddaan qorannoo kanaa namfakkiileen dubartootaa asoosama Afaan Oromoo“Godaannisa” haareffamee maxxanfame keessatti gama jiruufi jireenyaan aadaan (safuu), seenaa, hawaasumaan, siyaasaafi diinagdee) keessatti qaban xiinxaluun qaaccesseera.

### 1.3.2. Kaayyoo Gooree

Kaayyoon gooree qorannoo kanaa akka armaan gadiiti:

1. Gaheewwan namfakkiilee dubartootaa asoosama Afaan Oromoo “Godaannisa” keessatti gama aadaa (safuu), seenaa, hawaasummaan, diinagdeefi siyaasaan qaban ibsuudha.

2. Namfakkiileen dubartootaa asoosama Afaan Oromoo “Goddaannisaa haareffamee maxxanfame” keessatti haala kamiin akka bocaman ibsuuf.

3. Hariiroo aangoo koorniyaa asoosama ‟Godaannisaa” keessatti maal akka fakkaatu ibsuu.

4. Miidhaan asoosama eerame keessatti namfakkiilee dubartootaa irratti gahe maal maal fa’aa akka ta’e barreessuuf.

## 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon kun kan gaggeeffamuuf gaheewwan namfakkiilee dubartootaa gama hawaasummaatiin, diinagdee, siyaasaa, aadaa (safuu)fi seenaan asoosama “Godaannisaa haareffamee maxxanfame” keessatti qabantu xiinxalameera. Akkasumas, miidhaan sochii koorniyaa keessatti dubartoota irratti raawwatamuufi akkaataan isaan itti asoosama filatame keessatti bocaman ibsuuf qooda qaba jedhameeti yaadama. Hojii ogbarruu tokko qorachuun dhimmoota hawaasa keessa jiraannu beekuufillee nu gargaara.

Dabalataanis, dubartoota addunyaa dhugaa keessatti aangessuun ilaalchi gadi aantummaa qofaan jiru ni xiqqeessa jedhamee waan amanamuuf qorannoon kun akka galtee guddaatti tajaajila. Akkasumas, qorannoon kun qorattoonni biroon ogbarruu Oromoo gama namfakkiilee dubartootatiin jiru akka xiinxalani ni jajjabeessa. Qorannichi xiinxala namfakkiilee dubartootaa asoosama Afaan Oromoo “Godaannisaa” jedhu irratti waan gaggeeffameef dhimmoota namfakkiilee dubartootaan walqabatan

bal'inaan kaafamaniiru. Kanaafuu, barbaachisummaan qorannoo kanaa kallattiidhaan immoo, faayidaalee armaan gadii qaba:

1. Namfakkiilee dubartootaa asoosama "Godaannisaa" keessatti gama jiruufi jireenya Oromoo ibsuu keessatti qaban hawaasa hubachiisuu.

2. Dubbistootas ta'e qorattootaaf hubannoo gadfagoo gama diinagdee, hawaasummaa, aadaafi xiinsammuu miidhaa namfakkiilee dubartootarraan ga'an lafa kaa'uun hubannoo kenna.

3. Namoota gara fuula duraa qorannoo walfakkaatu gaggeessaniif bu'uura ta'a.

4. Barsiisotaafi barattoota Afaan Oromoofi ogbarruuf akka madda ragaatti tajaajila.

5. Asoosamni "Godaannisaa" faayidaa namfakkii dubartootaa calaqqisiisuu irratti qabu waan lafa kaa'uuf barreessitoota Oromoof gama dubartummaa bocuurratti yaada akka kennan gochuuf.

6. Kallattii biraan kitaaba asoosamaa barreessuu qofa osoo hin taane xiinxaluun guddina afaan kanaa keessatti bu'uura buusuu warra barbaadaniif karra bana.

7. Barreessitoonnifi dubbistoonni asoosamaa waraqaa qorannoo kanaa argatanii yoo dubbisan hamma tokko hubannoo ogbarruu ni argatu jedhamee yaadama.

8. Barsiisota Afaan Oroomootiif akka cuuphataatti, barattootaaf immoo akka madda odeeffannootti gargaaruu danda'a.

9. Walumaa galatti, bu'aan qorannoo kanaa guddina afaaniifi ogbarruu Oromootiif tumsa guddaa godha.

## 1.5. Daangaa Qorannichaa

Daangaan qorannoo kanaas asoosama tokko qofarratti xiyyeeffata. Asoosamni kunis immoo "Godaannisa" haareffamee maxxanfamedha. Sababa asoosamni kun filatameefis, dubartummaa gama diinagdee, aadaa, siyaasaafi gama hawaasummaan ibsuun asoosama kana keessaatti akkamitti akka ibsaman ilaaluuf waan ta'eef. Qorannoon kun osoo asoosamoota Afaan Oromoo hedduu irratti osoo gaggeeffame filatamaa ta'a.

Haa ta'u malee, kana gochuuf yeroo bal'aafi maallaqa hedduu barbaada. Kanaafuu, yeroofi maallaqa, akkasumas qorannicha to'atamaa taasisuuf jecha mataduree "Xiinxala Namfakkiilee Dubartootaa Asoosama 'Godaannisaa' Haareffamee Maxxanfame Maxxansa 2ffaa" jedhu irratti daanga'eera.

Sababni isaas, yeroo baay’ee asoosamootaafi kitaabota adda addaa keessatti olaantummaa dhiirotaa olkaasuun dubartoonni akka waan gahee hin qabneetti kaasu.

## 1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorannoo hojjeechuun hojii ulfaataafi yeroo bal’aa kan barbaadudha. Kanaafuu, hojii qorannoo kanaa adeemsisuu keessatti hanqinoonni hedduun jiraachuu ni malu. Keessumaa, qorannooleen namfakkiilee dubartootaa irratti hojjetaman kanneen og-barruun walitti siqeenya qaban akkaataa barbaadamuun dhabuun rakkoo qoratichaa isa guddaa ture. Gama biroon, kitaabonni wabiilee, rakkoon jijjiirraa Afaan tokkorraa gara Afaan birootti, kitaaboleen dhimma kana ilaalchisee qophaahan dhabamuu, hanqinoonni yeroofi qarshii isaan bu’uuraa turan. Kanaafuu, qorannoon kun galma akka gahuuf qoratichi kitaabilee wabii toora marsaalee hawaasaafi sakatta’a adda addaatti fayyadamuun rakkoolee kitaabilee mul’atan furuuf yaaleera.

Gama qorannoolee mata durichaan walitti dhufeenya qabaniinis iddoo adda addaatii walitti fiduun gorsaa waliin ta’uun iyyaafannoo taasisuun akka fala argatu ta’eera. Gama birootiin dhimma yeroofi qarshii waliin wal qabatee hanqinoota jiru furuuf qoratichi hojii idilee isaatiin ala sagantaa baafachuufi qarshii ramadames seeraan fayyadamuun hojii qorannoo kanaa akka galma gahuufi furmaata argatu taasiseera. Walumaagalatti, qorannichi akka fiixaan bahuuf qoratichi wantoota barbaachisan dhiyeessuun hanqinoota jiraniif furmaata kennuun akka galma gahu ta’eera.

## 1.7. Qindaa’ina Qorannichaa

Qorannoon kun xiinxala namfakkiilee dubartootaa asoosamoota Afaan Oromoo keessaa “Godaannisaa” haareffamee maxxanfame jedhu irratti kan xiyyeeffatedha. Qorannoo kanneenis boqonnaalee gurguddoo shan jalatti qoodamee kan qophaa’e yoo ta’u, boqonnaatokko keessatti seenduubee qorannichaa, ka’umsa qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaafi daangaa qorannichaatu dhiyaate. Boqonnaa lammaffaa keessatti immoo sakatta’a barruu, ogbarruufi qorannoolee dubartummaan walitti siqeenya qaban sakatta’amantu dhiyaate. Boqonnaa sadaffaa keessatti maloota xiinxala ogbarruu namfakkilee dubartootaafi qindaa’ina qorannichaati dhiyaate. Boqonnaa afraffaa keessatti immoo, xiinxala ogbarruu namfakkiilee dubartootaatu hafeewwan Asoosama keessaa argamantu dhiyaate. Boqonnaa shanaffaa keessatti goolabaa, argannoofi yaboo qorannichaatu dhiyaate.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

Sakatta'a barruu kana jalatti yaada hayyoonni adda addaa asoosamaafi namfakkiilee dubartootaa ilaalchisee kennantu ilaalame. Kitaaboleen hayyoota adda addaan barreeffaman, qorannoowwaan adda addaa; akkasumas, odeeffannoowwaan toora interneetiirraa argaman haala walfakkeenya mat adurichaan walsimsiisuun xiinxalameera. Haaluma kanaan qoraataan odeeffannoowwan argaman kanneen yaada mataasaas itti kennuun walsimsiiseera. Kanaafuu, boqonnaa kana keessatti mata dureewwan qorannoo kana waliin walitti dhufeenya qabantu akkaataa itti fufuun dhiyaateera.

## 2.1. Ogbarruu

Ogbarruun hojii kalaqaa dhalli namaa addunyaa kanarratti waan itti dhaga'ame ittiin ibsatu,ittiin qeequ, ittiin boqotu, ittiin bashannanu, ittiin duudhaafi haala jiruufi jireenya isaa ittiin ibsatuudha. Ogbarruun ogumaafi dandeettii dhalli namaa ittiin aadaa, duudhaa, falaasamaafi haala jireenya isaa, akkasumas, waan keessoo isaatti dhaga'amu gaddaafi gammachuu qabu kan ittiin ibsatu kalaqa sammuu ilma namaati.

Namni haala keessa jiraatu hunda ogbarruu fayyadamee barreeffamaan ykn afaaniin himuun mul'isuu danda'a. Dandeettiin waa kalaquu sammuu keessatti qooda guddaa qaba. Innis, bareechuun akka namni dubbisu ykn dhaggeeffatu gochuun karaa adda ta'een dhiyeessa. Haala kanaan amala nama bashannansiisuu, barsiisuu, onnachiisuu, kakaasuu, gammachiisuufi kofalchiisuuof keessaa qaba. Ogbarruun ogummaa kalaqqii yookaan waa uumuu ta'ee haala jireenya uummata tokkoo dhalootarraa gara dhalootatti dabasuu dha.

Haala jireenya uummataa kan ibsu keessaa tokko aadaa dha. Aadaan immoo, akkaataa jiruufi jireenya dhala namaa hunda kan of keessatti qabatu yoo ta'u, aadaa nyaataa, hojii, uffataa, sirboota garagaraafi waaqeeffannaa hunda kan of keessatti qabatuu dha.Kanaaf ogbarruun calaqqee jiruufi jireenya ummata tokkooti. Yaada kanas hayyoonni yoo ibsan,

> Ogbarruun oguma kalaqaa, oguma waa uumuu tahee kan muuxannoo jiruu fi jireenyaa keenya haqarratti hundaa'uun ittiin yayyabnu, bu'ureessinuufi akka qabatamutti immoo miidhagsineefi faayessinee ittiin ibsinu. Ogbarruun mala ittiin waan hawaasummaaf bu'aa qabu tokko waliif dabarsinu waan ammo beekumsa ilmaan namaatti waa cobu tokko ittiin walii galaafnu jechuun ibsa. ( Asafaan, 2009:21-22).

Akka yaada armaan olii irraa hubachuun danda'ametti ogbarruun karaa ittiin hawaasni waan keessoo isaa jiru miidheksee, tottolchee dhalootaaf dabarsu ta'uu nama hubachiisa**.** Kanaaf, ogbarruun calaqqee jiruufi jireenya uummata tokkooti. Kana malees, ogbarruun iddoo garaagaraatti kan qoodam an ta'uu hayyoonni garaa garaa ni dubbatu. Fakkeenyaaf, hayyuun Melakneh (2006:6). Maalummaa fi qooddii ogbarruu yoo ibsu: "Many people would agree that literature is words artfully arranged to stimulate feelings and impart understanding. Some would also agree that literature can be grouped in to three genres: fiction, poetry, and drama," jedha.

Akka yaada kanarraa hubannutti, ogbarruun jechoota kalaqa ogummaatiin qindaa'anii miira namaa kakaasuu danda'aniin kan dhiyaatu ta'uu isaa hayyoonni hedduun kan irratti walii galan yoo ta'u, innis asoosama, ogwalaloofi diraamaa jedhamuun dameewwan saditti qoodamuu akka danda'us namoonni hangi tokko kan irratti walii galan ta'uu isaati. Qoqqoodama dameewwan hojii ogbarruu ilaalchisee akka armaan gadiitti taa'ee jira.

> The classification of literary works into different genres has been a major concern of literary theory, which has since then produced a number of different and sometimes even contradictory categories. Among the various attempts to classify literature into genres the triad epic, drama and poetry has proved to be the most common in modern literary criticisms. Because the epic was widely replaced by the new prose form of the novel in the eighteenth century, recent classifications prefer the terms fiction, drama and poetry as designations of the three major literary genres. (Klarer, 2004:9).

Yaada olii irraa akka waliigalaatti kan hubatamu qoqqoodinsa dameewwan ogbarruurratti walmormiin haajiraatu malee, jaarraa 18ffaa as garuu bal'inaan kan fudhatama argachaa dhufe saditti qoodamuu dameewwan ogbarruu yoo ta'u, isaanis: asoosama, diraamaafi walaloodha.

## 2.2. Asoosamaafi Caaculee Isaa

Asoosamni akka afoolaa umurii dheeraa kan qabu osoo hintaane barreeffamaan waan dhiyaatuuf erga sirni barreeffamaa jalqabee kan eegalameedha. Sanyiin ogbarruu barreeffama kun jaarraa 18ffaa keessa beekame jedhamee amanama. Haata'u malee, asoosamni akkuma afoolaa jiruufi jireenya hawaasaa calaqqisiisuusaatiin dubbistootaan jalataama argateera. Asoosamaaf beektonni hiika adda addaa kennaniiru. Yaada kanas hayyoonni yoo ibsan,

> The word fiction comes from the Latin word 'fictio' which means something imagined and invented. In general sense, the word fiction refers to any narrative literature created from the author's imagination rather than from fact. In the specific sense, the word fiction is commonly used to refer to the short story, the novella and the novel. Fiction depicts imaginative representation of reality. It is not dream; nor is it guess work. It is imagining based on fact. (Birhanuun, 2009:29).

Akka ibsa yaada kanaatti jechi “fiction” (asoosama) jedhu kun jecha Laatiin “fictio” jedhurraa kan dhufe yoo ta’u hiikni isaas wanta yaada kalaqa sammuu ta’e tokkodha. Hiikni gooroo isaa hojii kalaqaa barreessaa kan ogbarruu kamiituu yoo ta’u, hiikni gooree jechichaa ammoo asoosama gabaabaa giddu-galeessaafi asoosama dheeraa kan ilaallatudha.

Kanaafuu, asoosamni ogbarruu asoosaan kalaqamee seeneffama dhugaan osoo hin taane yaad uumeen barreeffamudha. Asoosamni kalaqa yaaduumee asoosaa/tuun uumanirraa kan burqu jireenya dhala namaa haala adda addaan walfakkeessuun bocuu kan danda’u garuu, dhugaa kan hin taane hojii kalaqaa ta’uusaa ni hubanna. Asoosamni dhugaa kan hintaaneedha yoo jedhamu jireenya dhugaa namfakkiiwwan ittiin seeneffamee addunyaa dhugaa keessatti dhuguma kan raawwatame yookiin iddoofi barri seenichi itti raawwate akkuma jirutti kan mul’ate miti jechuun ibsa. Asafaan (2009:125). Barreessaan asoosama tokko dhugaa jirurratti hundaa’ee amala, sansaka, hubannoofi namoonni hawaasa keessatti qaban sana namfakkoota uwwisee ergaa kan dubbistootaaf ittiin dabarsinudha. Karaa biroon, yaaduma asoosama kana yoo cimsu,

> Asoosamni argaa-yaada barreessaan kalaqamee suuraa jireenya dhala namaa addunyaa keessatti kaasee kan mul’isudha. Muudannoofi mufannoo namni tokko haala jiruufi jireenyaa keessatti muuxate mul’isuuf, sammuu barreessaa keessatti kalaqamee waraqaarratti mul’ata. Dubbistootni haala sana irraa muuxannoo isaanii yaadatu, jechuun ibsa. (Fedhasaan, 2013:67).

Yaada beektotaa kanarraa kan hubannu asoosamni akaakuu ogbarruu barreessaan tokko gochaalee addunyaa dhugaa keessatti namoota hawaasa keessa jiraataniin raawwatamuu danda’aniin ka’umsa godhatee akka hubannoofi ilaalchasaatti dandeettii kalaquu isaatiin qindeessuudha. Kana malees, asoosamni barreessaan kalaqamee dhimmoota haala jiruufi jireenya saba tokkoo kan akka: aadaa, duudhaa, siyaasdiinagdee, hawaasummaa, amantiifi falasamaa hawaasa tokkoo karaalee firiiwwan asoosamaatiin gargaaramee ergaa dabarsuu barbaade sana kan dhiyeessu ta’uutuu hubatama. Asoosamni bu’aa ba’ii kana walitti qindeessee lubbuu itti godhee haala qabatamaan ija keenya dura dhaabuuf kan humna qabudha.

Asoosamni gaddaafi gammachuu, dhiphinaafi bal’ina, haala siyaasaa, sadarkaa jireenya hawaasaafi kkf agarsiisuun rakkoo jiru kan furu, karaa saaquufi muuxannoo gaarii akka hawaasni walirraa baratuuf kan tajaajiludha. Kanaaf, hayyoonni jireenya keenyaaf fakkiin asoosamni kennu qabatamaa ta’uu isaa dubbatu. Gabaabumatti, asoosamni daawwitii haala jiruufi jireenya hawaasa tokkoo ta’ee, kan barreessaan tokko duraan dursee haala dinagdeefi siyaasaa hawaasa naannoo hubachuun

namfakkiiwwan gochaalee hawaasaa calaqqisiisaaniin fayyadamee akka raawwatan taasisuudhaan kan dhiyeessudha.

Asoosamni gosoota ogbarruu keessaa tokko ta'ee, dhugaa hawaasa keessatti mul'atee, mul'achaa jiruufi mul'achuu danda'u bu'uraa godhatee kalaqa sammuu wajjiin kan dhiyaatudha. Asoosamni ija hayyoota ogbarruutiin hiika garaagaraa qaba. Fakkeenyaaf, asoosamni daawitii jireenya dhala namaati. Asoosamni cita jiruufi jireenyaatifi asoosamni galaana daakamee hinquufamne jechuun akkaataa armaan olii kanaan lafa kaa'aniiru. Asoosamni akaakuuwwan gurguddoo sadii qaba. Isaanis: asoosama gabaabaa ,giddu galeessaafi dheeraa jedhamu. Asoosamni caacculee kanneen akka: jaargocha, namfakkii,waldiddaa, yoomessa,kallattii seeneffamaa (ija), ergaafi kanneen kana fakkaatan qaba.

## 2.3. Namfakkiilee Asoosamaa

Asoosama tokkoof utubaa ta'uun asoosamichi kaayyoo barbaadameef akka oolu kan taasisan miseensota asoosamaati. Miseensota asoosamaa jedhamanii kan beekkaman jargocha, namfakkii, walitti bu'iinsa yookiin wal-diddaa, yoomessa, ergaafi kallattii seenessooti. Haala kana keessattis namfakkilee addunyaa dhugaa kana agarsiisuuf nafayyadu jedhu dhiirotaafi dubartootaaf maqaa garaagaraa moggaasuun dhimma itti baha. Namfakkiin dubartootaa asoosama keessatti haala kamiin akka bareessitoonni dhimma itti bahan irratti yaanni hayyoota garaagaraa dhiyaateera. Bileen (1992) namfakkiiwwaan dubartootaa bakka lamatti hiruu yaalti. Isaanis: dubartoota kaayyoo qabaatanii kan xiinyaada cimaa qabaniifi dubartoota xiinyaada dadhabaa qabanidha. Dubartoota xiinyaada cimaa, kan kaayyoo qaban kanneen jedhaman, kaayyoo isaanii galmaan ga'achuuf guyyaafi galgala carraaqan, ilaalchaafi murtee mataa isaanii qabanidha. Kanneen jaalalleefi maatii isaaniif amanamoo ta'an, rakkoo isaan irra gahu hunda ciminaan keessa darbuun mo'achuu kan danda'anidha.Kanneen kaayyoo dhabeeyyii xiinyaada dadhabaa ta'an immoo, faayidaa guyyaa tokko qofaa ilaaluun salphumatti bitamuu danda'an,kan gara fuula duraatiif yaaduu hindandeenyedha. Kanneen waa'ee maalummaa jireenyaa hinhubanneefi lubbuu mataa isaaniitiin tapha taphatanidha jechuun Bileen (1992) ibsiteetti. Namfakkiin namoota seenaa asoosamaa tokko keessatti qooda fudhatanidha. Namfakkoonni nama yaada yookaan bakka bu'aa, kan asoosessaan uumee daangaa asoosamichaa keessatti rakkinaafi bal'ina adda addaa unachuun sochoosudha.

Akkasumas, namfakkiin hojii kalaqaa ogbarruu keessaatti nama sansaka, umurii, korniyaafi kkf kennuun bakka buufamu ta'uufi namfakkoota muummee seenaa asoosamichaa baatee kan deemuufi

namfakkoota aanteen yeroof mul'atee kan dhabamaa deemu jedhamee qoodamuu kan danda'u ta'uusaa agarsiisa. Asoosessaan namfakkoota uummatu aadaa, duudhaa, seenaafi jiruufi jireeenya hawaasaa asoosamichi keessatti raawwatame bu'uura godhachuun hawaasichattii fakkeesse akka dhugaa hawaasichaa ibsuu danda'utti uummachuun barbaachisaadha.

Taarikuu (2016) namfakkiin akka nama addunyaa dhugaa keessa jiraatu foon uffatee argamu osoo hin ta'iin asoosamicha keessatti gahee guddaa taphata jedhamee itti yaadamuun muuxannoofi arga yaadaa barreessaan asoosamichaa qabuun kan kalaqamudh.

Namfakkoonni jiruufi jireenya namootaa yoomessa asoosamichaa kan lubbuuun turan dhiyeessuu, haaromsuufi ifa taasisuun aadaa barreessaan asoosamichaa qabuun kan kalaqamudha. Namfakkiin jiruufi jireenya namootaa yoomessa asoosamichaa kan lubbuuun turan dhiyeessuu, haaromsuufi ifa taasisuun gadi buusuun, olbaasuun kan mul'isanidha. Akkasumas, namfakkoonni addunyaa asoosamaa keessa jiran akkuma nama isa dhugaa addunyaa kana keessa jiratuu hojii adda addaa kan hojjetan, kan gaddan, kan gammadan, kan jaallatan, kan ajjeesan, kan maraatan, kan maraachisaniifi kan kana fakkaatudha.

Namfakkiileen namoota barreessaan uumamanii seenaa asoosama tokkoo raawwatan yookaan seenaan irratti raawwatamudha. Fedhasaa (2013). Dabalataanis: hayyuun kan biraan akka jedhanitti, namfakkiin addunyaa asoosamaa keessatti foon uffatanii, moggaasni kennamee bakki jireenyaa qophaa'ee, kan socho'an, kan afuura baafatan, kan haasa'an, kan dhugan kan nyaatan, akkuma namoota dhugaan addunyaa kanarra jiraatanii kan jiraatan kan du'an, kan beela'an kan dheebotan, kan wal jaallatankan waljibban, kan gammadan kan gaddan namoota asoosa ma keessa jiraatanidha, jedha.

Namfakkoonni bakkaafi bara asoosamni sun eegalee kan burqan namoota bakkaafi bara sanaa kan bakka bu'an yoo ta'an yaadaa ilaalcha barichaa, aadaafi duudhaa hawaasaa, haala afuuraafi meeshaalee kan calaqqisiisanidha jedha. Akkuma yaada kanarraa hubachuun danda'emetti namfakkoonni addunyaa asoosamaa keessatti kan du'an du'anii, kan jiraatan jiraatanii, kan wal jibban, wal jaallatan, kan wal kabajan,kan gadi bu'an, kan olbahan, walxaxaaa jiruufi jireenya addunyaa kana irrtti kan qooda fudhatanii jiraatan asoosamicha keessatti dhiyaatanidha. Kanaafuu, xiinxala namfakkiilee dubartootaa asoosama Afaan Oromoo "Godaannisaa" haareffamee maxxanfame keessatti mul'atan akkaataa bocama isaanii faaraan ilaaluuf dhimmoota namfakkiilee

gadi-fageenyaan ilaaluudhaan, namfakkiin dubartootaa kun sirnaan bocamuufi bocamuu dhiisuunis jiruufi jireenya uummata Oromoo qixa sirriin ibsuufi dhiisuu isaa agarsiiseera.

### 2.3.1. Maloota Namfakkiileen Ittiin Dhiyaatan

Maalummaafi haala namfakkoonni keessa jiraatan dubbistoota beeksisuuf asoosaa qabxiilee ijoo ta'an lamatu jiru. Isaanis, ibsaafi taasisaadha. Ibsaan kallattiin kan ibsuufi addeessu ta'ee, namfakkichi maal akka fakkatu seenessaan yookiin namfakkiin bukkee dhaabatu sana hima. Gosti mala kanaa yeroo baay'ee qaamaafi qalbii namfakkichaa addeessuun ibsa. Malli dhiheessa taasisaa namfakkichaa gochaan agarsiisa. Amala, dubbii, yaadaafi ilaalcha, namoomaafi namfakkicha ragaa waliin qunnamtii jiru hubachuun ni danda'ama. Zarihuun (1996).

Akkuma namoonni addunyaa dhugaa kana keessa jiraatan haala adda addaarratti hundaa'uun qooduun danda'amu, namfakkoota asoosama keessatti argaman iddoo gara garaatti qoodnee ilaaluu dandeenya. Ulaagaan namfakkoonni ittiin qoodamanis akkaataa namfakkoonni ittiin uumaman, raawwilee qooddattoonni dalagan, seenaa asoosamicha keessaa agarsiifamuu qaban, seenaa asoosamichaa keessatti namfakkoota amala qooddataa qabaniiniifi jireenya qooddattotaa sirriitti kan agarsiifamu yeroo ta'udha. Haaluma kanaan, namfakkoota asoosama tokkoo iddoowwan gurguddoo lamatti qoodamu. Zarihuun (1996). Isaanis:

#### 2.3.1.1. Namfakkiilee Marsaa

Namfakkiileen marsaa kanneen jedhaman namfakkiiwwan biraarraa kan adda isaan taasisan qabxiiwwan jiru. Jireenyi namfakkoota marsaa kallattii adda addaatiin kan kalaqame ta'ee amala walxaxaa kan qabanidha. Namfakkiin marsaa amala armaan oliitti eeramee qaban kunniin bu'aa ba'ii jieenya walxaxaan ta'een kan sakaalaman ta'anii, kaayyoo isaanii galmaan ga'achuudhaaf yommuu tattaafatan gufuu yookaan rakkinni hedduun kan isaan muudatudha. Namfakkiiwwan marsaa waa'ee ilma namaa, waa'ee jireenyaa, waa'ee uumamaa kan raagan ta'nii bifa jireenya adda addaa wajjin walqunnamtii kan qabaniif haala salphaa ta'een eenyummaa isaanii baruun kan hin danda'amnedha.

Kanaafuu fedhii namfakkoota marsaa, ilaalcha isaanii, eenyummaafi maalummaa isaanii haala salphaa ta'een hubachuun rakkisaadha. Namfakkiileen marsaa asoosama tokko keessatti argaman akka fixeensatti yeroo muraasaaf mul'atanii battaluma kan badan miti. Boqonnaalee adda addaa keessatti ni mul'atu. Gochi isaanii yeroo dheeraaf turu. Isaan kunniinis, namfakkii kootamaa/olaanaa jedhamanii waamamu. Isaan keessaa hanga dhumaatti osoo waa'een isaa xiqqoofillee lafa hin taa'iin

hanga dhumaatti kan dhiyaate namfakkiin kootamni dhiira keessaa Abdiisaa yoo ta'u, xiyyeeffannoon qorannoo keenyaa namfakkii dubartootaa waan ta'eef namfakkiilee dubartootaa akkamitti barruu kana keessatti akka dhiyaatan baasanii agarsiisuudha. Fakkeenyaaf, Taliilee yoo fudhanne waa'eenshee barruu sana keessatti namfakkiilee dubartootaa warra biroo caalaa bal'inaan /jalqabaa hanga dhumaatti/ dhiyaateera. Namfakkiin marsaa yeroo hunda namfakkii kootamaa ta'uu ni danda'a. Namfakkiinkootamni garuu yeroo hunda namfakkii marsaa ta'ee argamuu dhiisuu danda'a. Namfakkiin kootamni asoosama tokko keessatti argamu jechuunis, seenaa asoosamichaa irratti boqonnaalee hedduu keessatti argamee akkaataan uumamasaa namfakkiilee diriiraa ta'uu ni danda'a.

### 2.3.1.2. Namfakkiilee Diriiraa

Jireenyi Namfakkii diriiraa kallattii adda addaatiin kan kalaqame miti. Akkuma seenicha keessatti hirmaachuu eegalaniin eenyummaafi maalummaan isaanii ni beekkama. Haala salphaadhaan yaadatamu, amala murtaawaa irra deddeebi'amee mul'atu tokko qabu. Haala yookiin ta'insa adda addaa keessa yeroo seenanis namfakkiiwwan hin jijjiiramnedha. Namfakkiiwwan diriiraan yeroo hunda wanti isaan qabatanii dhiyaatan dhimma haajaa qeenxee tokkorratti kan xiyyeeffatu waan ta'eef dubbistoota hin ajaa'ibsiisu. Dhimmichis kan irra deddeebi'amee mul'atu waan ta'eef kan nama nuffisiisu ta'a. Namfakkiiwwan kunniin yeroo hedduu kan isaan kalaqaman namfakkiiwwan kootamaa /muummee/ dabaluuf, ibsuufi gargaaruuf ta'a. Akka barruu Dhaabaa Wayyeessaatti namfakkiilee diriiroon baay'eetu jiru. Isaanis: Kuulanii, Aadde Duree, Wayinisheet, Raahel, Meeroon/Weejee/, Almaaz/ Haalloofi… kan biroonis seeneffamaniiru

## 2.4. Maalummaa Dubartummaa

Waraqaa qorannoo kana keessatti jecha Afaan Ingiliziin "feminism" jedhu Afaan Oromootiin "dubartoota" jennee fayyadamna. Sababni isaas jechichi jecha dubartii jedhuuf aantummaa waan qabuuf. Kana malees, barruulee adda addaa keessatti namoonni jecha "feminism" jedhu "dubartummaa" jechuun fayyadamaniiru. Fakkeenyaaf, Sa'idaa (2002) fi kitaaba ishee iddoo adda addaa keessatti jecha "feminism" jedhu "dubartummaa" jechuun fayyadamteetti.

Haaluma kanaan beektonni adda addaa dubartummaaf hiika armaan gadii laataniiru. Akka Tashoomaa (2004:53) ibsetti, "Jechi dubartummaa jedhu Afaan Faransaay "feminism" jedhu irraa gara dhuma jaarraa 19ffaa keessa argamuun afaaniifi biyyoota adda addaatti kan tamsa'e; warraaqsa yookiin sochii walitti qabama humnaa kan haala dubartootaa fooyyessuuf qophaa'edha," jedha.

Mbatha (2009:23) akka ibseen immoo, dubartummaan mirga walqixxummaa saal-qunnamtii dubartootaaf deggersa yookiin mirga kennuuf kan dhaabbatudha, jedha. Dubartiin wantoota dhiira waliin gareetti qabdu kanneen akka biyyummaa yookiin sabummaa irratti cunqursaa dhiiraan isaanirra ga'urratti gamtaa'uufi dhiibbaa hundarraa bilisummaa qabaachuu qabu jedha. Akka hayyoonni adda addaa ibsanitti dubartummaan warraaqsa seera hawaasummaa wal qixxummaa koornayaafi bilisummaa dhala namaaf qaama socho'udha, jedhu. Mbatha (2009) fi Terry (2009). Kanamalees,"gaheewwan dubartootaa unkaalee adda addaan ilaalamuu qaba" jedha. Isaanis haala dubartootaa qabeenya ilaalchisee, aangoo dubartoonniifi dhiironni hojii tokko keessatti qaban, haala jireenya dubartii kallattii hundaan qabeenya horachuu keessattiifi oomishuufi walitti dhufeenya qabeenya argachuu keessatti qaban hammata jedha. Mbatha (2009:25) karaa biraan immoo, Terry (2009) irratti galmee jechaa wabeeffachuun, dubartummaan amantaa dubartoonni dhiira waliin mirga walqixaafi carraa walqixa qabaachuu yookiin warraaqsa dubartootaaf mirga walqixa akka argataniif hojjetudha, jedha.

Dubartoonni mirga odeeffannoo gahaa qabaachuun filannoo jireenya isaanii gaggeessuu qabaachuu akka qaban deeggera jedha. Kanaafuu, dubartummaan ilaalcha yookiin amantaa walqixxummaa diinagdee, siyaasaafi hawaasummaa dubartoota sadarkaa addunyaatti aangessuufi olaantummaa dhiiraa hambisuuf kan socho'udha. Dubartummaan ijaarsa diinagdee, hawaasummaafi siyaasaa keessatti dhiirota waliin walqixa gahee isaanii bahuu akka qaban kan ibsudha. Akkasumas, olaantummaa dhiironni gama hundaan: siyaasaan, diinagdeen, hawaasummaaniifi kkf. Walqixa aangessuu keessatti walqixxummaa dubartootaaf kan falmu, carraa hawaasa keessatti qabeenya irratti haqa akka argataniif kan qabsaa'udha jechuun lafa kaa'eera.

## 2.4.1. Gosoota Dubartummaa

Dubartummaan gosoota garaagaraa kan of keessaa qabu yoo ta'u, gosoonni isaanii kunis haala armaan gadiitiin kan kaa'amaniidha.

### 2.4.1.1. Dubartummaa Walabummaa

Yaadni kun yaadiddama raadikaalaa garaagarummaa dhiiraafi dubartii kan uume baayoolojii qofadha yaada jedhu hin fudhatani. Namoonni feemnizimii libeeralii deeggran kun garaagarummaa dhiiraafi dubartii kan fide walitti hidhiinsa hawaas-diinagdeefi aadaadha jedhani mormu, Barker (2008). Feeministoonni libeeralii amanataa libeeraalonni qaban bulisummaan bu'uura waan ta'eef lammii hundaaf kennamuu qaba yaada jedhu fudhachuun, bilisummaa dubartootaaf qabsoo

itti fufani. Haata'u malee, bilisummaa kan argamsiisuuf sirna jiru guutummaa guutuutti jijjiiruutti feeministoonni hinamanani. Feeministoonni libeeraalii, walqixxummaan dubartootaa hawaasa keessatti akka eegamuuf carraan banamee, seerri walqixxummaa dubartootaa hawaasa keessatti eegu ba'uu qaba jedhanii falmu. Haaluma walfakkaatuun, Mackinnon (1987,1991)fi Baker (2008) yemmuu ibsan, galmi feeministoonni libeeraalii kun walqixxummaa dubartootaaf gama hundaan fiduuufi walqixxummaan kunis sirnuma jiru keessatti fooyya'ee hojiitti hiikamuu qaba. Akka yaada feeministoota liibeeraaliitti, walqixxummaan dubartootaa kun olaantummaa dhiirotaa barsiifata jiran jijjiiruuf akkasumas, birmadummaa dubartootaa mirkaneessuuf seera haaraa baasuun fiixaan ba'uu danda'a jedhu. (www. Plato. Stanford.eduj).

## 2.4.1.2. Dubartummaa Maarkistiin

Dubartummaan raadikaalaafi liberaalaawaa malee dubartummaa maarkistii dhiibamuu walqixxummaa dubartootaaf sababa kan ta'u waan biraadha jedhanii amanu.Wekipedia Encyclopidia (www.Welipidia.org) akka ibsutti, feeminizimiin maarkistii dubartoota birmadummaa gonfachiisuuf sirna abbaa qabeenyaa balleessuun yookiin hambisuuurratti kan xiyyeeffatedha. Feeministonni maarkistii dhabamuu, walqixxummaan dubartootaaf sababa buu'uraa kan ta'u sirna bulchiinsa abbaa qabeenyaati jedhu. Sirna kaapitaalizimii keesatti, dubartoonni akkuma dhiirotaa namoota sadarkaa olaanoorra jiran tajaajiluufi fedhii isaanii guutaa waan turaniif walqixxummaan dubartootaa kennamurraan kan ka'e sarbame jedhu. Dhibamuu walqixxummaa dubrtootaaf sababa kan ta'u, sirna kaapitaalizimiidha yaadni jedhu kun yaada feemnistoota maarkistiin burqe miti.

Sararri weebisaayitii, (www. Syl. com) akka ibsutti, feeminizimiin maarkistii yaada/ amantaa Kaalmaarkirraa akka fudhatan ni ibsa. Dhumarratti, yaadiddamoota sadan olitti ibsaman feemnistii raadikaalaa, feeministii liberaalaafi feeministii maarkistii dabalata gaaffii dhimma dubartootaa ilaalchisee yaadiddamoonni garaagaraa akka jiran hubatamuu qaba. Kanneen keessaa, feeminizimii Blaak, feeminizimii structuraalistii, yookaan post moodernistii, feeministii post kolonoyaalizimii, feeminizimii laasbiyaanfi kan kana fakkaatan ni jiru.

## 2.4.1.3. Dubartummaa Aadaadhaan

Dubartummaan aadaadhan uummamni dubartootaa, hawaasaaf baay'ee barbaachisaadha jedha. Yaadiddama kana keessatti dhiiraafi dhalaa gidduu garaagarummaan xiinsammuufi nammummaa bu'uura ta'e akka jiruufi garaagarummaan dubartootaa kunis aadaa qofaa osoo hintaane

uumamumaan isa guddaadha. Yaaxinni kun, garaagarummaa dhiiraafi dhalaa uumamaan qaban kanneen akka laguu arguu, mucaa dahuufi dubartiin dhiirarra garraamii, gara laafettiifi hubattuu haadha maatii, jedhu fudhachuun feeminostoonni aadaa dubartootaa kana addunyaa dhiiraan durfamte keessa seensisuuf gaaffii dhiyeessu.

### 2.4.1.4. Dubartummaa Hawaasummaan

Jireenya dubartii gama hawaasaafi dhuunfaarratti xiyyeeffata. Bilisummaan kan argamuu danda'u gadi qabamuun dubartoota karaa diinagdeefi aadaan jiru yoo dhabamsiifamedha jedhu. Yaada feeminizimii maarkistii, sirna abbaa qabeenyummaa gadi qabamuu dubartootaaf madda jedhu babal'isa. Dubartummaan hawaasummaa keessatti rakkoolee kanneen akka koorniyaa, gosummaafi gartummaa mudateera.

### 2.4.1.5. Dubartummaa Gurraachummaan

Dubartummaan gurraachaa gosummaa, sanyummaafi koorniyaa gidduu walitti hidhannoo guddaa akka jiru falmu. Feeministoonni gurraachaa dubartoonni gurraachi birmadummaa argachuun, namoota hundumaaf bilisummaa akka argamsiisetti amanu. Dubartoonni gurraachi kana jalatti qoodan fakkeenyaaf, Alice Walker eeruun nidanda'ama.

### 2.4.1.6. Dubartummaa Addaan Fo'iinsaan

Gosni dubartummaa kanaa, waa'ee walitti dhufeenya koorniyaa garaagaraa yookaan walitti dhufeenya dhiiraafi dubartii waliin qaban, garaagarummaan koorniyaa dhiiraafi dubartii gidduu jiru kan furamuu danda'u miti, amantaa jedhurraa ka'uun waa'ee walittidhufeenya koorniyaa garaagaru mmaa jiru hindeeggaru. Feeministoonni kun, sochii feeministii dhiironni gahee hinqaban jedhanii yaadu. Faallaa kanaan, feeministoonni dhiiraas ni jiru. Fakkeenyaaf, Debun King myth of feminizim, waa'ee feeministii kanaa, toora interneetii http/www.youtube.com/ watch irratti ibseera.

Feeministoonni hedduun, yaada dhuunfaa kallattii garaagaraatiin yaaduun, faayida qabeessa jedhanii amanu. Wanti irratti xiyyeeffatamuu qabu, walqixxummaa akkamiin fiduun danda'ama yaada jedhudha. Xiyyeeffannoon isaas, ofiif yaaduu, haala darbe yookaan amma jiru irra darbee haala addunyaa keessa jiru leenjii keessaan ilaaluu; mirga kee siif kabachiisuuf. deebisuuf warra tattaaffii taasisan kabajuu yookaan ulfeessuu, mirga keetti fayyadamuu; mirga argatte warra hin argatiniifi dhaloota boriif babarsuu; doggoggorarraa guutummaa guutuutti bilisa namni ta'e hinjiru; garuu, sirniifi falaasamni guutuu nama tasisuu akka danda'u yaadu.

## 2.5. Koorniyaafi Dubartummaa

Akka Mohammed (2011/2012), Be'asley wabeeffachuun yoo ibsu; dubartummaan akka damee guddaa koornayaa yookiin saalaatti ilaalama. Koorniyaan qoodama saalaa uumamaan dhiira yookiin dubara ta'ee/taatee dhalachuu nama tokkootiif kennamudha. Qoqqooddaan saalaa hawaasni sababa hirmaannaa hawaasummaafi hojiin uumamudha. Kun immoo, ifatti dhiirri dhimmoota hawaasumm aafi dubartoonni immoo gola keessaa kan gad-hinbaane akka ta'e mul'isa jedha. Sa'idaan (2002) hayyoota Miller (1993)fi Irene (1990) wabeeffachuun, koorniyaan gara garummaan gahee hojii dhiiraafi dubartii jidduu uumamni isaa seenaa ilma namaa hammayyummaa dura jirurraa ka'ee kan uumame ta'uu isaa ibsiti.

Keessumaa leeccalloo to'achuun, meeshaalee gurguddoofi teekinooloojii ta'uun yookiin to'achuun akkasumas, abbaa taayitaa ta'uun aangoo harkatti qabachuu danda'uun gumaacha guddaa qabu jetti. Yaada wal fakkaatuun, Miller (1993:8) irratti " … control of important resources, including food and territory, access to tools and technology, power and authority, differences from others and paterns of communication have all been considered" jechuun akka ibsan addeessiti Sa'idaan. Akkuma beekamu ilaalchonni gadaantummaa dubartootaa calaqqisiisan dhimma akka addunyaa guutuutti hojiirra oolaa turedha. Haa ta'u malee, maddi isaa maal akka ta'erratti yaanni dhiyaatu walmormis iisaadha.

Yaada kanas, Miller (1993) fi Irene (1990) yeroo ibsan, yaada dhiirri uumamaan cimina qaamaatiin**,** jifataafi harka olaanaa ta'uudhaan dubartoota kan caalu yaadni jedhu mormisiisaa dha. Haa ta'u malee, garaa garummaan koornayaa kun dhimma adamoon waliin walqabatamuun uumaman ta'uu ha yyoonni ni ibsu. Duraan jiruun ilma namaa adamoo waliin kan walqabteefi jiddu galli diinagdees adamoo ta'uusaa ni beekama. Miller (1993:33) yaada kana yeroo ibsu; "…the hunting is the bases for human way of life,an excusively male activity and the centeral economic pursuit*"*jechuun ibsa.

Gama biraatiin, yeroo dubartoonni ija mukaa funaanuun biqiltuu adda addaa dhaabanii maatii isaanii itti kunuunsaniifi humna diinagdee cimsuuf gahee bu'uraa taphatanis ni jira. Miller (1993:33) yaada kana;"women played a centeral economic role, by using tools to obtain and process plan foods" jechuun ibsa. (Sa'idaa, 2002:56). Yaada hafee kanarraa akkuma hubachuun danda'emetti, yaada dhiironni qaamaaniifi ciminaan dubartoota akka caalan kan ibsudha.

Kanaaf, garaa garummaan koornayaa kun umaamuu kan danda'e sababa adamoo ta'uu isaa hayy oonnini ibsu. Dur ilmaan namootaa jiruufi jireenya isaanii kan gaggeessan adamoodhaan ta'uu

isaa kan hubannudha.Kana jechuun dhiironni adamoo adamsuun kan jiraatan yoo ta’u dubartoonni immoo giddu gala diinagdee isaanii qa’ee keessaa biqiltuu dhaabuufi maatii isaanii kunuunsan kan jedhu ibsa. Haata’u malee, dhimmoonni garaagarumma koornayaa uuman kun kan wal nama falmisiisanidha.

## 2.6. Hariiroo Aangoo Koornayaa Oromoo

Sabni tokko seeraafi heera, aadaafi duudhaa ittiin of bulchu qaba. Kanas sirna buulchiinsa isaa keessatti bifa dhala namaa hundumaa walqixa ta’een caasaa hawaasichaa keessatti aangeessee kan tu’atu yoo ta’edha. Hayyuun Dirribii (2012:201) yoo ibsu: sabni Oromoo bara durii jalqabee sirna ittiin of-bulchu qabaachuu isaa ragaa seenaa hedduutu jiraa jedha. Haaluma kanaan uummanni Oromoo haala bulchiinsaa adda addaa sadiin bulaa ture.

Isaanis: 1. Sirna bulchiinsa Dubartii (haadhaa) (Matriachal society)

2. Sirna bulchiinsa Gadaa (Democracy)fi

3. Sirna bulchiinsa Alagaa (colony) dha.

Bu’uuruma kanaan mata-duree qorannoo kanaan kan walitti hidhatu waa’ee sirna bulchiinsa dubartootaa kan afaaniin darbaa dabarsaadhaan dhufe ni ilaalla. Dur utuu uummanni hin qaroomiin bakka hedduutti hawaasa gaggeessaa kan turan dubartoota ta’uu ragaan seenaa ni ibsa.

Yeroo boodaa dhiibbaa dhiirti akka paartiitti gurmaa’e godheen aangoon bulchiinsa dubartootaa irraa fuudhatame. Dhiirtis aangoon kun akka harkaa hin baaneef humnaan, mammaaksaan qorqalbiidhaan fayyadamee dubartii akka dadhabduufi wallaaltuutti ilaalee aangoo qabannaarraa fageesse. Dirribii (2012:202). Akkuma yaada kanarraa hubannutti dubartiin akka waan cimina hinqabneetti dhiironni yeroo ilaalan argina.

Kun immoo dubartoonni yeroo kamiyyuu olaantummaa (aangoo) dhiiraa jala akka jiraatan taasiseera. Keessumattuu, mammaaksonni adda addaa akka dubartiin gatii hin qabneetti yeroo mammaakaman ni argina. Yeroo baay’ee ilaalchi hawaasni dubartootaaf qabu gadi aanaadha, dubartiin akka waan laaftuu taatee, akka waan baay’ee hin hojjenneetti ilaaluun ni jira. Keessumaayyuu dur yaanni akkasii bal’inaan turee jedhu.

Fakkeenyaaf, dur hin jirreen dhalattee gama dhiyaa kanaanii abalu dhiira jechuun haadha manaa kanaanii jedha. Akka yaada armaan olii kanaatti dubartiin gaafa dhalattu akka waan gatii hin qabneetti kan mammaakamee ture. Dabalataan immoo mammaaksonni Oromoo kallattiinis ta’e al-

kallattiin olaantummaa dhiiraa calaqqisiisuun akka dubartoonni gama yaadaan, qaamaaniifi amantaan olaantummaa dhiirotaa qabachuun ofitti amanamummaa hinqabaanne taasiseera. (Jeylan, 2004:33). Haa ta'uyyuu malee, iddoo dubartiin hin jirre jiruun dhala namaa hin bareedu. Dirribiin (2012:202) irratti akka armaan gadiitti ni ibsa. Dur dur seenaa darbaa dabarsaadhaan yookiin oduudhaan kan argate sirni bulchiinsa dubartii Oromoo (bara bulchiinsa haadhaa) mootota dubartii shaniin bulaa akka ture ibsa.

Isaanis: 1.Mootittii Maccaa – Haadha Sonkooroo

2. Mootittii Tuulamaa- Akkoo Manaooyyee
3. Mootittii Ituu – Humbannaa –Moote Qorkee
4. Mootittii Booranaa- Haadha Abanooyyee
5. Mootittii Karrayyuu – Akkoo Manooyyee, jedhamu.

Oromoon Gujii immoo dubartoonni afuur walitti aansanii biyya bulchaa akka turan kan ibsudha. Isaanis: 1. Akkoo Qarooyyee, Garooyyee

2. Akkoo Lasii Lasooyee
3. Akkoo Qadhoo Qasooyyeefi
4. Akkoo Manooyyee, jedhamu.

Garuu miidhaa namarratti hammeessinaan namichi Jaajee Gobbaa jedhamu aangoo dubartii irraa fudhatee jedha. Kanumaan barri bulchiinsa akkoo raawwatee jedha. Dhiirri immoo paartii mormitootaa waan ta'eef waa'ee bulchiinsa dubartootaa hamaa malee gaarii isaanii hin dubbatu. Dubartoonni Oromoo, yeroo aangoo hawaasa ogganuu dhiiraaf dabrsanii kennan mataa deebii aangoo isaanii mirga Siiqqeefi Qanafaa fudhataniiru. Kanaaf Siiqqeefi Qanafaan mallattoo mirga dubartii kabachiisuuf oolanidha jedha. Karaa biroon immoo, Fileen (2016:93) akka ibsutti Siiqqeen dhaabbata mataa isaa danda'e dubartootaan hundeeffamedha. Namoonni tokko tokko dhaabbata Siiqqee akka qaama sirna Gadaa tokkootti kanneen ilaalan yookaan kanneen haala kanaan barreessanis ni jiru.

Haata'u malee, Siiqqeen dhaabbata mirga walqixxummaa dubartoonni amantii, siyaasaa, diinagdeefi maatii isaanii irratti qaban mirkaneessuufi kabachiisuudhaaf, akkasumas, waldhabdee namoota yookaan gareewwan adda addaa jidduu jiru ittiin araara buusuudhaaf mataa isaa danda'ee hundeeffame bu'aa kalaqa sammuu Oromootii jedha. Yaada kanarraa kan nuti hubannu dubartoonni dur utuu qaroominni hin jiraatiin aangoo qabatanii akka bulchaa turan kan ibsudha. Dhiironni immoo hanqina dubartootaa babal'isuun akka isaan aangoo hin qabanne taasiseera. Garuu kan dhiirotaa

immoo yeroo baay'ee iddoo adda addaatti gaarummaa isaaniitu kaafama. Akkasumas, dubartoonni Siiqqee isaanii qabatanii mirga walqixxummaa dubartootaa gama amantaa, siyaasaa, hawasummaafi diinagdee keessatti gahee guddaa akka qabaatan kan ibsudha.

Kanaafuu dubartoonni hariiroo aangoo koorniyaa keessatti gahee guddaa waan qabaniif mirga wal qixa hoogganuu akka qabniifi olaantummaa dhiirotaa hambisuu akka qabamu qabsaa'amuu qaba. Akka Margaan (2016:27) ibsetti dubartummaan ilaalcha yookiin amantaa walqixxummaa diinagdee, siyaasaafi hawaasummaa dubartoota sadarkaa addunyaatti aangessuufi olaantummaa dhiiraa hambisuuf kan socho'udha. Akkasumas, rakkoolee diinagdee, siyaasaafi hawaasummaa dubartootaa hiikuu irratti gahee olaanaa kan qabanidha. Tashoomaan (2013:53) irratti, dubartoonni Oromoo kanneen akka Aster Gannoo, Liidiyaa Dannoofi kan biroon hojii jijjiirraafi walaloo barreessuu keessatti akka gahee guddaa taphatan ibsa. Gama birootiin immoo, Margaan (2016:68) qorannoo isaa keessatti, gaheen namfakkiilee dubartootaa siyaas-diinagdee keessatti iddoo gadaanaa akka qaban ibseera.

Keessumattuu dubartoonni akka caasaa hawaasaatti abbaa qabeenyaa ta'uu hafuun akka hanqinaatti kan ibsamudha. Kun immoo dhiironni akka madda abbaa qabeenyaafi hoggansi isaaniif qofa kennameetti kan ibsamedhaa jedha. Akuuma hafeewwan armaan olii kanarraa hubachuun danda'amutti dubartoonni iddoo adda addaatti gahee olaanaa kan qaban yoo ta'u, kaan immoo dubartoonni siyaas-diinagdee keessatti akka waan gatii hin qabneefi qabeenya hoogganuu hin dandeenyeetti kan ibsamedha. Kanaafuu, dubartoonni gama hawaasummaatiin, diinagdee, siyaasaa, Aadaa (safuu)fi seenaan caasaa hawaasaa keessatti gahee guddaa waan qabaniif dhiirota waliin walqixa aangeffamuu kan qabanidha.

## 2.6.1. Dubartootaafi Sirna Gadaa

Dubartootni qaama hawaasaati. Dhalli namaa dhiiraafi dubartiidhaaf bakka kennuudhaan jiruufi jireenya hawaasummaa isaa itti fufsiisuu keessatti ilaalchi inni qabu garaagarummaa qabaachuu danda'a. Namootni tokko tokko dubartootaaf bakka guddaa yoo kennan kaanimmoo dhiirotaaf bakka guddaa kennu. Haa ta'u malee yeroo baay'ee namootni baay'een dubartootaaf ilaalchi isaan qaban gadi aaanaadha. Jireenya hawaasummaa keessattis akka waan dhiirri hojjetu hojjechuu hindandeenyeetti ilaaluun darbee darbee ni mul'ata. Dirribii (2012)

Yaadolee kanaafi kanaan walfakkaatan dhimmoota dubartootaan walqabatanii jiran irratti hayyoota garaagaraan barreeffame haala armaan gadiin haa ilaallu. Akka Asmerom (1973:3) ibsutti, "The

Gada system contains complex and seemingly anomalous feature that are a major challenges to social scince" jedha. Kunis Sirna Gadaa waan hedduu bal'aa ta'eefi dubartootaaf uifaataa akka ta'eefi qorannoo saayinsii hawaasaa ammayyaatiifuu waan quubsaa ta'e of keessaa qabaachuusaa mul'isa.

Kunis sirni Gadaa qaroominaafi guddina sanyiin namaa karaa hawaasummaa, seera isaa bara dheeraa keessatti argate, sirna raajiidha jedhamee ibsamuu akka danda'utti mul'isuufidha. Sirni Gadaa iddoo addaa addaatti maqaalee garaagaraa qabaachuu ibsuun maqaalee Gadaa Oromoo Maccaa bakka shanitti qooduun ibsa. Isaanis, Birmajii, Horata, Duuloo, Meelbaafi Roobalee jedhamuun akka qoqqoodaman ibsa. Jaarmiyaaleen Gadaa shanan (Birmajii, Horata, Duuloo, Haalchisaafi Roobalee) Oromoo keessatti dubartootni jila addaa addaarratti hirmaachuu malee gahee murtoo kennuu hinqaban. (Dirribii, 2014:12). Dhugaa qabatamaa amma jiruunis tahe durumaan ture yoo ilaalle garuu dubartootni Oromoo jila qophaa'u keessatti waan barbaachisaa tahe hunda raawwachuudhaan jila sana milkeessuu keessatti shoora guddaa qabu.

Haala kanaan walqabsiisuudhaanis: Asmerom (1973:53) yoo ibsu, "Women building a ceremonial pavilion, where the institution of the 'Dabballee' (I) will take place". Yaada kanarraa akka hubachuun danda'amutti, gocha yeroo dhiironni Dabballee Gadaatti seenani keessatti hirmaannaa dubartootni jila qopheessuu keessatti qaban nuuf mirkaneessa. Egaa akka yaada kanarraa hubachuun danda'ametti, dubartootni Oromoo Sirni Gadaa keessatti Abbaa Gadaa, Hayyuu, Abbaa Duulaa yookiin qaama olaanaa ta'anii filatamuu akka hindandeenye mul'isa. Dubartootni jila miidhaksu. Hojiiwwan jilaaf barbaachisan hunda qopheessuun hirmaannaa yookiin jaalala sirnichaaf qaban mul'isu. Ibsootni kun immoo Sirna Gadaa olaantummaa dhiiraa labsa jedhamee akka fudhatamu taasisuu keessatti bakka guddaa qaba. Sirni olaantummaa dhiiraa immoo eessattuu bulchiinsa dhiiraa calaqqisiisuun addunyaa irratti mul'ata. Oromoonis akkuma biyyoota addunyaa keessatti argaman kanneen biroo gocha kana ni qooddata jedhameetu amanama.

### 2.6.2. Dubartootaafi Jiruufi Jireenya Hawaasaa

Akka hayyuun Dirribii Damusee (2014:55) irratti ibsetti, waraanni Oromoo osoo dubartiin Oromoo eebbiftee, itti dhibaafattee, siinqee hulluuqsitee hin geggeessiin sochiif miilla hin fuudhu. Haaluma kanaan dubartootni hedduun bulbula dammaa miilla hoogganaa irratti dhibaasuudhaan haalaan eebbisu. Dubartoonni Oromoo kunis miila hooggantoota waraanaa irratti dhibaasuudhaan eebbisan ibsa. Akka Yaada armaan olii dhihaate kanarraa hubatamutti dubartootni jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti qooda garaagaraa fudhachuu akka danda'aniidha. Egaa walumaa galatti

dubartoota  kabajuun hojii isaaniidhaan walqabateeti malee akkasumaan akka hintaane hubachiiseera.

## 2.7. Dubartummaafi  Ogbarruu

Josephine (1989) akka ibsitutti, qeeqni feeministii akka waliigalaatti, ogbarruufi qeeqa barruu waggoota dheeraaf yaada paatriyaarkii itti fufsiisuuf, tooftaaa akka ture amanu. Muummeen ogbarruuu ofdanda’aafi siyaasa yookiin aadaa hawaasaarraa bilisa kan hintaaneefi waggoota hedduuf aadaa hawaasaaf ilaalcha gadaanaa qaba jedhanii mormu. Ilaalchi yookiin yaadni kun kitaabilee qeeqxota dubartummaa adda addaa kanneeen akka Josephine Donovan, Catherine Belseyfi Jane Moore keessatti ibsamaniiru. Kitaabilee barreessite feminist literary Criticism Exploration of theory and practice (1989) jedhu keesatti, Josephine yaadota feeministii akka itti aanutti ibsiti. Feemnistoonni dubartootni dhugaa jiru utuu hinbeekin ilaalcha yookiin barsiifata dhiiraan hoogganamu akka liqinfamaa turanittti amanu. Bifuma walfakkaatuun, kitaaba Kate Millet, Sexual polotics(1970) jedhu keessatti, Bryson (2003) yemmuu ibsu, akka yaada Keetitti kanneen biroo dabalatee barnoonniifi ogbarruuun qajeelfamoota yookaan soonawwan paatriyaarkii sammuu dhiiraafi dubartii keessatti gadi fageenyaan akka hubatamuuf sababa yookaan karaa guddaadha.

Bu’aa argannoo kanaan, feeministoonni waa’ee ogbarruufi qeeqa-barruu yaada haaraa gabbifachuutti dhufani. Ilaalchi yookaan yaadni ogbarruun akka kuusaa dhugaa hawaasa keessa jiru bilisa kan ta’eefi agarsiistuu dhugaatti fudhatamaa akka ture sun sirrii kan hintaaneefi bakka isaa ogbarruun uumamtee aadaa ta’uusaarraan kan ka’e, miidhaafi ilaalcha hawaasni waliif qabu kan agarsiisudha (Catherinefi Belsely, 1997). Muuxannoofi yaada dubaartootaarratti kan xiyyeeffate erga qeeq-barruun haaraan kun mul’atee, akka faallaatti ilaalamuu nidanda’a. Anderson (1977) yookaan Donovan (1989) sababa kanaaf qeeqa barruu durii akka ta’etti kaa’u.

Kanuma kan dhugoomsu, Cheri Register (1989) ogbarruun durii waa’ee dubartoota gaariifi badaan kan guuteefi akkasumas qeeqa barruun durii barreessitoota dubartootaa akka barreessitootaatti kan hinlakkoofne ta’uu isaa ibseera. Kanaaf, akkuma Toril Moi toora interneetii [www.members. tripod.com] irratti, hiiku qeeqni barruun feemnistii dubbii haasawaa siyaasa ta’e, kan sirna paatiyaarkii mormudha. Akka Sharon Spener toora interneetii irratti ibsetti, qeeqni barruu garaagarummaa kooorniyaan, qomoon, sanyiin, utuu nama addaan hinbaasin, ulagaa bilisa ta’e ogbarruuf kan baasedha jedha. Yaaada beektota lamaan kanarraa hubachuun kan danda‟amu, qeeqni barruun feemnistii kan irratti xiyyeeffate tokkooffaa, haala dubartoonni hojii ogbarruu keessatti mul’atan xiinxaluun; yaadni paatriyaarkii ogbarruu durii keessa jiraachuu isaa adda baasuu;

lammaffaa koorniyaan, qomoon yookaan sanyiin utuu adda hinbaasin ogbarruun nama kamiyyuu akka mul'isuu danda'u karaa agarsiisuudha. Akka Annetteetti (1977) hojiin qeeqa barruu dubartummaa guutummaa guutuutti dhimma tokkorratti dhufeedha. Innis, qeeqa dubartiin barreeffamedha. Qeeqxonni dubartummaa muuraasni yaada Annette yemmuu deeggaran kaan immoo hindeeggarani. Ibsi Annetteen qeeqa ogbarruurratti kan dhimma tokkorratti kan xiyyeeffatedha. Innis, qeeqa barruu dubartootaan barreeffamanidha. Qeeqxonni dubartummaa muuraasni, yaada Annettee kana fudhataniyyuu, kanneen hinfudhannes jiru. Fakkeenyaaf, Ruthven, qeeqni dubartummaa akka hojii dubartii qofaatti fudhatama osoo hinta'iin qeeqa dhiibbaa dubartootarra jiru maqsuuf tattaaffii godhuutti ilaalamuu qaba jedhee falmii dhiyeessa.(www.members. tripod.com]

Annetteefi faana buutonni ishee qeeqa barruu dubartummaa akka dubartoota qofaan barreeffametti ilaalan malee, kitaabileen qeeqa barruu dubarummarrattii dhiiraafi dubartiin barreeffaman hedduun nijiru. Haata'u malee, hojiin kunneen dhimma tokkorratti kan xiyyeeffatan miti. Kanneen keessaa muraasni gahee dubartoonni ogbarruu keessatti qaban madaaluurratti kan fuulleeffatani ta'uu dhiyeessuu yaalu.

## 2.8. Yaaxxina Qorannichaa

### 2.8.1. Yaaxxina Dubartummaa

Yaaxxinni dubartootaa yaaxxinoota jiran keessaa isa tokko.Yaaxxina kana ilaalchisee yaada hayyootni garaagaraafi maddeen interneetii dhiheessan keessaa muraasni haala armaan gadiin dhihaateera:

> The word feminism comes from French word *féminisme* and according to the Cambridge online dictionary the term 'feminism' itself is used to describe a cultural, political or economic movement aiming for equal rights for both women and men. The terms 'feminism' and 'feminist' did not gain widespread meaning use until the 1970s when they started to be used in the public parlance more frequently. (www. Google .com)

Egaa akka yaada armaan olii kanarraa jechi 'feminism' jedhu jecha Afaan Faransaayi kan'feminisme' jedhurraa kan maddeedha. Innis yaada dubartootni dhiirotaan qixa mirga, humnaafi carraa addaa addaa argachuu qabu kan jedhuudha. Kanumaan walqabatees yaada aadaa, siyaasaafi dinagdeedhaan dubartootni dhiirotaan qixa ta'uu qabu ejjennoo jedhu qaba.

> The feminist movement involves sociological and political theories concerning with gender difference issues. British women have started to fight against the oppression during mid 1850s when the first feminists started to advocate their thoughts about inequality to have the same rights and to have the same position in society as men have. (Virginia, 2015:51).

Akka yaada hayyuu kanaatti, sochiin dayeessa dubartummaa dhimmoota hawaasummaafi siyaasaatiin kan walqabatu ta'ee garaagarummaa koorniyaa irratti kan bu'uureffatuudha. Waa'een yaada dubartummaa erga jalqabee kan tureedha. Dubartootni Biriitiish, kan dayeessa kana hojiirra akka ooluuf kan sochii gochuu jalqaban naannoo bara 1850 keessaadha. Egaa akka yaada kanaatti, dubartootni carraa dhiirotaan qixaa argatanii akkuma dhiirotaa hojiitti bobba'uudhaan hojjechuu jalqaban jaarraa kana keessa akka ta'eedha. Bryson (1999:82-83) yammuu ibsuu,"Feminist criticism is concerned with the way in which literature (and other cultural production ) reinforce or undermin the economic, political, social and psychological operation of women," jedha. Yaada hayyuu kanarraa wanti hubannu, ogbarruun, kallattiiwwan siyaasaa, dinagdee, hawaasummaafi gama xiinsammuutiin dubartoota dhiirota waliin yoo walbira qabnee ilaalle gadaantummaan kan ilaalaman ta'uusaati. Kanumatti dabaluun, Bryson (1999:82-83) yaada armaan olii yoo cimsu,

> Feminist criticism is also concerned with less obvious forms of marginalization such as exclusion of women writers from the traditional literary ---Unless the critical or historical point of view is feminist, there is tendency to under represent the contribution of women writers, jedha.

Akka yaada kanaatti yaadxinni qeeqa dubartootaa (feminist criticism), hawaasa waliin jiraatu keessatti ga'ee olaanaa dubartiif akka hin kennamne, dhiiraan walqixa ilaalamuu dhiisuun dubartootaafi qoqqobbii kallattii garaagaraan shamarran mudatu qeequ irratti kan bu'ureffate ta'uu kan ibsedha. Sochii feminizimii keessatti kaayyoon feminizimii inni guddaan sirna olaantummaa dhiirotaa keessatti miidhama hawaasaa aadaa irraan ga'aa tureefi ga'aa jiru ofuma isaaniin akka hubatan kan taasisuufi jijjiiramaaf kan kakaasu, mirga isaaniifi sagalee isaanii akka dhageessisan kan taasisuudha. Sochiin yaaxxina kanaa dubartoota kaayyoo godhachuun, kaka'umsa uumuu, maalummaafi eenyummaa haala jireenya isaanii akka of hubatan sirna olaantummaa sadarkaa hawaas-aadaan murteessuuf falmachuuf, ofuma isaanii akka murteeffatan kan kakaasu hariiroo hawaasaa wajjin qaban murteeffachuu qaban irratti sagalee falmii kan qabuudha.

Egaa qorataanis dhimmi yaaxxina dubartummaan walqabatee xiinxala qorannoo isaa asoosama 'Godaannisaa' haareffamee maxxanfame namfakkiilee dubartootaan gama hawaasummaan, diinagdeen, siyaasaan, aadaafi seenaa akkasumas, rakkoolee dubartootaa gama xiinsammuufi kan

biroon garaagarummaa namfakkii dubartummaa irratti bu'uureffate barreessaan akkamitti akka fayyadame gosoota dubartummaan walitti fiduun haala kana gadiin xiinxaluun qaaccesseera. Gosoota dubartootaa jalatti yaadota ka'anqorataan gara qorannoo isaatti fiduun xiinxala yemmuu gaggeessu yaadoleen dubartummaa irratti ka'an hafee kitaabaa 'Godaannisaa' haareffameen maxxanfame ka'umsa taasisuun akkaataa armaan gadiin qorataan xiinxalamanii dhiyaataniiru.

Dubartummaa walabaa keessatti garaagarummaa dhiiraafi dubartii kan fidu walitti hidhamiinsa hawaas-diinagdeefi aadaadha. Dubartootni diinagdeen qabeenya kan horataniifi sababa qabeenyaan dhiiraan miidhaan irra kan gahu ta'uu, aadaa keessatti immoo dubartootni sirna kan qopheessaniifi ollaa waliin gammaduun hawasummaa waliin dhaabbachuufi wal tumsuu keessatti dhiirarraa adda tahuu isaanii qorataan yaada isaa xiinxaleera.

Dubartummaa Maarkistiin dhiibamuu walqixxummaa dubartootaaf sababa bu'uuraa kan ta'u sirna bulchiinsa abbaa qabeenyaa ykn sirna Kaappitaalizimiidha. Namoonni qabeenya qaban dubartoonni fedha isaanii akka guutaan dhiirota ykn abbootii qabeenyaaf hoteelatti qacaramanii hojjechuun karaa garaa garaa mirgi isaanii kan dhiibamu (sarbamu) ta'uu qorataan xiinxalameera. (www.Welipidia.org)

Dubartummaa aadaadhaan akka yaada kanaatti garaagarummaa kanneen akka laguu arguu, mucaa dahuu, dubartoonni dhiirotarra gara laafeyyii (garraamii) kan ta'aniifi kun uumamaan kan kennameef tahuu qorataanis akkaataa yaada hafee asoosamaan wal bira qabee yemmuu ilaalu dubartoota gara laafeyyii ta'uu, dhiibbaan aadaafi uumamaaan kan irra jiru ta'uufi kun immoo rakkoolee xiinsammuufi rakkoo diinagdee garaa garaaf kan isaan saaxile qorannoo isaa keessatti agarsiiseera.

Dubartummaa hawaasummaa keessatti, dubartiin hawaasummaa keessatti gahee leencaa kan qabdu yoo taatu kun kan cimuu danda'u gad qabamuun dubartootaa gama aadaa, diinagdee yoo hafee dubartoonnis abbaa qabeenyaa keessatti qooda argachuu qaban yoo qabaatan akka ta'e qoratan yaada isaa agarsiiseera. Dubartummaa gurraachummaa ilaalchisee gosummaa, sanyummaafi koorniyaa gidduu walitti hidhamiinsi ilaalchisee akkataa qorataan kallatti isaa ilaaleen sababa gosummaafi sanyumaaf garaagarummaan dhiiraafi dubartii gidduutti kan hin uumamne ta'uu yaada isaa xiinxaleera.

Dubartummaa addaan fo'iinsaa keessatti garaa garummaa koorniyaa dhiiraafi dubartii jidduu jiru kan furamuu danda'u miti. Sababiin isaas sochii feeministii keessatti dhiironni gahee hin qaban ykn

isaan hin ilaallatu jedhu. Yaada kana irratti qorataan irratti waliif hin galu sababiin isaas mirga dubartootaa kabachiisuufi kabajuu keessatti dhiironnis gahee qabu. Mirga dubartootaa kan dhiibaa jiru keessaa tokko dhiira waan tahee kabachiisuu keessatti dubartoonni ka'umsa yoo ta'anis galma gahuu keessatti dhiirra barbaachisaa tahuusaa qorataan xiinxaleera. Walumaa galatti, qorataa waa'ee dubartootaa kan xiinxala gad fagoo taasisee dhimmoota akka wabiitti qorataan qabatee ka'e yaada barreessaan asoosama 'Godaannisaa' haareffamee maxxanfame keessatti ka'an bu'uura taasifachuun yaadicha kan xiinxalamedha.

## 2.9. Sakatta'a Qorannoolee Walfakkaatanii

Gosa ogbarruu keessaa qorannoon kallattii garaagaraatiin asoosama irratti hojjetamee jira. Isaan keessaa qorannoo muraasa fudhachuudhaan qorataan qorannoo adeemsisuu barbaaduufi kan isaa walbira qabee qaawwa yookiin bu'aalee qorannoowwan sakatta'eefi addummaa qorannoon isaa argisiisuudhaaf deemu bakka kanatti ibseera. Akkasumas, Margaa Abbabaa (2016) mata duree "Bakka Bu'iinsa Namfakkiileen Dubartootaa Asoosamoota Afaan Oromoo "Imaanaa Imaltuu"fi "Hiree Galgalaa" Keessatti Gama Jiruufi Jireenyaan (Siyaasaan, Dinagdeefi Hawaasummaan) Qaban Xiinxaluu" jedhuratti kan xiyyeeffate yoo ta'u, qorataan qorannoo kanaa garuu, xiinxala namfakkiilee dubartootaa asoosama Afaan Oromoo Godaannisaa haareffamee maxxanfame xiinxala namfakkiilee dubartummaatiin gama hawaasummaa, siyaasaa, diinagdee aadaa(safuu)fi seenaan xiinxaleera.

Xiinxalli taasifame namfakkiilee dubartummaa irratti bu'uureeffachuun yoo ta'u, asoosama eerame gadi fageenyaan dubbisuudhaan ragaa funaaname, qabxiilee xiyyeeffannoo yaaxxinichaa wajjiin walsimsiisuun xiinxalamee mala qorannoo akkamtaatiin ibsamee jira. Garaagarummaan qorannoo kana waliin qabu immoo xiinxala namfakkii dubartummaa kitaaba asoosamaa "Godaannisaa haareffamee maxxanfame" jedhu irratti xiyyeeffachuu akkaataa barreessaan namfakkii dubartootaa barruu isaa keessatti fayyadame xiinxaluufi gama hawaasummaa, siyaas- diinagdee, seenaafi aadaan, akkasumas rakkoo namfakkii dubartootaa xiinxaluun qaaccessuudha. Garaagarummaan isaas, qorataan qorannoo kanaa hojii dhaababaa wayyeessaa xiinxaluu qaaccessuu ta'ee, kan qorataa jalqabaa irratti hin xiyyeeffanne namfakkilee dubartootaa gama aadaa(safuu)fi seenaan qaawwa jiru baasee agarsiiseera. Waaqumaa Bokkee (2011) mata duree "Xiinxala Asoosamoota "Imaanaa Imaltuu"fi "Imimmaan Haadhaa" Ija Yaaxxina Feeminizimii" jedhuun kan qoratame yoo ta'u, kaayyoon isaas dubartoota kallattii siyaasaan, dinagdeen, hawaasummaan ilaaluu, ciminafi hanqina dubartootaa adaan baasuu, jechootaa barreessitoonni asoosamoota sunneen itti fayyadaman ibsuu yoo ta'u, garaa

garummaan qorannoo kana faana qabu, kitaaba asoosama ‘Godaannisaa haareffamee maxxanfametti fayyadamuudha. Tokkummaan isaa immoo namfakkiilee dubartummaan xiinxaluu isaaniti. Darajjee (2015) mata duree “Xiinxala qooda Namfakkii Dubartootaa Asoosamoota “Imimmaan Haadhaa”fi “Rirriittaa”keessatti garaagarummaafi walitti dhufeenya gama jiruufi jireenyaan asoosamoota lamaan gidduu jiru ija dubartummaa irratti kan xiyyeeffatee ilaaledha. Qorataan qor annoo kanaa garuu, “Xiinxala Namfakkiilee Dubartootaa Asoosama Afaan Oromoo ‘Godaannisaa’ Haareffamee Maxxanfame”xiinxala namfakkiilee dubartummaa ilaaluun xiinxalameera.

Walumaagalatti, kaayyoon qorannoo kanaa, malaawwan barruu addaa addaa asoosama eerame keessatti dhimma itti bahame, qindoominni akkamiin namfakkiin dubartootaa akka ijaarame ilaaluu danda’uufi xiinxala namfakkii dubartummaan gama hundaan maal akka fakkaatu sakatta’uun argisiiseera. Qorannoon kun xiinxala namfakkiilee dubartootaa asoosama ‘Godaannisaa’ haareffamee maxxanfame kan jedhurratti waan xiyyeeffatuuf qorannoowwan kanneen biro kan walfakkaataan tasuma kan hin hojjetamne, barruun asoosama ‘Godaannisa’ haaraa waan maxxanfameef.

Egaa qorataan qorannoowwan ogbarruudhaan walqabsiisuudhaan asoosamoota addaa addaarratti hojjetaman sakatta’ee ilaaluudhaan qorannoowwan bu’aan qorannoo isaanii xiinxalee namfakkiile dubartootaan walqabatu argachuu dhabuu isaarraan kan ka’e addummaa qorannoowwan sakatta’ee fi qaawwa achi keessatti mul’atan qorannoo isaan gargar baasuudhaan argisiiseera.

# BOQONNAA SADII: MALA QORANNICHAA

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon kun “xiinxala namfakkiilee dubartootaa asoosama ‘Godaannisaa’ haarefaamee maxxanfame” jedhu irratti kan gaggeeffamedha. Bu’uuruma kanaan, gosti qorannoo qorataan gargaarame qorannoo akkamtaa yookiin qulqulleeffataati. Akka Creswell (2012:236) ibsetti, qorannoo qulqullinaan gaggeessuuf odeeffannoon kan funaanamu daawwannaa, afgaaffii, dookimantii sakatta’uufi meeshaalee dhag-argee fayyadamuuni jedha. Qorataan kunis kaayyoo isaa irratti hundaa’uun mala kitaabilee asoosamaa namfakkiilee dubartootaa ittiin xiinxalaman mala qorannoo “akkamtaa” jedhu jalatti kan ilaalame xiinxala barruuti filateera.

Addunyaa (2011:11) Yaada kana yoo cimsu, “ciminni qorannoo akkamtaa gaaffiiwwan akkam? Maalif? jedhan kaasuun gadi fageenyan xiinxaluurratti human waan qabuuf, amanuufi hubannoo babal’isuuf haala mijeessuusaati,” jedha. Kanuma ka’umsa godhachuun qoratichis mala akkamtaa fayyadamuun qorannoo kana kan gaggeessedha. Sababni isaas gaaffiin bu’uuraa xiinxala kitaabaa kan galma ga’u akkaataa namfakkiileen addunyaa asoosamaa keessatti qooda qabaniifi addunyaa dhugaa keessatti qooda qabaatan haalaan ibseera. Qabxiilee kanneen mul’isuuf malli xiinxalichaa kan xiyyeeffatu amala, waliigaltee, dhageettiifi haala namfakkiileen kun asoosamicha keessatti mul’isan agarsiiseera.

## 3.2. Madda Ragaalee

Qorannoo kanaaf madda ragaa tokkoffaa kan ta’e asoosama “Godaannisaa” haareffamee maxxanfame kan jedhudha. Asoosamaa kana irra deddeebiin dubbisuun haala kaayyoo qorannoo kana faana walqabateen ilaaluu irratti kan xiyyeeffateefi madda ragaa tokkoffaa kitaaba “Godaannisaa” haareffamee maxxanfame kan fayyadame yoo ta’u, akka madda raga lammaffaatti kitaabilee yaaxxina kana bu’uura godhatanii qophaa’anis sakatta’uun danda’ameera. Bu’uuruma kanaan maddi odeeffannoo qorataan qorannoo kanaa fayyadamuu barbaadu madda raga tokkoffaadha. Innis asoosama Afaan Oromoon “Godaannisaa” haareffamee maxanfame irraatti dhimmoota namfakkiilee dubartootaa ilaalchisee sakatta’iinsaan dubbisuun ragaalee argaman sana xiinxaluun qaaccesseera. Ragaaleen kunneenis, asoosama filatame dhimmoota koorniyaa ilaalchisee amala dhuunfaa namfakkiin dubartootaa calaqqisiisan, keessumaa asoosamichi kan xiinxalamee qaaccessamu

gaheewwan dubartoonni hawaasa, aadaa, seenaa diinagdeefi siyaasa keessatti qabaniifi namfakkiilee dubartootaa walitti fiduun xiinxaluun qaacceessa ija ogumaan ilaaleera. Kun immoo, walitti bu'iinsa namfakkii dubartootaafi dhiiraa, dhiibbaa maatiifi gaa'ela keessatti qabu, dhaabbata haadhummaafi kan kana fakkaatan namfakkiilee dubartootaarratti dhiibbaa geessisanirratti xiyyeeffata. Dabalataan, ragaalee kanneen akka madda odeeffannoo lammaffaas fayyadamuun kitaabolee odeeffannoon irraa fudhataman kan biro sakatta'uun xiinxalameera.

## 3.3. Iddattoofi Iddatteessuu

Irraawwatamtoonni (iddattoon) qorannoo kanaa asoosama Godaannisaa haareffamee maxxanfame kan jedhudha. Kunis mala kaayyeffataatiin kitaabicha irratti xiyyeeffachuun xiinxalameera. Kanaaf uu, qoratichis qorannoo kana gaggeessuuf iddatteessuu keessaa miti carraatti fayyadamuun asoosa ma jiran keessaa "Godaannisa haareffamee maxxanfametu" filatame. Sababni kitaabni kun filatameef: 1ffaa, qorataan ofii isaaf kaayyoo qorannoo isaarratti hundaa'uun barruulee bifa ammayyaa maxxanfaman keessaa kalaqni Dhaabaa wayyeessaa akkaataa qorataan galma na gahuu danda'a jedhee yaadeen filatameera.

2ffaa, qorataan odeeffannoon qorannoo kanaaf barbaachisu kitaabni kun haaraafi bal'atee, itti dabaalamee akkasumas, gama jiruufi jireenyaan rakkoo namfakkiilee dubartootaa barreessaan achi keessaatti bal'inaan waan fayyadamee maxxanseef kaayyoon qorataan qabatee ka'e galmaan kan gahu yaadota keessaa argateera.

3ffaa, asoosama "Godaannisaa haareffamee barreeffame" irratti namfakkiilee dubartootaa kan jedhu xiinxalli kanaan dura waaan hin gaggeeffamneef. Akkasumas, qorannichi gama siyaasaa, aadaa, seenaa, diinagdeefi hawaasummaan akkamitti akka calaqqisiisu bal'inaan qorataan xinxalamuun qaaccesseera.

## 3.4. Mala Funaansa Ragaalee

Qorannoo kana yoo gaggeessu odeeffannoo karaa adda addaatiin funaanameera. Odeeffannoon kun ammo mala ittiin funaanaman qabu. Kana jalatti malawwan funaansa odeeffannoo qorannoo kanaaf hojiirra oolantu ibsame. Akka ያለው (2006:151) ibsutti, "የምርምር ውጤቶች በመረጃ ላይ የተመረኮዙ ናቸው፤ መረጃዎች ደግሞ በመሰብሰቢያ ዘዴዎቹ ላይ።" Bu'aan qorannoo raga funaannameerratti hundaa'a. Akkasumas ragaan immoo meeshaa funaansa ragaatti kan jedhudha. Yaada kana irraa kan hubannu ragaan bu'uura qorannoo ta'uu isaati Haluma kanaan, qorataan qorannoo kanaa maloota

funaansa ragaalee jiran keessaa mala xiinxala barruulee fayyadamee jira. Qorannoon kun xiinxala asoosamaa waan ta'eef, tooftaan funaansa ragaa qorannichaa kitaabilee eereme sakatta'uudhaani. Haalli keessa darbamus dura kitaabilee asoosamaa qorannoon kun irratti gaggeeffamuuf qopheeffame irra deddeebiin dubbisuu, itti aansuun dhimmoota dubartummaa achi keessa jiran kanneen dhimma walfakkaatu qaban kophaa kophaa isaanitti akka dhimma irratti fulleeffataniin qindeeffamaniidha.

Mala xiinxala barruu kanas adeemsa qorataan kun hordofee ragaalee walitti qabatu, odeeffannicha qopheeffaachuun, hafee sana irra deebiin dubbisuun keessoo isaa baruun, qoqqooduu, ibsuufi hiikuuni. Sababiin isaas, mata dureen qorannichaa xiinxala namfakkiilee dubartootaa asoosama "Godaannisa" haareffamee maxxanfame keessatti argaman jechaan ibsameera. Kanaafuu, odeeffa nnoo asoosamakana keessatti argaman sakatta'aan dubbisuun qaaccesseera. Hayyoonni garaa garaa yaada kana yoo cimsan: fakkeenyaaf, Dastaan (2002:101) yaada kana deeggarun yoo ibsu,

> Barreeffamoonni adda addaa akka odeeffannoo qorannootiitti nama fayyadu hedduudha. Isaan keessaa kanneen akka kitaabaa, xalayootaa, gaazexaa barruulee adda addaa, waraqaa ragaa, nagahee, ajandaa qaboo yaa'ii, barreeffama murtii, yaadannoofi kanneen kana fakkaatan ta'uu danda'u. Dookimentoonni kunniin mana kitaabaa yookaan namoota harkatti argamuu danda'u. jedha.

Yaada kanarraa akkuma hubachuun danda'amutti odeeffannoo adda addaa argachuudhaaf wantoonni barreeffamaan jiran kunneen akka meeshaa yookaan madda odeeffannootti nama gargaaruusaati. Kanaafuu, qoratiichiis, kitaaba asoosama "Godaannisaa" kana sakatta'uun yookaan akka madda ragaa tokkooffaatti fayyadamuun qorannicha gaggeessee jira.

## 3.5. Mala Xiinxala Ragaalee

Qoratichi haala ragaan asoosama "Godaannisaa haareffamee maxxanfame" irraa argamuun mala qorannoo akkamtaatti fayyadamee, ragaalee xiinxala barruun argaman kana jechaan ibsa itti kennuun xiinxaleera. Malli qaaccessaa raga yookiin odeeffannoo qorannoo tokkoo kaayyoo ykn gosa qorannichaa irrattihundaa'ee garaagara ta'uu danda'a. Kunis jalqaba odeeffannoo qoranno kanaaf kallattiin barbaachisan asoosama "Godaannisa" duubbisuun adda baasa. Akka hayyuun Addunyaan ( 2011:71) ibsetti, "qaaccessi odeeffannoo akkamtaa keessatti odeeffannicha qopheeffachuun irraa deebi'anii dubbisuun keessoo isaa baruu, qoqqoodu,ibsuufi hiikuun adeemsa qorataan tokko hordofuu qabu keessaa isa muraasa" jedha.

Haaluma kanaan, hafee asoosamaa fudhachuun akkaataa gaaffilee qorannichaa deebisuu danda'aniin qoqqooduun xiinxala adeemsisuudha. Gaaffilee kanneenis, akkaataa kaayyoo qorannichaa galma ga'uu danda'uun odeeffannoo barbaadamu walitti qindeessuun gaggeeffameera. Akkuma jalqaba ibsame, kaayyoon guddaan qorannoo kanaa asoosama 'Godaannisaa' namfakkiilee dubartootaan xiinxaluun qaaccessuudha. Kanaaf, malli xiinxala raga mata duree kanaaf filatamaadha, jedhamee qorataan itti fayyadame mala xiinxala barruuti.

Akka galmaatti kitaaba xiinxaluun qaaccessuun, kitaabicha akkaataa hiika qabeessa ta'een muudannoofi muuxannoo, seenaafi seexaa, akkaataa seeneffamaafi walitti fufiinsa aadaa, haala dhiheenyaafi akkaataa jiruufi jireenya hawaasichaan akkamitti akka barreessan dhiyeesse bifa hiika qabeessa ta'een qindeessuun adda adda baasee kaa'eera. Kana malees asoosamni gama namfakkiilee dubartootaan akkamitti achi keessatti akka dhiyaatu, gama hawaasummaa, siyaasaafi diinagdeen, gama aadaafi safuudhaan kana malees, miidhaa xiinsammuufi qaamaa dhiiraan dubartoota irra qaqqaban akkamitti akka dhiyaatanii mul'atan kan barruu keessatti caqafameefi qabataan addunyaa dhugaa keessa jiru xiinxaluun madaaluu agarsiisudha. Hafee kitaabichaa fayyadamuun qoratichi jechootaafi wantoota asoosamicha keessaa argate akkaragaatti mata dureewwan qoqqoodaman jalatti fakkeenya qabatamaa fudhachuun xiinxaluun qaaccessa adeemsiseera. Dabalataanis, xiinxalichi asoosama "Godaannisa" haareffamee maxxanfame keessatti gaaffilee qorannichaan wal bira qabuun ragaalee sakattaa'aan argaman eenyummaan namfakkiilee dubartootaa xumura xiinxala qorannichaarratti jechaan ibsameera.

# BOQONNAA AFUR: DHIYEESSAAFI XIINXALA RAGAALEE

## 4.1. Cuunfaa Asoosama 'Godaannisaa'

Boqonnaa kana jalatti ragaalee kitaabolee keessaa sakatta'amantu gosa gosaan qooduun kan qaacceffamedha. Haaluma kanaan gaheewwan namfakkoonni dubartootaa gama hawaasummaa, gama diinagdee, gama aadaaa (safuu)fi seenaa, gama siyaasaafi xiinsammuutiin jirantu xiinxalame. Akkasumas, akkaataa bocama namfakkiilee, hariiroo aangoo koorniyaa, miidhaalee namfakkiilee dubartootaa: miidhaa qaamaafi miidhaa xiinsammuutiin jirantu duraa duubaan qaacceffame. Gara qaaccessichaatti osoo hinseeniin dura garuu yaadolee cuunfaa waa'ee asoosama 'Godaannisaa' duraa duubaan dhiyaateera**.**

Asoosamni "Godaannisaa" jedhu, waa'ee namfakkii Abdiisaa Soolaniifi Taliilee Qajeelaa (maatii lamaa) irratti xiyyeeffata. Asoosamicha keessatti namfakkiilee kootamaa ykn muummee kan ta'e Abdiisaa Soolaniidha. Bu'uuruma kanaan asoosamichi Abdiisaa Soolan irraa eegala. Bakki dhaloota isaa Wallagga Lixaa Magaalaa Biilaati. Abbaan isaa waggaa saddeetiifi walakkaatti haadha isaatti dhiisee du'e. Kuulaniin obboleettii isaati. Umuriin ishee waggaa jaha ture. Haatii isaa gadda abbaa isaa erga fixxee osoo hin turiin nama Maannaaloo Balaay jedhamutti heerumte. Innis, mallaaqaan gowwoomsee utuu fira hin mariisisiin walii galtee jara lamaaniin fuudhee, Biilaarraa Najjootti galani. Waggaa kudha-lama waliin jiraatee ijoollee afur irraa horate. Abdiisaafi Kuulaniin waggaa kudhaniif wasiila isaanii Obbo Waltajjii Disaasaa bira jiraatan.

Kuulaniin garuu haadha manaa wasiila ishii waliin waliigaluu waan hin dandeenyeef gara haadha ishii Najjoo galte. Maannaloonis dhugaatii gaafa galuu, haadha ishii waliin walitti qabee arrabsuu, reebuu jalqabe. Gaaf tokko haati Kuulanii aadde Dureen du'aa ga'ii baadiyyaa deemtee waan bulteef, Maannaaloon machaa'ee halkan sa'aati toorba(7:00) irratti gatantaraa mana gahee, Kuulanii humnaan qabee caccabsee ilkaan irraa buusee gudeedee durbummaa ishii irraa fudhate. Kuulaniin erga Abbaa buddeenaan gudeeddiin kun irra gahee namatti bahuu sodaattee biyya sana gadhiiftee badde. Haati ishii dararama kana dhageessee finyoo fudhattee utuu ishiin of fanniftuu namoonni arganii du'arraa ishee oolchan. Abdiisaan barumsa isaa kutaa 12 xumuruun qabxii fidee Yuuniversiitii Haramaayaatti ramadame.

Abdiisaafi Wayinsheet barattoota Yuunivarsiitii Haramayaati. Innis jaalala ishiitiin qabame. Abdiisaan qabsoo dheeraa booda akka ishii jaallatu ibsinaan, "jaalachuufis ta'ee, jaalatamuuf yeroo

hin qabu” jechuun ofirraa deebiste. Taliilee Qajeelaa Godina Buunnoo Beddelleetti dhalatte. Barattuu Yuunivarsiitii Haramayaa waggaa tokkoffaa deemaa jirtu, Abdiisaa Soolan waliin Awutoobisii keessatti wal baran. Taliileen Abdiisaa waliin gaafa wal baran maatii ishiif mucaa hangafaa akka taateefi haati ishii dhukkubsattuu akka taate ibsiteef. Abbaan ishii ba’aa baatee akka isaan jiraachisuufi akka barattee nama taatee isaan gargaartu yeroo hundumaa gorsa. Abdiisaan bifa obbolummaatiin itti dhiyaatee akka gargaaru abdii guddaa keenneef. Adeemsa keessa gaaf tokko utuu waliin daandii jaalalaa irra deemaa jiranii Abdiisaan akka ishii jaallate gochaan itti agarsiise.

Taliileenis kana isarraa waan hin eegneef achumatti isa dhiiftee fiigdee galte. Innis aarii irraa kan ka’e gara Magaalaa Baatee Hoteela Almaaz keessaa hojjettu dhaqee dhugaatii daadhii, farsoo, sijaaraafi qunduftiitti yeroo isaa dabarsaa ture. Guyyaa muraasa booda Taliileen Abdiisaa waamsistee achitti isa dhiiftee galuushee dhiifama erga gaafatteen booda jaalala walirratti dukkaneessan sana ibsuu jalaqaban. Gaaf tokko maallaqa Kuulaniin isaaf ergitee baafachuuf mana baankii deemanii achumaan Dirree dawaa deemanii akka bashannanan waliigalan. Erga magaalaa keessa deemanii daawatanii booda gara Hoteelaa Raahel keessa hojjettu dhaqanii siree qabatan. Abdiisaanis, dhugaatii biiraa isheen dhugdee hin beekne obaasee waan hawwaa ture sana jaalala unachiisuun durbummaa ishii irraa fudhate. Taliileenis of walaaltee yeroo xiqqoo booda of bartee bishaan gaafatte. Abdiisaanis dubartoota hoteelichaa hojjetan cuunfaa burtukaanaa akka fidaniif ajaje. Taliileenis wayyoo mataa koo jette. Dubartiittiin hojjettuu hoteelicha kan taate Raahelis qoy dhufe jettee deemtee bishaaniifi dawaa bowwuu waraqaan martee harka lamaanitti qabattee dhufte hoo’u dawaa mataati ifirra liqimsi jette.

Taliileenis erga liqimsitee booda dhukkubbiin mataa itti wayyaa’e. Isaanis yeroo jalqabaatiif siree bulanii Haramayaatti galuuf qajeelan. Yeroo qajeelan Taliileen kaatee dhaabbattee harka isaa lamaan qabatte. Ishiinis qubeelaa harka isaa jiru akka kennuuf gaafatte jennaan, kenneef. Waadaa jalaalaa akka ta’e ibsiteef. Yeroo muraasa booda waan Taliileen hin beekne tokkotu ishii muudate. Innis dogoggora guyyaa tokkon garaatti akka ishii hafe Abdiisaatti himte. Abdiisaanis mala tokko utuu ishiidhaaf hin kenniin gara magaalaa Baateetti gatee fiigichaan kute. Ishiinis iyyaa duuba utuu fiigduu kuftee buruqxe.

Abdiisaan garuu sammuu isaa miliksuuf mana daadhiifi qundiftuutti halkan sana dabarse.Taliileenis qormaanni waan ishiidhaaf hin guunneef halkan sana uffata ishii guurrattee Yuunivarsiitii gad-dhiiste baate. Torban sadii booda Raahel isheen Dirre dawaa Abdiisaa barbaacha dhufte. Ishiinis Taliileen

akka bira jirtuufi dhukkuubsachaa akka jirtu itti himte. Yeroo bira gahu mana dhiphoo tokko keessatti dhukkubsachaa akka jirtu arge. Ishiinis, Abdiisaadhaan gara maatii akka deemtu himteefi maallaaqa akka dhabde dubbatte. Abdiisaanis gara Haramayaatti deebi'ee, gaafa guyyaa arfaffaatti wayyaa isaa gurguree maallaqa barbaadeefi yeroo achi gahu Taliileen hin jirtu. Innis barbaadee dadhabee gara Yuunivarsiitiitti deebi'e. Guyaan eebba isaa gahee gadda guddaan akka dabarse ibsa. Haata'u malee, utuma inni gadda kana keessa jiruu Wayinsheet jaalala duraan didde amma akka haaressan himteef. Abdiisaanis deebii isaa "abdii hin dhugoomne abjootuun gatii hinqabu, ani isa durii miti, amma qabameera" jechuun ofirraa deebise. Abdiisaanis hanga bakki ramaddii beekamuutti gara maatii isaatti gale maatii dubbisuu barbaade.

Erga maatii isaa hunda dubbisee booda Kuulaniin akka Jimmaa jirtu sababa namoonni wal lolanii isheerratti wal ajjesanii hidhamtee akka turte meeshaa yeroo namoonni walitti bu'an caccabe sana immoo hojjettee akka kaffaltu xalayaa isaa barreessiteen itti himtetti. Innis gara Shaggaritti deebi'ee Dhaabbata Hariiroo Oomisha alaatti ramadamee hojii eegale. Gaaf tokko hiriyyaa isaa nama Tujubaa jedhamu waliin utuu cuunfaa dhugaa jiranii intalli tokko konkolaataa keessaa buutee isa dubbiste. Inni garuu ishii baruu hin dandeenye. "Na hin beektu? Meeroon jedhama" jetteen. Nama Meeroon jedhamtu hin beeku."Mucaa naannoo koo tokko faana walnatti fakkaatte" jedhe. "Eenyu jedhamti?" "Waajee jadhamti." Jedhe. Eyyeen Ishii dhuma. Inni maqaa faaraati. Baadiyyaatti dhalachuun kana bada" jette. Intala biyya isaa waliin guddatanidha. Yeroo hundumaa bilbaila bilbiltiif. Amma intala abbaa qabeenyaa taateetti. Abdiisaadhaan "sin jaaladha" jette. Inni garuu nama eeyummaa isaa gurgure jaalachuu hin barbaanne. Abdiisaan Kuulaniidhaaf akka ishiin iddoo isaa dhuftuuf qarshiifi xalayaa karaa poostaatiin gara Jimmaatti erge.

Kuulaniinis dhuftee dararama keessaa jireenya haaraa waliin jalqabaniiru. Ijoollee obbolaa isaanis hanga ta'e of biratti fuudhanii akka barsiisan waliif galaniiru. Kuulaniinis kaadhimaa (abbaa manaa) argatteetti. Dhumarratti Abdiisaadhaa bilbilli bilbilame jennaan bilbila kaase. "Waajjira Hariiroo Oomisha alaatii? Gooftakoo!" "Eeyye sirriidha". "Obbo Abdiisaa Soolan argadha?" "Eeyye Abdiisaadha" jedheen. Qoy dhufe jettee bilbila kan gurratti cufte, Taliileedha. Balbala biiroo Abdiisaa rukuttee seente. Nagaa gaafattee "nan dhuggattu?" jette. Inni garuu lafatu isaan mare. Na walaltee? Adda ishee qubaan tuqxee "kana hin beektu?" jetteen. Godaannisa adda ishiiti. Mucaa ishii itti agarsiistee "Seenaa Abdiisaa jedhamti" jetteen imimmaan dhangalaasaa. Abdiisaan "ani sammuunkoo nagaa miti" jedhe harka isaa lamaaniin sammuu isaa qabatee. "Tole siifan bilbila".

Mucaa ishee harka qabattee yeroo balbala geessu of duuba garagaltee "Abdii …elaa! Qubeelaan kees jira" quba ishee itti agarsiiste. Akkasiin seenichi goolabame.

## 4.2. Xiinxala Gaheewwan Namfakkiilee Dubartootaa

Mata duree kana jalatti gahee dubartoonni gama hawaasummaan, diinagdee, siyaasaa, aadaa (safuu) fi seenaan qaban maal akka fakkaatutu xiinxaluu qaacceffamee dhiyaateera.

### 4.2.1. Gaheewwan Namfakkiilee Dubartootaa Gama Hawaasummaatiin

Asoosama "Godaannisaa" haareffanee maxxanfame keessatti gaheewwan dubartootaa gama hawaasummaatiin akkaataa armaan gadii kanaan dhiyaateera. Dubartoonni Oromoo jila adda addaa qophaa'u keessatti waan barbaachisaa ta'e hunda raawwachuudhaan jila sana miidhaksuu keessatti gahee isaan ba'an baay'ee olaanaadha. Akkasumas, hirmaannaa isaan hawaasummaa waliif keessatti taasisaniifi maatii keessatti qaban iddoo guddaa kan qabudha. Hawaasa kamiyyuu biratti dubartiin cimtuun kan sirriitti hojjettu, kan abbaa warraa ishii sirriitti qabattu ni jaalatamti. Kanaaf Oromoonis, dubartii cimtuun, "dubartiin utubaa manaati" jechuun mammaaka.

Haaluma kanaan asoosama "Godaannisaa" keessatti gaafa Taliileen dhukkubsatte Raahel kunuunsaa fi gargaarsa guddaa taassiftee turte.

> …Ihii-ajaa'iba! jettee ti, qarqara siree irra Taliilee bira gadi teessee….Abshir ka'i cuunfaa kana if irraa dhugi kaa….Abshir ka'i kaa jette dabaltee, ija ishii gara kootti deebistee dubartitiin …Maqaa isii eenyu je'an? …Taliilee jedheen itti hime. …Eeyissa kee si dhukkube Taliile? Maaloo naa himi kaa.…Ihii mataakoo jette Taliileen…Koottu ol qabikaa aaboo, haa teeyissu. …ofitti hirkisee taa'e. …Hayaa kun kininii mataati. If irraal iqimsi jette. Waraqaa marame sana keessaa dawaa adii firii lama baastee itti kennite.
> Bishaa burcuqqoo sanaan liqimsite. Dhugumayyuu yeroo xinnoo booda dhagni ishii haara galfataa dhufe. (Dhaabaa, 2020:218).

Akkuma warabbii armaan olii kanarraa hubachuun danda'ametti Raahel gahee hawaasummaa keessatti rakkoo Taliileerra gahe hubattee kunuunsa guddaa kanneen akka bishaan, cuunfaa, dawaa bowwuufi Abdiisaan illee itti siqee akka bakkasheen ciiftuu gargaaruun olqabee akka hirkisuu itti himuu qofa osoo hin taane yeroo isheen deeggarsa garaagaraa taasiftee, gahee hawaasummaa ishee yeroosheen bahattu argina.

Itti dabaluunis, gargaarsa hawaasummaa Raahel Taliileef taasifte yeroo qabxiin guutuuf didnaan Yuuniversiitii gad lakkiftee baatu mana ofii boqochiiftee (ciibsitee) Dirree dawaa irraa barbaacha

Abdiisaaf gara Yuunivarsiitii Haramaayaa deemtee walquunnamsiisu ishii hafeen armaan gadii kun ni agarsiisa.

> Abdiisaan si'ii? Jedhe. Dardaraa gurraacha fuula bal'atu tokko fuulatti natti ba'ee waraqaa cittuu tokko natti kennee ofirra deebi'e. Akkas jedha. Abdiisaa Soolan balbala Baateetti barbaadamta jedha.…daddafee tarkanfadhee…yeroon mooraa keessaa gad ba'ee gara mirgaatti milladhu sagalee dubartii keef' jedhun dhaga'e dudduuba kootii. Yeroon gara bitaatti galagalee ilaalu nama ani takkaa hin yaadneti fuulleekoo dhaabbataa jirti. …Dubartii magaala dheertuu san isii mana bunaa Dirree… Haay maal taate saah? … Ajaayiba na wallaaltemoo? naan jette…. Dhiifama Raahel mitii? Ehee kaa akkam nageyaa?... Taliilee arguu feetaa isheetu na erginaanin dhufe bar. Naan jette. …Aduu lixuuf dhihaatte Dirree Dawaa geenye…… (Dhaabaa, 2020:260)

Kun immoo dubartoonni rakkoo hawaasummaa keessatti isaan quunnamu waliif hirmaachuufi furmaata adda addaa akka waliif kennan kan ibsamedha.Gatii kaffalamu hunda kaffaltee Raahel Abdiisaa barbaacha Dirree Dawaa irra Haramaayaa akka deemtee isa fiduun akka walquunnamuun rakkoo ishee mudateef waliin fala akka kaahaniifi gargaaruuf akka ta'e hafee kun ni dubbata.

Walii galatti, dubartoonni yeroo rakkoo waliin dhaabbachuun, wal gargaaranii rakkoo keessaa wal baasuufi walii birmatanii wal deeggaruu keessatti gahee hawaasummaa isaanii sirritti kan bahan tahuu hafeen armaan olii kun ni agarsiisa.

## ➢ Jaalala

Hariroon hawasummaa jaalalaa dhiirriifi dubartoonni qaban hedduudha. Yemmuu kana jennu dhiironniifi dubartoonni waliin malee akka jireenya hawaasummaas ta'ee, uumaa Waaqayyoo eeganii jiraachuu hin dandeenye kan agarsiisuudha. Fakkeenyaaf, jaalala keessatti hariiroon dhiirotaa fi dubartootaa haala ittiin mul'ate waraabbii armaan gadii keessatti taa'ee jira.

> Lamatti haguuggannee dhaabbanne. Bokkaan haroo haraamayaa danfisuu itti fufe. Ani isa dhiiseen dhiiga keessa kootii danfu onnee dhiibee rukkutudhaggeeffadhe. Harka ollataan gatiittii Taliileerran dabarse. Na hin mormine inumaa xiqqoo turtee, harka ishee dugda koo irra dabarsitee na hammatte. Jabeesseen ofitti qabe. Natti hirkatte. Akkamitti akka fuulli keenya walitti garagalan hin beeku. Imimmaan ijawwan ishee guutee ture ennaa gad darbartamee bokkaa fuulashee dhaanaa jirutti makamun arge. (dhaabaa, 2020:186)

Akka waraabbii armaan olii irraa hubachuun danda'amutti jaalala keessatti hariiroon dhiirotaafi dubartootaa olaanaa ta'uu, dubartoonni fedhii keessa isaanii jiru ibsachuuf kan rakkatan ta'uu, kun immoo dhiibbaa qaamaa qofaa osoo hintaanee xiinsammuu illee qabaachuudha.

Dabalataanis, waraabbii armaan olii irraa akka hubachuun danda'amutti, dhiirri tokko jaalala keessatti shamarran tokko filatee jaallachuuf ulaagaalee garaagaraa qabaata. Kunis, kaan amala ilaaluu, kaan immoo, bareedina ilaaluu, kaan Sabummaa, kaan immoo ulaagaa mataa isaa itti baafatee qoree qoratee erga adda baafatee booda walitti dhiyaachuu jaalala keessa wal gachuun osoo hin beekiin yaadaan wal barbaadu dubartoonni jaalala afaaniin ibsachuu yoo dadhaban imimmaaniin kan ibsatan ta'uu, fedhii garaa isaanii kan guuttatan ta'uu hafeen kun mul'isa.

Kanaafuu, waraabbii armaan olii keessatti jaalalli dubbachuun qofa kan ibsamu osoo hin taane, gochaan kan agarsiifamuufi boo'icha imimmaaniin illee kan ibsatamu ta'uu hafee kanarraa nu agarsiisa. Karaa biraa immoo, dubartootni jaalalaaf iddoo qabaatanis garuu sababa kaayyoo ofiif jecha akka jaalala sana tursiisuun yeroo kaayyoo isaanii galmaan gahan immoo, jaalala sana duuba deebi'uun haaromsuu kan fedhan tahuu waan lama altokkotti argachuu jalaalaafi kaayyoo isaanii kana immoo, hafeen armaan gadii ni agarsiisa.

> Wayinisheet "dhiifama" naan jette, qooqa gaabbitiin. Haalakoo fuulakoo irratti argiteetu natti fakkaata. "Walquunnamtiin keenya otuma asuma irratti hin dhaabbatu ta'e natti tola," naanjette. "gaafa jalqaba dubbannee gaaffii jaalalaa na gaafatte sana yaadattaa?" naan jette. "Waanan jedhu dhabeen nan muddame". "Waanan yeroo sana siin jedhe dhiifama siin gaafadhe mitii"? "jaallachuufis jaallatamuuf yeroo hin qabu kanan siin jedhee siin mufachiise mitii dhiifama"? "Amma osoon haa ta'u siin jedhe maal naan jetta?" "yeroo xiqqoo fudhannee itti haa yaadnu" jedhe Abdiisaan .(Dhaabaa, 2020:420)

Waraabbii armaan olii irraa hubachuun akkuma danda'amutti, Wayinisheet jalqaba Abdiisaan jaalala isheen qabamee ishee gaafannaan amma jaallachuufis ta'e, jaallatamuuf yeroo hin qabu jettee, akka deebiste kun jibba isaa qabaattee osoo hin taane dursa kaayyoo baateef milkaassuu akka barbaadde yeroosheen Abdiisaatti dubbattu argina. Booda erge barnoota ishee eebbifamtee jaalala inni kaaseefi ture gara duubaa deebi'uun akka haaromsuu barbaaddu yeroosheen itti himtu hafee kana irraa agarra. Dubartoonni jaalalaan hawaasummaa uumuu sirriitti beekanis, jaalalaaf bakka kan kennan akkaataa galma isaanii irraa hin gufachiifnettiifi kaayyoo isaanii dagachuun tahuu jaalala keessa seenanidha. Kaan isaanii, dursa kaayyoo isaanii akka dursani jaalalli galma isaaniin booda kan dhufu ta'uu gariin immoo kaayyoo dagachuun jaalalaan waliin kan badan tahuu Taliileen fakkeenya hafeen kana keessatti nutti agarsiisa.

## ➢ Haadhummaa

Jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti haati iddoo olaanaa qabdi. Kanumaaf haati utubaa jiruufi jireenya dhala namaa ta'uufi dhaloota itti fufsiisuuf gahee dachaa qabaachuun ishee beekamaadha. Waraabbii armaan gadii keessatti yoo ilaalle gahee haati ilmoo isheef qabdu, ilaalcha isheen qabduuf, miidhama ilmoo isheef hangam akka dhiphattu kan agarsiisuudha. Haaluma kanaan waraabbii armaan gadii keessatti ibsameera.

> Aduun gara dhihaatti aggaamteetti, utuun mana barnootaatii bahuutti jiruu, dubartii fuullii ishee xalaa'ee, ijawwan ishee ciimmaa yaasan, kan rifeensa mataa ishee arriin dhaale tokkoon balbala mooraa mana barnootaa durattin arge. Faara gudunfitee bitaa mirga ilaalti ijawwan ishee boollawwan isaanii keessa gad fagaatan fajajanii ijoollee yaa'aa jiran keessa waa barbaadu. dubartii fuullii ishee xalaa'ee, ijawwan ishee ciimmaa yaasan, kan rifeensa mataa ishee arriin dhaale tokkoon balbala mooraa mana barnootaa durattin arge. dubartii fuullii ishee xalaa'ee, ijawwan ishee ciimmaa yaasan, kan rifeensa mataa ishee arriin dhaale tokkoon balbala mooraa mana barnootaa durattin arge.Yeroon baru garuu nan rifadhe baay'een rifadhe. Qaamatu na rom'e isheen immoo, hamma ani ishee waamuttiyyuu nah in barre yeroo ana ta'uu bartu hidhiwwan ishee ni hollatan…. Utaaleen itti marame. Qaama dafqi itti goggogen suunfadhe. Fooliin ani ijoollummaa kootti beekutu natti dhufe. Imimmaan ishee morma kootti coccobe. Akka na fudhattee galtun barbaadeen ture.

(Dhaabaa, 2020:23)

Hafee armaan olii kanarraa hubachuun akka danda'ametti haati Abdiisaa hawaasummaa haadhummaa keessatti erga maannaaloon gatee deemee ijoollee afur qofaashee osoo guddistuu, osoo rakkoo ulfaataa ijoollee abbaa malee guddiftuu mucaashee Abdiisaa yaaddee mana barumsaa inni baratutti waan nyaatu qabattee akka barbaacha deemte agarsiisa. Kun haati dhabdes, argattees, rakkattees, itti tolees, jireenya hawaasummaa keessatti ilmoo ofii yoo ijaan hin argiin turtu kan yaaddoftu ta'uu, akkanni nama guddaa ta'ee bor gaafa baratee obbolaasaaf akka dabarsuu danda'u gorsaan dabaaltee amaanaa fuuldura isaa kan keesse ta'uu, kaayyoo isaatti akka cichuuf jajjabeessitee kan biraa deemte ta'uu hafee kana irraa hubanna. Walumaa galatti dubartoonni akkam illee rakkatanis waa'ee ijoollee isaaniif yaadda'uuf dudduuba kan hin jenne ta'uufi haguma danda'amaa ta'etti yaadaan qofa osoo hin taane gochaan agarsiisuun gama cimina isaaniiti.

## ➢ Hawaasummaa Gammachuu Keessatti

Jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti gammachuu akkaan barbaachisaa kan ta'eefi karaa garaagaraa kan dhufu danda'a abdiisaa akkuma eebbifamee galee maatii haadha isaafi ijoollee obbolaa isaa kan alagaa Maannaaloo irraa dhalatan erge dubbisee booda Najjoorraa gara mana

wasiila isaa kan yeroo haati isaa isa gattee maannaaloo waliin baddu fuudhee isa barsiise dubbisuuf Biilaatti deebi'e achiittis maatiin Aabbo Waltajjii baay'ee akka gammadanii isatti marmanii isa dhungatan hafee armaan gadii kana irraa argina.

> Akkan eebbifamee galeen amma bakki hojii keenyaa beekamuutti warra na guddisan maatii Aabbo Waltajjii dubbisuun Biilaattin deebi'e, yeroon achi gahu maatiin hundinuu na hammatanii na dhungatanii natti marmanii na dubbisan eebbifamee galuukoof immoo lammata irra deebi'anii na dubbisan.Aadde Margeefi durbiiwwankoo qalbii rarra'een na ilaalaa turan altokkotti fuulli isaanii ifee, gammachuun dudubbachuu jalqaban. "yaa waaq, galatakee kaa! Anoo kana arga hin seene!"jette aadde Margeen harka ishee lamaan ol qabde. (Dhaabaa, 2020:447)

Hafee armaan olii kana irraa hubachuun akka danda'amutti Haati manaa waasila Abdiisaa inni eebbifamee galuu isaatti baay'ee akka gammadaniifi gammachuu isheemmoo waaqa galateeffachuun akka ibsite argina. Sababni isaas eebbifamuu Abdiisaa xiiqiin guddaan akka isaan keessa buleeru agarsiisa. Innis abbaan Abdiisaa sababa alagitichaan laftikoo narraa fuudhamuurra lubbuukoo dhabuu wayya jechuu isaan, inni biroon immoo erga abbaan isaa du'ee haati Abdiisaa ijoollee mana onaatti gattee deemtee rakkoo garaagaraaf saaxilamuu ishee, namoonni immoo, wantoota baayee waan dubbataniif sanarraa kan ka'e aadde Margee xiiqiifi gammachuu ishee wal keessa kan ibsatte ta'uu hafee kanarraa agarra.

Walumaa galatti, dubartoonni xiiqii isaanii bifa gammachuun kan ibsatan ta'uufi osoo ofirra hin mul'isiin tursiisuu gaafa galma sana gahan kan bifa gammachuun agarsiisan tahuu isaanii hafee armaan olii kana irraa mul'ateera,

### 4.2.2. Gaheewwan Namfakkiilee Dubartootaa Gama Diinagdeetiin

Asoosama "Godaannisaa" haareffamee maxxanfame keessatti dubartoonni gama qabeenyaan of danda'anii jiraachuutiin ibsameera. Garaagarummaan gahee hojii dhiiraafi dubartii jidduu uumamni isaa seenaa ilma namaa hammayyummaa dura jirurraa ka'ee kan uumame ta'uus, dubartoonni diinagdeedhaan ofdanda'uu, abbaa qabeenyummaa ta'uu, keessatti gahee guddaa akka taphatan agarsiisa. Kanaafuu, seeneffama Asoosama "Godaannisaa" kana keessatti Meeroon haadha qabeenyaa ta'uun Abdiisaa Soolaniin konkolaataa isheedhaan akka bashannasiiftee bakka affeerraa akka geessaa turte ibsameera. Akkatuma kanaan hafee kana gadiirra akka mul'isutti yeroo Meeroon qabeenyaan of dandeessee ofirra dabartee nama biroofillee dahoo taatu mul'isa.

> Yeroo beellamaa sana utuu ani daqiiqaa illee 5’n hin dhaabbatiin konkolaataa PEGEOT 404 dhufee fuul dura koo gacci jedhe. …Nan rifadhe.‘maaliif akka ta’e hin beeku. Meeroon si’aayinaan baate dhaabatte….Haay jette fuula ishee ibsaa garakootti deemte. Akkam jirta? Jedheen harkakoo itti erge…. …weel amma seeni haa deemnu. Jette. Shittoon konkolaataa sana keessaa mataa koo naanneessuu kajeele. (Dhaabaa, 2020:508)

Akkuma hafee armaan olii kana irraa hubachuun danda’ametti yeroo Meeroon qabeenyaan badhaatuu taatee akka garaa ishiitti konkolaataadhaan bashannantu mul’isa. Kana malees shittoo urgooftuu gatii jabeessa garaa garaan konkolaataa keessatti biifuun (gadhiisuun) konkolaataa namatti toluun haala namatti toluun keessumaa Abdiisaa konkolaataa isheen bashannansiisaa akka turte hafee kana irraa nu hubachiisa. Kun immoo dubartoonni gama diinagdeetiin ofirraa darbanii akka isaan nama birooyyuu gargaaran mul’isa.

Gama biroon immoo Meeroon maallaqa waan qabduuf abdiisaa waliin bakka bashannana geessuun akkanni waan barbaade ajajatee akka nyaatu ykn dhugu hafeen armaan gadii ni mul’isa.

> Eessa akka deemnu utuu natti hin himiin, kan isheen akka qilleensaa kaataa galma Nyaata Finfinnee dhaabdee balbala bantuttan lafan ga’e bare. Nan bu’e. Ammas konkolaataa cuftee irree koo mirgaa qabattee gara manicha nyaataatti na qajeelchite. Keessumsiisaan manichaa dhufee “maal ajajamnu? “Haay … lenee kitfoo,tinnish leb yaalee”, eega jettee animmoo “kalaankalaan,” jedhe.Erga maallaqa nyaataa kaffaltee…. konkolaataa na seenne …Eessa deemnan jedhe....Maali?..si dabbare’? ‘ Har’a pirogiraamiin kan kooti’ jettee, konkolaataa ishee kaastee, mooraa Hotela Giyoon seenne. (Dhaabaa, 2020:513).

Hafee armaan olii kana irratti Meeroon Abdiisaa fudhattee deemuun hoteela bebbeekamoo ta’an geessitee nyaataafi dhugaatii akka affeerte kunis dubartootni qabeenyaan kan of danda’an ofirra darbanii dhiirotaa illee maallaqa isaaniin sossobanii (bitanii) ofitti qabuu kan barbaadan ta’uu agarsiisa. Kunimmoo, yeroo baay’ee dhiirotaan kan rawwatamu ta’us, dubartoonnis gama isaaniin akkuma dhiirotaa ofirra darbanii dhiirota waliin bashannanuufi nyaatanii dhuguu jaallachuu qofa osoo hin taane maallaqas kan baasan tahuu mul’isa. Kanaafuu, gama qabeenyaatiin (diinagdeetiin) dubartoonni akka ofdanda’anii jiraataniifi ofirra darbanii kan biroollee kan gargaaran ta’uu ciminni isaanii Asoosama kana keessatti eerameera.

Karaa biraatiin immoo, asoosamuma kana keessatti dubartoonni abbaa qabeenyaatti hirkatanii hoteela keessaa yeroo hojjetaniifi achittis qaama isaanii gurgurataa kan jirataan ta’uu hafeen armaan gadii ni agarsiisa.

> "Ol kahii, fuula ofirraa dhiqadhu kaa, saah!" naan jette. ….Maal taate? …"Hoomaa." ... "Si dhukkubee?" …..Lakki. "Maaliif jette?"…Halkan darbe maal ahaa bulte wayii ni dagattee, saah?...."Na ga'a, amma nan deema,"jedheen ka'ee dhaabadhe. ..Gatii siree hin kennine …Meeqa? …Qarshii habbaa shan kaa. Lakkaa'een itti kenne. …..kan koos fidikaa jette yeroon deemuuf fuulduratti tarkaanfadhu. …kankee immoo maal inni?...Ajaa'iba! ...aboo, kan waliin bulte illee hinbeektuu?qarshii kudhan baasee itti darbadheen akka nama waa hatee baqatuu ba'ee kute. (Dhaabaa, 2020:171)

Hafee kanarraa akkuma hubachuun danda'ametti dubartoonni diinagdee barbaachaaf jecha eenyummaa (qaama) isaanii gurgurachuun akka jiraatan ibsameera. Almaaz hojjettuu mana bunaa taatee akka qacaramte, waan hojjettu sana biratti qaama ofii gurgurtee diinagdeen jireenya ishee akka tumsitu agarsiisa. Kanaafuu dubartoonni maallaqaaf jedhanii akka qaama isaanii irratti miidhaa geessisaniifi hirkattummaan akka jiraatan hafee kanarraa hubachuun danda'ameera.

Gama biroodhaan immoo, Kuulaniin Obboleessa ishee Abdiisaa akka maallaqaan deeggaraa turte, maallaqni kun immoo mana bunaa keessatti qaama ofii gurgurtee akka ergaafii jirtu hafeen armaan gadii ni agarsiisa.

> Maqaakoo tarree maqaalee maxxanfame keessa jira.Hojjetan kutaa sana kaardii eenyummaakoo fudhee ilaalee, xalayicha baasee natti kenne. Poostaa adii qarqarri isaa halluun dibamaadha. Afaan Amaaraatiin barreeffame dafee poosticha gamtokkoon baqaqseen xalayaa keessa isaa jiru harkiseen baase. Iddoo lamatti dacha'ee jira, xalayichi. Alli isaa barreeffama hin qabu. "xalayicha diriirsee yeroon gargar saaqu maallaqni abbaa qarshii kudhanii afurtu keessa jira," jedhe Abdiisaan. (Dhaabaa, 2020:176).

Hafee kana irraa kan hubannu kuulaniin mana bunaa keessa kan hojjettuufi achittis qaama ofii gurgurtee obboleessa isheef gargaarsa maallaqaa akka goote dubartootni hirkatoo ta'anii osoo jiranuu nama biroof kan dhiphataniifi yaadan ta'uu hafeen kun ni agarsiisa.

Ittuma dabalee, dubartoonni rakkoo hammaataa kam keessa jiraataniyyuu qabeenyaan hirkatoo yoo ta'anis, kan ofiifi namoota biroollee gargaaran ta'uu isaanii hubachiisa. kuulaniin obboleessi ishee sababa rakkoo maallaqaan barnoota isaarraa akka hin dogoggorreef yeroo isheen maallaqaan deeggartu hafee armaan gadii kun ni agarsiisa.

> "Mana poostaa deemeen yemmuun xalayaa fudhachuuf gaafadhu hojjetaan mana poostichaa cittuu waraqaa xiqqoo tokko nagahee baankiidhaa maallaqa ittiin baafatani fudhadheen Taliilee harka qabadheen mana baankii magaalaa haramaayaa deeme hojjetaan mana baankichaa dargaggeessa magaala dheeraa, suufii gurraacha uffata. erga

> nagahee na harkaa fuudhee ilaalee, booda eenyutu siif erge Kuulanii Soolan nan mallatteesse qarshii 120 natti kenne.” Jedhe abdiisaan. (Dhhaabaa, 2020: 203).

Yaada hafee armaan olii kanarraa akka hubannutti Kuulaniinis rakkoolee xiinsammuu garaagaraan marfamtee jiraattus qaama ishee gurgurtee dinagdeen ofiin of jiraachisaa obboleessa ishee isa baratullee sababa rakkoo diinagdeen barnoota isaarraa akka duubatti hin deebine deeggartee kaayyoo isaatti akka cichu taasisteetti. Dubartoonni diinagdeen hirkatoo ta’anii osoo jiranuu namoota biroo kan gargaaran ta’uu hafee kana oliirra ni agarsiisa.

### 4.2.3. Gaheewwan Nafakkiilee Dubartootaa Gama Siyaasaatiin

Qabxiin inni biraa gaheewwan dubartootaan wal-qabatee qaaccessa kana jala jiru hirmaannaa dubartoonni gama siyaasaa keessatti qaban kan ibsudha. Bu’uuruma kanaan gaheen namfakkiilee dubartootaa asoosama “Godaannisaa” keessatti hirmaannaa gama siyaasaan qaban ifa bahee hin mul’atu. Aadaa Oromoo keessatti, waraanni Oromoo osoo dubartiin eebbistee itti dhibaaftee, siinqee hulluuqsistee, ililliin hin gaggeessiin sochiif miilla hin fudhatatan. Asoosama kana keessattis garuu, dubartiin alkallattiin yeroo isaan mataa isaanii siyaasa jala miliqsuuf eenyummaa isaanii dhoksantu mul’ata malee kallattiin keessatti hin hirmaanne. Seeneffama asoosama “Godaannisaa” keessatti dubartoonni siyaasa bara sanaa jalaa miliquuf jecha maqaa isaanii isa ganamaa yeroo jijjiiran kana malees, hiriira guddicha yuuniversiitii Haramaayaa keessatti gaggeefame keessatti gaheen dubartootaa kan hin mul’anne ta’uu argina.

Kana jechuun immoo, siyaasa keessatti gahee isaanii bahan osoo hin ta’iin, of dhoksanii jirachuuf yeroo isaan miliqan argina. Hafeen kana gadii akka agarsiisutti Almaaz sababa hojii qacaramuuf jettee maqaashee dhalootaa akka jijjiirte kun immoo, dhiibbaa siyaasaa yeroo sanaa uummata oromoo maqaa oromoo qabannaan hojii qacaramuuf illee kan hin eeyyamamneef tahuu hafeen armaan gadii agarsiisa.

> Dubartii dheertuu mana daadhii ani dhaquu baay’ise sana keessumsiistu. Almaaz jedhu, ishee arguun ajaayiba natti hin taane, urgaa shittoosheen dursee beekeen ture. Maqaan dhaloota ishee Halloo akka ture gaaf tokko natti himteetti. …..Maaliif maqaa dhaloota kee jijjiirte? Jedhee gaafannaan,‘maqaan Haalloo jedhu mana dhugaatiifi hoteela keessatti hin hojjetu. Mana bunaa seenuufan maqaa kiyya jijjiire,‘inni isheen jette yeroo hunda na dinqa….. (Dhaabaa, 2020: 170).

Akka hafee armaan olii kana irraa hubachuun danada’ametti dubartoonni siyaasa bara sanaa jalaa miliquun yeroo isaan jiraatan argina. Bu’uuruma kanaan Almaaz sababa hojiitiif argachuu jecha

yeroo ishiin maqaa ishee jijjiirrattu argina. Yeroo sana keessa maqaan Afaan Oromootiin bahe olaantummaa siyaasa bara sanaaf jecha akka fudhatama hin qabne hubanna. Kun immoo, sirni siyaasaa yeroo sanaa dubartoota Oromoo irratti dhiibbaa akka geessisaa ture hojii keessatti qacaramuufis ta'ee, bilisummaan jiraachuuf eenyummaa ofii dhiisanii (dhoksanii) kan biro jala of seensuun akka jiraataa turan agarsiisa. Meeroon ammayyummaafi abshalummaa itti fakkaatee, maqaa Oromoo yoo qabaatte akka doofaa taatetti of lakka'uun eenyummaa, moggaasa maqaafi afaan sabichaa fayyadamuun akka faarummaatti ykn doofummaatti ilaalu ishee kunis dhiibbaa siyaasa bara sanaa yoo Oromoo taate akka doofaatti ilaalamuu baqachuuf akka ta'e hafeen kana gadii ni agarsiisa.

> Meeroon yeroo maqaa ishii akka jijjirte ibsitu hubanna.'..Abdiisaadha mitii ati? Wal hin beeknu? jette….dhiifama naaf godhi beekuu hin dandeenye.'Meeroon' jette.…Meeroon… Meeroon…Meeroon…' maali?…Lakkii nama Meeroon jedhamu kanaan dura nama ani beeku hin qabu. Garuu fuulli kee intala ani naannoo dhalootakootti wajjiin gu ddadhe tokko fakkaata. …Eenyu jedhamti? ...Weejeen jedhe. ….Intalittiin illee anuma. … Gin' amma maqaan koo Weejee miti.…Lawwaxadheera!'maqaankoo Meeroon! Soorii!. …'gin Abdiisaa, hamma kana …irsit' na gootaa? ( Dhaabaa, 2020: 460)

Akka hafee armaan olii kana irraa hubachuun danada'ametti dubartoonni siyaasa bara sanaa jalaa miliquuf yeroo isaan jiraatan argina. Akkasumas, hafee kana keessatti Meeroonis maqaa akka duudhaafi aadaa Oromootti ishiidhaaf bahe akka jijjiirte hubanna. Kunis dubartoonni bara sana keessa maqaa sana baatanii yoo deeman akka gadaantummaafi doofummaatti waan of ilaalaniif. Kun immoo dhiibbaa siyaasni bara sanaa maqaa oromoo qofa osoo hin taane Oromoollee dhiibaa akka ture hafeen kun ni agarsiisa. Dubartoonni dhiibbaa siyaasaa jalaa miliquun eenyummaa saba biroo keessa of dhoksuu ykn baqachuuf maqaa, eenyummaa, duudhaa, aadaafi afaan isaanii akka jijjiirratanii jiraatan mul'isa.

Gama birootiin Yuuniversiitii Haramaayaa Keessatti yeroo hiriirri guddaan gaggeefamee, barattoo nni dhaadannoo garaa garaa yommuu dhageessisan akkasumas, yeroo barattoonni loltummaa fo'aman gaheen dubartootaa kan hin mul'anne ta'uullee hubanna.

> Barattoonni maqaan tarreeffame walumaa galatti 36 waajjira paartii hojjettoota Itoophiyaatti….waan barbaadamtaniif Kamisa waaree booda sa'a 5 irratti kutaa waajjira pirezidaantiitti akka argamtan cimsinee hubachiifna, ka jedhutu barreeffamee jira. …Tajaajila loltummaa biyyaalessaaf barattoota fo'aman ta'uun bare.(Dhaabaa, 2020: 395).

Akka hafee kanaatti dubartoonni siyaasa keessatti dhiira keessa kan dhokatan malee gahee isaanii bahee kan hin mul'anne ta'uu isaa kan agarsiisudha. Keessumaa hiriira irratti hirmaachuus ta'ee, loltummaaf fo'amuu keessattis, dhaadannoo dhageessisuu keessattillee gaheen dubartootaa hin

mul’atu sababa dhiibbaa siyaasaan illee dubartoonni barnoota addaan kutanii bahuu keessatti illee hin hirmaanne. Egaa dubartoonni hirmaannaa isaan dhimmoota siyaasaa keessatti taasisan baay’ee kan hin mul’atne ta’uufi kanuma dhiirotaa keessa kan of dhoksan ta’uu hafeen kun ni agarsiisa. Walumaagalatti dubartoonni siyaasa keessatti kallattiin gahee isaanii yoo bahuu baataniyyuu al-kallattiin siyaasa jalaa miliquuf tattaaffiin isaan taassisan akka ciminaatti kan ilaalamudha.

### 4.2.4. Gaheewwan Namfakkiilee Dubartootaa Gama Aadaa (Safuutiin)

Asoosama ‘Godaannisaa’ keessatti gaheen namfakkiilee dubartootaa gama aadaafi safuu hawaasichaatiin akkamitti akka dhiyaate qorataan akka armaan gadiin dhiyeesseera.

> Eebbifamee galuu mucaashee yoo dhageessu waan qabduuf waan gadhiiftu wallaalte. Akka nama machaa’ee taate. Lafatti kuftee hirqinfattee boo’uun, achii kaatee hanga namni dhaga’ee itti birmatuutti ililleedhaan lafa sochoofte haati Abdiisaa sirna qopheessiteef maallaqa liqeeffattee farsoo naqxee, cidha gammachuu qopheessitee ollaafi firri harka fuudhaa itti yaa’e. (Dhaabaa, 2020: 442).

Hafeen kana irraa akka aadaatti yeroo namni eebbifamu gammaduun, sirni garaa garaa kan qopheeffamu ta’uu ililchuun firriifi ollaan waliitti yaa’uun harka walfuuchuun waliin gammaduun nyaataafi dhugaatii qophaa’e kana dhamdhamuun namni ammuma dandeetti isaa harkaa fuudhaa kan walii kennu ta’uu isaa hubachiiseera. Dubartoonni akka aadaatti yeroo namni eebbifamu, yeroo cidhaa, yeroo duulaanii ajjeesanii galan sirna kan qoheessaniifi ollaan, firri irratti argamuun gammachuu sana qooddatu. Kanarraa kan hubannu dubartoonni akka aadaatti sirna kan qopheessaniifi aadaa hawaasichaan beekanii kan agarsiisanidha.

Gama biroon, dubartoonni aadaafi safuu beekanis itti fayyadamuufi eeganii tursiisuun labata haaraaf dabarsuu(dhalchisuu) keessatti gaheen isaanii kan hin bahanne tahuu hafeen kana gadii ni agarsiisa. Kanaafuu, dubartoonni abbaan manaa irraa du’e akka aadaatti, akka ijoolleen hin rakkanneef jifuutu fuudha, obboleessa abbaa manaa, ilmaan wasiillanii ykn firaa dhiyootu bulchee qe’ee qabata. Kunis, akka ijoolleen hin facaaneef, hin rakkanneef, barumsa akka hin dhabneef eega. Aadde Dureen garuu, osoo nama fira ishee ykn fira abbaa manaashee osoo hin mariisisiin nama eenyummaan isaa hin beekamne alagticha hojii barbaachaaf kaabaa dhufe jaallattee, ulfooftee aadaafi safuu hawaasichaa cabsuun kan isa waliin badde tahuu barruu asoosamaa Dhaabaa kana gadii keessatti mul’isameera.

> Aadde Dureen garuu, yeroo abbaan warraa ishee du'ee osoo hin turiin akka tasaa Maannaaloof ulfoofte, kun immoo firoota ishee hunda rifaasise. Firri hundi mana ishee lagatan Abdiisaafi Kuulanii manatti dhiistee dhokattee Biilaadha baddee Najjootti galte. Utuu fira hin eeyyamsiisiin seeraa aadaa /safuu/ hawaasaa diigde. (Dhaabaa, 2020: 19).

Maannaaloon nama maalummaan isaa hin beekamne, hojii barbaachaaf kaaba irraa gara naannoo sanaa akka dhufeefi ishee dhaaluuf illee aadaan hawaasichaa akka hin kennineef ykn kan hin eeyyamnee ta'us, aadde Dureen fageessanii yaaduu dadhabuufi murtoo gad fagoo kennuurra murtoo battalaafi ariitiin murteessuun gaabbii lammata keessaa bahuu hin dandeenye keessatti yeroosheen kuftu agarra. Aadde Dureenis murtee battalaa kan xinxala gadfagoo hin qabne waan kenniteef, dhumarratti akka firaa abbaa manaafi firoota isheerraa cittee booda rakkoon gurguddaa isheefi ijoolleesheerra akka gahe hafee asoosama kanarra hubanna.

Hafee tokkoffaa keessatti dubartoonni jila /sirna/ garaa garaa akka aadaatti qopheessanii gammaduun, ililchuun, gaddaafi madaa garaa isaan keessa ture yoo irraanfatani argina. Dubartoonni waan bor dhufu fageessanii ilaaluun kan hanqatu ta'uu kanarraa kan ka'ees, aadaafi safuu hawaasichaaf illee dhimma kan hin qabne ta'uu hafeen kun ni mul'isa.

Gama biroon, hafee lammaaffaa keessatti immoo dubartoonni murtii ariitiifi itti hin yaadamne yeroo murteessanii aadaa (safuu) hawaasichaa cabsan argina akka aadaatti yeroo abbaa manaashee du'u firri abbaa manaa dhaaluun qe'ee, qabeenyiifi ijoolleen akka hin facaanee osoo gochuu dand eessuu murtee battalaan aadaafi barsiifata Oromoon qabu illee cabsuufi dagachuun ijoollee facaaftee maannaaloo nama maalummaan isaa hin beekamne faana baduu firootasheefii firoottan abbaa manaasheerraa cituu aadde Duree agarra. Kun immoo dubartoonni yeroo isaan yaada isaanii irraa kaka'uun aadaa hawaasichaa sanallee dagachuu, gama biroon safuu cabsuun alagtichatti heerumuun ofiifi maatii (ijoollee) ofii yeroo rakkoorra buusan hafeen kun agarsiisa.Dabalataan, dubartoonni aadaa eeganii tursuutti hanqinni akka jiru akka aadaatti abbaa manaa ofiifillee amanamuu dadhabuun bakkeetti sagaagalanii galuun namfakkii dubartoota biratti mul'ata. Aadde Koonniseen Osoo abbaa manaa qabduu nama biraa waliin akka ciiste hafeen kana gadii ni agarsiisa.

> Aadde Koonniseen Haati mana Aabbo Saattaa laga qoraaniitti Qeesicha Abbaatee waliin ciiste.…Abbaatee…Masqalii dhungadhu jettanii akkas na gootuu I'hi! …maal taatan abbaatee?... I' hi… I' hi… kun gaarii miti. … maaloo abbaatee maa gad na dhiisaa! …abbaatee!... Abbaateetu irra ciisee oliif gadi wixxifata. Miillaawwan ishee Mudhii saa gamaafi gamanaa ol ka'anii akka muka dhaanquu dhaabbatan qofan arge. (Dhaabaa, 2020: 15).

Hafee kana irraa akka hubannutti Aadde koonniseen Abbaa manaa sooressa osoo qabduu akka aadaattilee jifuu (waarsaa) waliin osoo hin taane barsiisaa  amantii (Qeesii)n alagaan maalummaan isaa hin beekamne amantii itti fakkeessuun kan itti siqee, dirqiin qabamtus osoo diduu dandeessuu amanamummaa abbaa manaa isheef qabdu gatteetti. Osoo abbaan manaa mana jiruu bakkeetti sagaagalte waan ta'eef  Safuu ykn Aadaa hawaasichaa cabsiteetti.

Kanaafuu dubartoonni Aadaafi safuu hawaasichaa hanga ta'e beekuuf yaalanis safuu cabsuu keessatti qaawwii bal'inaan isaan biratti kan mul'atuu, aadaafi safuu hawaasichaa eeganii tursiisuun labata haaraatti dabarsuurra yeroo dubartootaan aadaafi safuun  cabuu  ni mul'ata.

### 4.2.5. Gaheewwan Namfakkiilee Dubartootaa Gama Seenaatiin

Dubartootni seenaa eeganii tursuu keessatti gahee qabatanis garuu, asoosama 'Godaannisaa' keessattii akkaataan isaan ittiin seenaa sana ittiin eeganii dabarsan baay'ee xiqqaafi gahee kan hin bahatiin ta'uu nutti agarsiisa. Kanas, hojii qacaramuuf jecha dhiibbaa siyaasaa yeroo sanaa jalaa miliquuf jecha, Haalloon  Almaazitti  yeroosheen  maqaa ofii jijjiirtuufi  ammayyummaa hordofuuf jecha Weejeen  Meeroonitti maqaan  akka  aadaafi  Seenaa uummata  Oromootti isheef moggaafame yeroosaan  jijjiirratan agarsiisa.  Moggaasa kanas,  yeroosaan  soda siyaasaafi hojii qaxaramuu  nan dhaba sababan maqaa oromoo himadheen jechuun  akka seenaafi duudhaa dhaloota itti aanutti  hin darbinee gahee ofii bahachuu dhabuun dubartootaa  hafee kana gadii irraa  mul'ata.

> Fakkeenyaa, dubartii dheertuu ani dhaquu baay'isee sanaa keessumsiistu. Almaaz jedhu, maqaa isheefi ishee arguun ajaayiba natti hin taane, urgaa shittoo isheen dursee beekeen ture."maqaa jijjiirrachuu dubartii dheertuun mana daadhii keessumeessitu Almaaz jedhu, maqaa ishee dhalootaa "Haalloo" ture. …..Maaliif maqaa sanaan hin waamamne ree?  …. 'Haalloon wayii dalagaa mana bunaatiif taatii ree?!" (Dhaabaa, 2020:170).

Akkuma hafee kanarraa  hubachuun danda'ametti maqaa duudhaafi seenaa Oromoo dhaloota dhufuu dabarsuuf maatiin itti moggaasan sababa siyaasa yeroo sanaaf hojiitti qacaramuuf jecha maqaa dhalootaa jijjiirrachuun of ammayyomsuutu mul'ata. Gama kanaan seenaa dabarsuu keessatti ofitti amanamummaa akka hin qabne kan of tuffataniif maal naan jedhuufi sababa oromummaan koon hojii hin argadhu kan jedhuun duudhaafi seenaa hawaasichaa ceesisuuf keessatti ifa of baasanii falmachuufis ta'e of beeksisuuf dubartoonni hanqina akka qaban mul'isa. Walumaa galatti bara sna keessatti sababa oromoo ta'aniif dhiibaan kan jiru ta'uufi hojii qacaramuufillee sabaafi golgaa kan biroo keessa seenuun malee akka hin danda'amne hafeen kun ni dubbata. Kanaafuu namfakkiilee dubartootaa sodaa hojii qacaramuu jalaa bahuuf jedhanii seenaa sabichaa karaatti kan kutan ta'uu

hafee kun ni agarsiisa. Dabalataanis, Meeroon haadha qabeenyaa taatee osoo jirtuu maqaa ofii jijjiiruun seenaa, aadaa, duudhaafi afaan ofii fayyadamuu akka qaaniifi yeellootti jibbuun kan ormaa jala fiiguun fakkeessituu ta'uu ishee hafeen kana gadii ni agarsiisa.

> "Meeroon," jette….Meeroon….Meeroon….“lakkii…nama Meeroon jedhamtu kanaan duraan beeku hin qabu. ….Intallii ani naannoo dhaloota kootti wajjiin guddadhe tokko natti fakkaatte." "Eenyu jedhamti?" "Weejee Guddataa" jedhe. Takka kolfitee, "yaa , intalittiin anuma. Gin amma maqaan koo Weejee miti, lawwaxadheera. Maqaan koo Meerooni. (Dhaabaa, 2020:460).

Hafee kanarraa hubachuun kan danda'amu dubartiin maqaanshee akka duudhaa Oromootti moggaafameefii seenaa, duudhaa, Afaan ofii dhiistee (tuffattee) aadaafi seenaa ormaa faana yeroo fiigdu argina. Aadaa, seenaafi afaan ofiitti fayyadamuufi dubachuun akka qaanii (yeellootti) ilaaluu hiriyyoota ofii biratti waan ofiitti qaana'uun kan ormaa jala fiiguufi of fakkeessuun aadaa, seenaafi afaan ofii labata haaaraatti dabarsuuf kan of dagatteettu ta'uutu mul'ata. Kun immoo, dubartoonni seenaafi duudhaa sabichaa dhalootatti ceesisuurratti kan of tuffatanii orma biratti of dhoksanii jiraachuu kan barbaadan ta'uufi gama seenaafi duudhaa hawasichaaf dhimma kan hin qamneefi kanuma waliin jiraan faana fakkeessanii buluu kan barbaadan tahuu hafeen kun nutti agarsiisa.

Walumaa galatti dubartoonni haala mijataa qabatanis ta'ee osoo hin qabaatin dhimma eenyummaa, seenaa, duudhaafi afaan ofiif dhimma kan hin qabneefi akka barbaadan jiraachuu kan fedhaniifi abbuma waliin jiran faana fakkeessanii buluu kan barbaadan tahuu barruun kun nutti agarsiiseera.

## 4.3. Bocama Namfakkiilee Dubartootaa

Akkaataan bocama namfakkiilee dubartootaa Asoosama "Godaannisaa" keessatti mul'atan bal'inaan haala jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti kan rakkinniifi gidiraan adda addaa namfakkiilee dubartootaa irra akka gahaa ture kan ibsamedha.

Seeneffama asoosama "Godaannisaa" keessatti bocamni namfakkii dubartootaa jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti kan gidiraan iraa gahe, firoottan ishiifi kan abbaa manaa ishiitiin illee kan jibbamte keessaa tokko haadha Abdiisaati. Sababni isaas akka duudhaa hawaasichaatti osoo firoottan ishii hin mari'atiin nama Maannaaloo jedhamutti heerumte. Kanaafuu, Asoosama kana keessatti gidiraafi rakkinni aadde Dureerra gaha akka turetu ibsame.

> …Akkuma yeroon gadda Abbaakoo dhumeen osuma hin turiin haati koo hiriyyaa dhiiraa qabatte. Maannaaloo Balaay. Utuu hin turiin akka tasaa ulfoofte Kun garuu jarreen fira

> abbaakoo hunda rifachiise. Gorsanii dhiisisuuf jennaan dhaga'uu didde. Booda yeroo firri hundumtuu yeroo mana ishee lagatu anaafi Kuulanii gattee Maannaaloo wajjiin Najjootti badde. Utuufira hin eeyamsiisiin seera aadaa diigde. Achii Ijoollee deesseefi waggaa kudha lama akkuma ta'etti wajjiin jiraatan. Booda keessa Maannaloon yoo horiin harkatti baayyatu dhugee machaa'uu jalqabe. Haadha koo wajjiin wal gooluunis ni eegale.….Gaafa sanaa jalqabee haatikoo ijoollee afur qabattee gargaarsa malee maasii keessatti hafte. Okkotee sooftee ibiddatti waadamtee araqee baasun ijoollee sana guddisuun dirqama ishee ta'e
>
> (Dhaabaa, 2020: 19).

Akkuma hafee armaan olii kana irraa hubachuun danda'ametti haati Abdiisaa aadde Dureen jireenya ishii keessatti rakkinnifi dararamni adda addaa akka irra gahaa ture kan agarsiisudha. Bu'uuruma kanaan firoottan isheefi kan abbaa manaa ishiillee jibbanii, manashee lagatanii gargaarsa dhabdee rakkachaa akka turte kan ibsamedha. Sababni isaan jibbaniif akka duudhaa hawaasichaatti dubartiin abbaan manaa irraa du'e fira abbaa manaa ishiitu fuudha malee dabartee ormattii hin heerumtu. Ishiin garuu, aadaafi duudhaa hawaasichaa cabsitee maallaqaan gowoomfamtee Maannaalootti akka heerumtee, boodarra gatee badee akka ijoollee afur waliin gidiraafi rakkinaan miidhamaa turte ibsameera. Boodarra immoo ijoollee halagaa guddisuuf akka rakkachaa turte mul'isa.

Kun immoo, dubartoonni jiruufi jireenya hawaasichaa keessatti yeroo baay'ee rakkinaafi gidiraa adda addaatiif saaxilamoo ta'uu isaanii agarsiisa. Akkasumas,

> …Waan ani hin hojjetiin hin jiru' jetti. …waan ani hin ta'iin hin jiru, yaa firakoo' salphinni mana aayyoo koo siree haadhakoo irratti na jalqabe.' Biyya ormaattis na biraa hin hafne. …jooreera…alatti gatameera. Bakkan seenu dhabee karaarra buleera. Beela'eera, dheebod heera, dhukkubsadheera…. Amma garuu sadarkaan koo guddatee hojjettu mana bunaa ta'e. Nyaataafi dhugaatii gurguruu qofaa miti, Foonkoos gurgureen jiraadha. ….arrabsoo, kaballaan, dhiittaan, dararaan hireekoo ta'eera. Jiraatti du'eera awwaalamuu qofaatu na hafe…. (Dhaabaa, 2020: 444).

Hafeen armaan olii kun akka nu agarsiisutti, Kuulaniin yeroo gidiraan adda addaa irra gahaa tureefi salphina kana taa'eema hin ilaalu jechuun biyyaa baddee, achittis hanga karaarra bultuutti bakka seensaa dhabuu, nyaataafi dhugaatii dhabuu, booda mana bunaatti qacaramuu foon ishee gurguraa akka turteefi yeroosheen gidirfamtu mul'isa.

Mana buna keessatti jireenya moo'achuuf jecha eenyummaa ishii sarbisiiftee akka jiraachaa turte i bsameera. Kanaafuu dubartoonni yeroo baay'ee gidaraa adda addaa keessa akka dabarsaniifi qaama isaanii gurguraa akka jiraatan ni mul'atu. Walumaagalatti,hafee kanaarraa akuma hubannu Kuulaniin gama hawaassummaatiin jireenya rakkisaafi gadi-aantummaa keessatti rakaachaa akka turte hafee kanarraa hubachuun danda'ameera. Gama birootiin immoo asoosamuma "Godaannisaa" kana

keessatti shamarreen Meeroon jedhamtu yeroo isheen dubbiifi beekumsaan waan abshaalomte f akkaattee afaaniifi aadaa ormaa uffaattee adeemtu argina.

> … "Gubzinnaan kee garuu baayyee na garrame. Ani dur, ati akkas qalamii' dha, jedhee assabee hin beeku. Lakkaan ati ismaartii akkanaati"jettee, na dinqisiifte. Otuu hin se'iin Kolfa natti dhufe ukkaanfachuu dadhabeen gad lakkise."Riilii, daadiin' koo haa du'u!" jettee na wajjin kolfite."Qalamii jechuun kee naaf hin galle,"n jedhe. "Ihii…Qalamii jechuun ree beqqaa…indet newu… nama timirtiitti gobezii jechuudha kaa," Yommuu dubbattu, cabaqni ishee mucaa Afaan baraa jirtu fakkaata. Sammuun koo boqonnaa dhabe. Kan ishee dhiiseen Afaan dhukkuubsatee du'aa jiru kun Afaan nama isa badadu dhabee kan Ormaan liqimsamaa jiru kun yoom hakima argata laata?' jedheen yaade. (Dhaabaa, 2020: 510).

Akka hafee kanarraa hubannutti dubartoonni eenyummaa isaanii isa dhugaa gatanii akka jiraatan kan agarsiisudha. Hafee kana keessatti sababa Meeroon eenyummaa ishii isa ganamaa dhiiftee Afaan Ormaatiin of golgitee, Afaanichi dhukkubsatee wal'aansa akka dhabsiifte kan ibsudha. Kana malees, aadaafi Afaan Ormaa sun akka waan ishii qaroomseetti huccuudhaan of dhoksitee darbuu akka barbaaddu ni ibsama. Dubartoonni aadaa, seenaa ofiif dhimma kan hin qabne har'aaf jiraachuu kan fedhaniifi kan ormaatti of fakkeessanii darbuu akka barbaaadan yoo kan ofiin jiraatan akka waan hin qaroomneetti akka of fudhatan hafee kan irraa hubanna.

> …."Isheefi warri akka ishee,….argitee…. warra warqee ofii tuffatanii moofaa Ormaa ofitti suphaa jiraatan.….Warra takka habashaa, takka Faranjii of fakkeessuuf dhama'an. Dhamaat ota gama deemanitti of baqataa oolu.of ta'anii dhabbachuuf keessi isaanii jabina hin qabu, duwwaadha." Ijawwan koo Tujubaa irra qaariseen foddaa daawwitii ifti ittiin waajjira kootti galaa jiruu ilaalaan dubbadhe. (Dhaabaa, 2020: 517).

Akkaataa Yaada kanaatti, Meeroon kan ofii tuffatanii kan ormaa jala fiiguu, jireenya ofii osoo hin taane kan namaa fakkeessitee buluuf dhamahuutu isheerraa mul'ata. Yaadni xiiqiifi kutannoo kan jedhamu dhabamuun fakkeessuu qofaan kan jiraattee darbuu barbaaddu ta'uutu kanarraa argina.

Walumaagalatti bocamni namfakkii kanaa Meeroon qalbiifi ilaalcha ishiitti beekumsa (ammayyumaa) itti fakkaatee warqee mataa ishii, duudhaa ganamaa kan abbootaa of irraa gattee aadaa Oromoon ala kan ormaa jala akka of golgitee jiraattu mul'isa.

- **Akkaataa barreessaan namfakkiilee dubartootaa ittiin ibse akka walii galaatti, qorataan yemmuu xiinxalamanii dhiyaatan:**

Barreessaan/ barreessituun asoosama tokko osoo hin barreessin dura sammuu isaa keessatti wantoota garaagaraa kalaqa. Kanaafuu barreessaan barruu kanaas, ogbarruu kana qabatee yoo ka'u xiyyeeffannoon isaa namfakkiilee gurguddaa Abdiisaa Soolaniifi Taliilee Qajeelaa maatii jarreen kanaarratti yoo bu'uureffatu, namfakkiin muummee (kootamni) Abdiisaa soolan haa ta'u malee, xiyyeeffannoon keenya dhimmoota namfakkiilee dubartootaa waa'een Taliileefi warren biroo bal'inaan barruu Dhaabaa Wayyeessaa keessatti dhiyaatan agarsiiseera.

Kanas, akkaataa armaan gadiitti xiinxaluun akka danda'ametti shamarri tokko maatiifi fedha ishee irratti hundoofte nama naaf ta'a jettetti heerumti. Hagasitti garuu, koola maatii jalaa baatee akka barbaadde ta'uun aadaa hawaasaa keessatti qaanii guddaafi abaarsa. Keessattuu durbummaan kabaja mucayyoo sanaa bira darbee kabaja maatii isheellee akka ta'e hawaasni kanaan mormu hinjiru. Kanaafuu hanga gaafa gaa'ila isheetti eeggattee turuun dirqama safuun hawaasichaa irra kaa'edha. Gama biroon, akka walii galaatti haalli dhiyaannaa namfakkii dubartootaa akka barreessan kalaqetti;

- ✓ Taliilee jaalala Abdiisaan gowwofamtee ulfooftee amaanaa abbaafi haadhashee karaatti gattee barumsa ishees addaan kuttee baate gidiraafi rakkoo addaaddaaf saaxilamteetti. (Dhaabaa, 2020:242
- ✓ Raahel dubartii Dirree Dawaati hoteela keessa hojjettu gara laafettii, garraamiifi arjaa Taliilee gargaaraa turte. (Dhaabaa, 2020:218)
- ✓ Obboleettiin Abdiisaa gara jabeenyummaa alagaa abbaa buddeenaan gudeedamtee, gidiraaf rakkina hamaan hanga daandiirra bultuuttu isheerra qaqqabe argiteetti. (Dhaabaa, 2020:444)
- ✓ Aadde Koonnisee abbaa manaa osoo qabduu alagaa amantiin barsiisaa jedhuu waliin sagaagalte, dubartii abbaa manaa sooressa qabaataa sagaagalte safuufi duudhaa oromtichaa cabsite. (Dhaabaa, 2020:15)
- ✓ Meeroon qarooma itti fakkaatee qabeenyaan badhaatee osoo jirtuu, ammayyummaa itti fakkaatee, maqaa ofii, aadaafi afaan ofii tuffattee kan ormaa jala kaattu agarsiifameera. (Dhaabaa, 2020:517)
- ✓ Almaaz hojii qacaramuuf jettee dhiibbaa sirna siyaasaa yeroo sanaa jalaa bahuuf maqaa jijjiirrattee, eenyummaa ofii dhoksitee jiraatte.(Dhaabaa, 2020:170)
- ✓ Harmeen Abdiisaa aadde Dureen isaa kan seenaa, safuufi aadaa Oromticha cabsitee
- ✓ Habashaatti heerumtee fira ofiifi kan abbaa manaa ishiitiin jibbamtee qophaa baatee gidiraa baay'ee argite.(Dhaabaa, 2020:19)

Walumaagalatti, akkaataa kanaan namfakkiilee dubartootaa barreessaan akkaataa armaan oliin kalaqamanii iddoo garaa garaa keessatti haala gaaffilee adda addaa deebisuu danda'aniin dhiyaataniiru. Haalli qabatamaa hawaasa keessa jirutti shamarran bakka qoraan guuran, bishaan waraaban, mana barumsaatii galan, mana keessatti, gabaa deeman fa'aatti dargaggootaafi namoota garaagaraan gudeeddiin yemmuu irratti raawwatu haalaan mul'ata. Tokko fuudhuuf dhimmicha kaayyeeffatee kan itti deeme yoo ta'u, tokko tokko immoo fedhii miira isaa yeroo sanaa galmaan gahuuf qofa yaadeeti. Kanas ta'e sana jireenya mucayyoo(dubartootaa) sana irratti gama xiinsammuun, gama hawaasaatiin, gama haala jiruu jireenyatiin dadhabbii guddaatu mudata.

Gama biroon immoo jaalalli bakka nama geese dhaqu jechuun namoonni tokko tokko yemmmuu dubbatan nimul'ata. Jalqaba Abdiisaa Wayinishetiin baay'ee jaallatus kan isa didde ta'uu, booda yeroo isheen kaayyoo ofii galmaan geessee jaalala isaaf qabdu mul'iftu sababa eenyummaafi ishee diduusaa seeneffameera. Haa ta'u malee gaa'ila keessatti afaan, aadaa, safuu, saffeeffannaa, duudhaa, haala jiruufi jireenya hawaasichaa hin beekan yoo ta'e fuuldura maatii sanaatti dhiibbaa olaanaa qaba. karaa biroon immoo, namfakkiileen dubartoottaa gara laafeyyii, garraammii, oo'a qabeeyyiifi rakkinaan kan waadaman ta'anii mul'ifamaniiruu. Haa ta'u malee, inni biraan namfakkiin dubartootaa aadaa, seenaa, safuufi duudhaa hawaasichaa yeroosaan cabsanii dhalootaaf ceesisuu miti ofuma isaaniiyyuu, kan ormaatiin yeroo of fakkeessaniifi aadaafi safuu eeguu dadhaban hafee kana irratti mul'ifameera. Akkasumas, namfakkiileen dubartootaa diinagdeef jecha yeroosaan of danda'aniifi dhiiratti hirkatanii jiraatanillee barruu kana keessatti mul'ifameera.

Walumaa galatti barreessaan yemmuu namfakkiilee dubartootaa fayyadamu amaloota garaa garaa qabsiisuun qalaqee kan fayyadame ta'uu barruu kanaarraa agarsiifameera. Amaloota kanas, qorataan haala gaaffii qorannoofi kaayyoosaa galmaan gahuun addaan qoqqoodee xiinxaleera.

## 4.4. Hariiroo Aangoo Koorniyaa Namfakkiilee

Seeneffama asoosamaa keessatti hariiroo aangoo koornayaa kan jennu namoonni namfakkiilee asoosamichaa ta'anii dhiyaatan karaa hundumaan haala isaan walitti dhufanii dhiyaatan jechuudha. Kana jechuun caaseffama hawaasichaa keessatti umuriidhaan, sadarkaa barnootaa, qoqoodinsa hojiifi haala jireenyaatiin kan walitti dhufanii walqixa aangeffaman jechuudha.

Haaluma kanaan hariiroon namfakkiilee dhiiraafi dubartii kallattii adda addaan mul'ateera. Kunis akkuma yaadota namfakkilee dubartootaa jalatti eerame (ibsametti) caasessuudhaan qooda dubartoon

ni maatiifi hawaasa keessatti qaban mul'isuuf ga'ee guddaa waan qabuufi. Bu'uuruma kanaan asoosama "Godaannisaa" keessatti Abdiisaa Soolaniifi Taliilee Qajeelaa caaseffama hawaasaa keessa tti umuriidhaan kan walitti dhiyaatanidha.

Akkasumas, sadarkaa barnoota barachuutiin, aangoo wal qixa kan qaban ta'uusaanii mul'isa. Kana jechuun akkuma dhiirri aangoo barachuu qabu, dubartoonnis aangoo qixa barachuu kan qaban ta'uu ibsa. Yeroo jalqabaaf kan isaan walitti dhufan utuu mana barumsaa deemaniiti.

> "Eessa deemaa jirta?" of abboomuu dadhabeen itti dubbadhe. …"Mana Barumsaa naan jette – "mucayyoo. Mana barumsaa kam?" "Yuunivarsiitii Haramayaa."… Of abboomuu dadhabeen fuulakoo gara isheetti deebise. Akkuma garakoo ilaaltetti jirti. …Wajjiin deemna kaa." Ijaawwan isheen qabameen utuu hin yaadiin afaan kootii baase. "Ihii? Maal jette"? "Bakka tokko deemaa jirra." … "Atis Yunivarsiitii Haramaayaa deemaa jirta mii?" "Ehee." …"Dhugaa? Waggaa meeqaffaa? "Waggaa lammaffaa."Ani immoo kunoo yeroo jalqabaaf deemuu kooti." ( Dhaabaa, 2020: 130

Akka hafee kanarraa hubannutti namfakkiileen lamaan kun hariiroo aangoo koorniyaa irratti sadarkaan barnoota barachuu isaanii kan wal gituu haala, yeroofi umurii walfakkataa keessa jiraachaa sadarkaa barnootaan haala walfakkaataa keessa jiru. Bakki isaan deeman iddoo wal fakkaataa ta'uu isaa mul'isa. Kanaaf barnoota barachuun sadarkaa wal fakkaatu keessatti kan argaman ta'uu ibsa. Gama biraatiin Abdiisaafi Taliileen waadaa eeguu kessattis kan wal fakkaatanidha.

> ….Taliileen "dhiifama naaf godhi." "Maaliif?" "Yeroo darbe si gaddisiise mitii?" "Ani sitti hin gaddine. "Anatu dhiifama si gaafachuun na irra ture." "Akka ati natti gaddite illee nan beeka." Erga sanaa Taliileenis,Yaada ittiin narraa baqatteen deebitee jaalala natti agarsiifte. Kan duraa irra caalaa natti hiiquu jalqabde. Daandiin jaalalaa inni ani irratti nadhii jaalalaa unachuu hawwees nidhugoome. Jaalallii maddii ykn qarqara haroo Ha ramaayaatti, hanga Laav istiriitiifi oollee bullees, waliin mooraa sana keessaa baanee, deebi 'uun jaalala jalqabne hanga dirree dawaatti deemsa jaalalaa tokko lamaa … jennee jalqabne . (Dhaabaa, 2020: 183).

Yaada armaan olii kanarraa kan hubannu namfakkoonni lamaanuu hariiroo aangoo koornayaa jaalala keessa seenuu lameenuu yeroo waliif kennuufi waliin dabarsuuf jaalala waliin qabamuu irratti fedhii walfakkaataan kan keessatti uumame jirudha. Keessattuu, waadaa jaalalaa eeguu irratti hariiroo namfakkiileen qaban qaban wal akka fakkaatu kan ibsudha.

Gama birootiin immoo Asoosamuma kana keessatti Taliileen olaantummaa Abdiisaatiin moo'amtee yeroo ishiin watwaattu argina.

> …..Na dhiisuuf mitii, Abdii?! Ihii?! Waa’een koo kanumaan xumurame jechuudhaa? ….Ihii!... Abdii!... na dhiistee deemuufi? ….Maaloo Abdii! …. Maaloo maaliif akkas garaa natti jabaatta?! …. Tole anuu lammata hin dubbadhu, na gattee hin deemiin! … Anoo kanuma ati jette nan godha……Anoo lammata sitti hin dubbadhu.Akka nama maraatee sagalee ol fuutee lallabde. Maaloo-garaa natti hin jabaatiin! Harka ishee irreekoo qabutu natti dhaga’ame…..harkaa futtaafadheen gara fuulduraatti furguggifame. …..Abdii! .. Abdii! …… Abdii! ……Abdiiiiiiiii…..Uhuu..…Uhuu.....Uhuu……(Dhaabaa, 2020: 242).

Akkuma hafee kanarraa hubannutti olaantummaa Abdiisaa jala galtee yeroo ishiin furmaataaf gara isaatti iyyitu argina. Abdiisaan immoo, inni dubartii harka isaa jala galte kana gatee baqatu hubanna. Kanaafuu dubartoonni olaantummaa dhiirotaa jalatti kufanii yeroo rakkatan hubachiisa.

Abdiisaafi Taliileen waadaa walii galan sana hanga dhumaatti eeggachuun akka dhumarratti walitti dhufan ibsa.

> “akkam bultee? jedhe.” “Nagaa” deebiin ishee gabaabaa ture. …”Eegaa akkam na goota?” jette. …. Hireenoo kanaa boodaa maal ta’aa?… jabeessee ofitti qabeen sin jaalladha,Talii,”n jedhe. “Hamma yoomiitti?” naan jette. …. “Hamma dhumaatti” “eeyyeen” …. “Abdii waan tokko yoon si gaafadhe naaf kennuu dandeessaa? Quboota ishee irra keessee “Kam?” “Kana” tuqxee natti agarsiifte. Qubeelaa yeroo dheeraaf quba koorra ture. “Boh kana guddaa goote moo” jedheen quba koorraa baaseen quba Taliileetti kaa’e. (Dhaabaa, 2020:222).

Hafee armaan olii kanarraa Abdiisaafi Taliilee waadaa jireenya isaanii keessatti iddoo guddaa qabdu waliif seenan. Waadaan kunis, hanga dhumaatti kan eegamu ta’uu fedhii lamaan isaaniin hariiroo walfakkaataa isaan gidduu jiru jabeessuu ykn fedhii gamlacheen kan raawwate ta’uufi akka qabannaatti qubeelaa haati isaa isaaf kennite ofirraa baasee isheef kennuun waadaa waliif seenanii gammachuun jireenya keessa seenuun jaalalli waadaan hidhamee kan jalqabame tahuu isaa kunis fedhii hariiroo lamaan isaaniin ta’uu nutti agarsiisa.

> Balballi biiroo koo rukkutamee baname. “Maal nan dubbistuu?” jette. Gad jettee maddiikoo mirgaa dhungatte. ……“Maalinni maal taate? na wallaaltemoo, Abdii? Ana Taliileedhaam!” jette. “Kanallee irraanfattaa?” naan jette. Qubaan addasheerraa mallattoo madaa hodhamee fayye Godaannisa madaa agarsiiste. “yaadannoo kee ta’ee na irratti hafekaa kuno” jette Taliileen. “Waanan sitti agarsiisu kan biraas nan qaba. “ijaawwaan kee dunufachuu qabda,” naan jette.Nan dunuunfadhe. …..“Amma ijaawwan kee banadhu,” jette-Taliileen. ….. “Seenaa Abdiisaa Soolan jedhamti” jette. Seenaa koo, abbaa keetiim …. Dhaqii dubbisi kaa,” jette. (Dhaabaa, 2020:534).

Taliileen akkuma waadaa seente bu'a bahii jireenyaa baay'een booda amma waadaa seente sana osoo hin dagatiin miidhaa hamaa isheerra qaqqabellee osoo haloo hin qabatiin rakkoofi gidiraa hedduu dabarsitellee hoomaa osoo itti hin fakkatiin akkuma waadaa seenteen jaalalli isaaf qabdu kan hin jijjiiramne ta'uu, daa'ima ishee ittiin qoramaa turte sana qabattee iddoo Abdiisaan jiru hiyyaafachuun dhuftee wal arguu isaanii agarsiisa. Dubartootni waadaa galan tokkoof gatii kaffalchiisu hunda kaffalanii waadaa sana biraan kan gahan ta'uu hafee kanarra hubachuu dandeenya.

Dabalataan immoo, Taliilee waadaa ishee eegdee hanga har'aa tursiisuu ishee, Adbiissnis wanta irratti raawwate sanaaf dhiifama kan gaafate ta'uu hafeen armaan gadii nutti mul'isa.

> Otuu hin se'iin ka'een dhaabbadhe. "Taliilee!" Imimmaan maddii ishee lamaanirra lola'aa jira. Maaloo dhiifama baay'een si miidhe…Yeroo xiqqoo callistee na ilaaltee, "amma sana dhiisi, Abdii. Deebinee wal arguu keenyaatti waan sitti dhagahame qofan baruu barbaada," jette. …Harka ishee mirgaa ol kaastee , quba ishee gidduu adda baastee natti agarsiiste. Qubeelaatu irra jira. "Ni irraanfattee?" naan jette. … Qubeelaa ani isheef kenne qubeelaa haatikoo naaf laatte. "Guyyaa tokkollee ofirraa baasee hin beeku," jette. "Nagaatti, Abdii sii fan bilbila,"jettee fuula narraa deeffattee baatu akkuman dhaabbadhee gara ishee ilaalettan f ajajee hafe. (Dhaabaa, 2020: 537).

Akkuma hafee kana irraa hubachuun danda'ametti Taliileen qubeelaa ganama fudhattee waadaa galte hanga dhumaatti eeguu ishii mul'isa. Walumaagalatti dubartoonni waadaa galan tokkoof hanga dhumaatti eeguun cimina isaanii ta'uu mul'isa. Gama birootiin Wayinisheetiifi Abdiisaan barattoota Yuunivarsiitii Haramaayaa yoo ta'an barnootaan sadarkaa walfakkataarra kan jiran yoo ta'u, Abdiisaan jaalala isheen qabamee baay'ee akka rakkate jaalala isaa ibsachuuf illee akka baay'ee dhiphachaa turetu barruu kana irraa mul'ata. Yeroo baay'ee deddeebi'us jaalala isaa ibsachuu akka sodaate agarra.

> Boodarra garuu, "Eenyuun barbaadde?" "Si ….Siin" "Maaliif?" "ihi- akkasumaan." "maalinni akkasumaan jechuun?" "qoosuu keetii?' "Lakki….. Qoosuu miti," … "Maaliif na waamsisteree?" "Amma dubbachuu hin danda'u."….. "ihi_Ihim jette dabaltee. Qawwu-qacci! Qawwu Qacci! Qawwu-qacci! Na dhiistee sokkite. Bakkan jirutti adoodeen hafe….. Gaafa sana 'ciisee bule' jechuurra taa'een bule' jechuu wayya. …Qaanii koo hammadhee miixataa halkan guutuun dabarse. (Dhaabaa, 2020: 41).

Hafee kanarra wanti hubatamu Abdiisaafi Wayinisheet waliin hariiroo aangoon, umuriin, sadarkaa barnootaan walitti dhiyoo ta'anis sababa baay'ee ishee jaallatee itti dubbachuu sodaatee doormiitii waamsisee osoo itti hin dubbatiin waan sodaateef akkasumaan osoo waliin hin dubbatiin doormiitti waan deebiteef ofitti qaana'uu isaa agrsiisa. Kanarraa kan hubannu dubartootni kaayyoo bahaniif kan

hin daganneefi callisaanii yeroo ofii bakka hin taanetti gubuu akka hin barbaanne dhimmi babadamteef yoo kan hin dubbatamne ta'e hojii ofiif dursa kan kennan ta'uufi qaldii (baacoof) iddoo kan hin kenninedha. nama baay'ee walitti hin dhufne waliin dhaabbatanii dubbachuun yeroo ofii qisaasessuu kan hin barbaanne ta'uufi waan bahaniif dursa kan kennan hafee kanarraa hubanna.

Hiriyyaa doormii Wayinisheet: "Eenyuun siif waamuu?"

Abdiisaa: "Wayinisheet"

Hiriyyaa doormii Wayinisheet : Waggaa meeqeffaadha?

Abdiisaa: "Waggaa tokkoffaa"jedhe.

Hiriyyaa doormii Wayinisheet : "Ihii… Ishi," jettee na irraa galagalte.

Abdiisaa: ...Yemmuu isheen dhuftu….Dhiifama….

Abdiisaa: Ihi…har'as…deebi'een dhufe,"n jedhe. "Akkamiree? jedhe. Afaan Amaaraatiin

Wayinisheet: "Fayyaa."

"Abdiisaa: Barnoonni akkami?"

Wayinisheet: "Gaarii"

Abdiisaa: Qormaanni dhiyaate mitii?..."Akkami qophooftee?"

Wayinisheet: "Ehee qophaa'aan jira."

Wayinisheet: "Maaliif na waamsiste?" jette. …

Abdiisaa: "Anillee sijaalladheni"…"Maal jetteree?" …

Wayinisheet: "Hindanda'u" naan jette

Abdiisaa: "Maaliif?"

Wayinisheet: "Yeroo hinqabu.""

Abdiisaa: "Kamiif yeroo hin qabdu?"

Wayinisheet: "Hundumaafuu."

Abdiisaa: "Ihi..jechuun jaallatamuuf moo jaallachuuf?"

Wayinisheet: "Lamaaniifuu amma yeroo hin qabu," naan jette. (Dhaabaa, 2020: 46).

Hafee kanarraa hubachuun kan danda'amu Abdiisaafi Wayinisheet barattoota yuunivarsiitii waliin baratan waggaa walfakkataa keessatti yuunivarsiitii galanis jaalala isheen baay'ee kan miidhameefi obsumaan itti deddeebi'uun bu'aa bahii hedduun booda jaalala isheef qabu yoo ibsates isheen garuu

sa'aatii  inni barbaade kanatti jaallachuu yeroo akka hin qabneefi yerooshee guutuu barnoota isheef kennitee yeroo ishee barnoota irraa hir'isuu akka hin barbaadne barruu kanarraa hubanna. Kun immoo, dubartoonni jaallachuufis ta'e jaallatamuun dura kaayyoo qabatan tokko galmaan gahuu akka qaban kaayyoo sana osoo hin milkeessiin yaadaafi qalbii isaanii wanta biraatti hidhuu akka hin qabne hafee kana irraa hubanna.

Kana malees, Abdiisaafi Wayinisheet barnoota isaanii yeroo xumuratan lamaan isaaniyyuu gammachuu keessa kan jiran tahu hafee armaan gadii ni mul'isa. Jaalala  keessattis hariiroon lammaan isaan gidduu ture, jalqaba jaalala isaa simachuuf fedhii dhabdus, amma isa jaallachuu akka barbaaddu waraabbii armaan gadii keessatti eeramee jira.

> Wayinisheet "gaafa jalqaba dubbannee gaaffii jaalalaa na gaafatte sana yaadattaa?" naan jette. "Waanan jedhu dhabeen nan muddame". "Waanan yeroo sana siin jedhe dhiifama siin gaafadhe mitii"? "jaallachuufis jaallatamuuf yeroo hin qabu kanan siin jedhee siin mufachiise mitii dhiifama"? "Amma osoon haa ta'u siin jedhe maal naan jetta?" "yeroo xiqqoo fudhannee itti haa yaadnu" jedhe Abdiisaan .(Dhaabaa, 2020:420)

Waraabbii armaan olii irraa hubachuun akka danda'amutti, Wayinisheet  jalqaba Abdiisaan jaalala isheen qabamee ishee gaafannaan amma jaallachuufi ta'e jaallatamuu yeroo hin qabu jettee akka deebiste mul'isa.  Kun jibba isaa qabaattee osoo hin taane dursa kaayyoo baateef milkaassuu akka barbaadde maatiin keessumaayyu abban ishee waan guddaa akka ishee irraa eegu booda erga abbaan balaa konkolaataa du'ee boodaa hamileen ishee akka bu'ee jabaatteema barnootashee erga eebbifamtee booda  gaaffii jaalalaa  Abdiisaan dhiyaateef akka deebisuu  barbaaddu yeroosheen  Abdiisaa waamtee itti himtu argina. Dubartoonni fedhii jaalalaa osoo qabanii sababa kaayyoo ofii jecha gaaffi jaalalaa akkasaan tursiisan yoo dafanii jaalalatti galan kaayyoo isaanii kan isaan dagachiisu ta'uu, booda galma barbaadan yoo gahan gaaffii jaalalaa haaromsuu akka barbaadan hafee kanarraa hubanna. Kunis, dubartoonni karoora isaanii hanga galmaan gahaniitti jaalalatti of seensuu dhiisuu cimina isaanii ta'uu hafee kun nutti mul'iseera. Asoosama kana keessatti olaantummaan dhiiraa akka irratti duufee akka jiru agarsiisa.

## 4.5. Miidhaa Namfakkiilee Dubartootaa

Seeneffama asoosama "Godaannisaa" keessatti gama miidhaaleen namfakkoota dubartootaa irra gahaa turan, miidhaa gama  xiinsammuu, miidhaa qaamaafi miidhaa diinagdeen jiru akkaataa  armaan gadiitiin ilaalame.

### 4.5.1.Miidhaa Xiin-Sammuu Namfakkiilee Dubartootaa

Asoosama "Godaannisaa" keessatti miidhaaleen namfakkilee dubartootaa irra gahan, Kuulaniin obboleettii Abdiisaa kan taate sababa Maannaaloo Balaay humnaan ishii gudeedeef xiinsammuudhaan miidhaan ishiirra qaqqabeera.

> Haatikoo namoota ollaa wajjiin du'a ga'ii baadiyyaa deemtee bulte. Maannaaloon qunduftii isaatti fe'amee bitintiraa dhiya keessa sa'aa toorbatti mana ga'e.Utuma wal'aansoo wal qabanii ammas caraante. Iyyi isheefi iyyi haadha ishee kun duraan waan gurra hundumaa quubseef, amala isaaniiti jedhee kan itti birmate tokkollee hin argamne. Kuulaniin osoo faltuu harkaa futtaafattee yoo isheen gara fuulduraatti utaaltu miilla ishee qa be jennaan takaalamtee fuula isheen lafatti rukutamte. Yoo achii kaatee tuftu ilkaan ishee to kko dhiigaan maramee lafa bu'e. Kana booda fedhii isaa dhugaatin how'e qabbaneesse. Abbaa ormaa ta'uu isaa qofa osoo hin taane bineensa seera uumamaa gad dhiise ta'uu isaa mirkaneesse. ( Dhaabaa, 2020: 21).

Yaada hafee kanarraa akkuma hubachuun danda'emetti Kuulaniidhaan Maannaloo Balaay dararaafi gidiraa adda addaa irraan gahuun ilkaan ishii cabe illee arge utuu hin jedhiin humnaan gudeedee kabaja ishee akka irraa fudhate argina. Iyyiteellee birmannaa akka dhabde argina. Kuulaniin akka abbaatti osoo isa ilaaltuu waan ishii salphiseef hawaasa keessatti karaa darbaa akka dhabdee miidhamte mul'isa. Dubarri durbummaa hin qabne hawaasicha keessatti kabajallee kan hin qabneefi hawaasicha keessa jiraachuu akka hin dandeenye dha. Kanarraa ka'uun biyya jiraattu dhiistee Magaalaa Jimmatti akka galte hubanna. Achiitti miidhaafi dararamni gurguddaan akka irra gahe ibsameera. Kanaafuu Intala abbaan buddeenaa durbummaa irraa fudhate taatee xiin-sammuudhaan akka miidhamte kan ibsudha.

Yaaduma walfakkaatuun Taliileen jaalala Abdiisaatiin gowwoofamtee utuu itti hin yaadiin ulfaa'urran kan ka'e Yuunivarsiitii keessatti hiriyoota ishii akka dhokachaa turte ibsameera. Akkasumas barnoota ishii irraas ari'amtee gidiraa adda addaa keessa akka turte seenaan ni ibsa.

> Ijji ishii akkaataa garaa nama raasuun bongol bongol keessaa imimmaan lakkuu lakkuudhaan gangalatee gadi harca'e. imimmaaniin naa deebiftee morma kootti maramtee hirqinfatte.….Si Abdi…Ihii…maal godhu?...maliif calluma naan jetta Ihi ani …ihi…ani… hinbe…, wanaan dubbadhu wallaale. Arrabni koo na hidhame. …Abdi lafan lixun dhabeem! …mala tokkollee kan naaf malu dhabe. Maal godhu?Akkam ta'u? Dhamaateen abbaakootiis gatii dhabe…maa…ha ….ha ….haatikoo… utuu hinfixiin imimmaaniin hudhamte. ……
> (Dhaabaa, 2020: 263).

Akkuma hafee armaan olii kanarraa hubachuun danda'ametti dogoggora guyyaa tokko of eeggannoo malee Abdiisaa waliin gooteef ulfi ishiin hin eegne yeroo garaa ishiitti hafu argina. Bu'uuruma

kanaan Taliileen  kaayyoo ishiirraa gufachuun waan gootu wallaaltee, lafa lixxu dhabdee yeroo ishiin dhiphattu argina. Kaayyoo ishiin manaa baate imaanaa abbaan ishii itti kenne xumurtee galuu ture. karaatti gufachuu qofaa osoo hin taane gara itti baqattu  illee dhabdee manumaa ormaa wal hin beeknetti baqachuun rakkoo xiinsammuu hamaadhaaf akka saaxilamuushee hubanna.

Kan biraan immoo, yeroo ishee dhimma uftaa'uu isheef baay'ee dhiphattu hafeen kana gadii ni mul'isa.

> "Dhiisi jettee?"Abdii! Akkamittan dhiisa? Nama biraa eenyuttan him himadha? Baasisuuf horii hinqabu. Qoricha barbaadee dhuguuf illee –ihi-ihi! naman beeku hin qabu! …. Ihii? ….Abdi ani…. Of keessaa baasuuf illee waanan hin godhiin hin jiru.  … Shaaworii seenee waanan godhe natu beeka. Hamma humnikoo danda'u garaakoo sukkuumeen dadhabe. ……. Ihii…..Abdi…. sibiila illee…… ihii…. Ofitti ……(Dhaabaa, 2020:241).

Akkuma hafee armaan olii kanarraa hubachuun danda'ametti rakkinni hamaan galmashee hanqisu waan itti dhufeef, waan ulfoofte sana of-keessaa baasuuf yaaliin ishiin hin godhiin hin jiru. Kanaafuu asoosama kana keessatti dubartiin kun hawaasa barattu biratti karaa darbaafi ija namootaa baachuu dadhabdee xiin-sammuudhaan akka miidhamte kan ibsudha. Walumaagalatti dubartoonni rakkoolee adda  addaatiin akka saaxilaman agarsiiseera.

Dabalataan, haati Abdiisaa sababa marii firaa malee Mannaaloo Balaayitti heerumteef jibbamuurraan kan ka'e xiin-sammuun ishii akka miidhame argina.

> Haatikoo duraan  utuu naannessitee hin yaadiin, firoota isheefi firoota abbaakoo irraa kutattee waan isatti galteef rakkooshee himachuu qaanfattee, yeellaatee, liqimsitee teesse haala akkanaatiin yeroo itti dhibaa'ee… guyyaan akka torbaanii itti dheeratee, torbaan baatii itti ta'ee, baatiin waggaa itti fakkaate. Osoo kanaan jirtuu gaaftokkommoo wanti isheen hin eegne ishee mudate…. (Dhaabaa, 2020:20).

Hafee kanarraa akka hubatamuttu haati Abdiisaa sababa mariifi eeyyama firootaa malee maannaalootti  heerumteef yeroo maannaloon dhiibbaa adda addaa irraan gessisu, yemmuu inni reebu,  arrabsu  nama itti himattu kan hin qabneef, sababa kanarraa kan ka'ee yeroo hundaa aariifi of jibbuutiin kan jireenyashee gaggeessitu ta'uu hubanna kun immoo dhiibbaa xiin sammuu hamaatiif ishee saaxileera.

Dubartoonni dhimma tokko osoo gad fageessanii hin yaadiin murteef kan ariifatan tahuuf nama isaan jaallate osoo hin qoratiin maalummaa isaa hin hubatiin dafanii amananii kan fudhatan tahuu argina.

Gama biroon immoo, haati Abdiisaa mucaan ishee kuulaniin  gudeedamuu ishee yemmuu dhageessu of fannisuuf funyoo fudhattee lagatti ka'uun rakkoo xiinsammuu hamaatiif saaxilamuu ishee hafeen kana gadii ni hubachiisa.

> Boorumtaa yeroo ishee galtu waanta ta'e hunda ijoolleen walharkaa fuudhanii itti himan. …..harkasheen mataa qabattee, akka mukaa gogdee dhaabbattee hafte. Waan gootuus waan jettus harkaa bade. Badii gudeedamuu mucaashee Kuulaniif sababiin ishee ta'uu ofitti murtee, galgaluma gaaf sana  karaa boron baatee wadaroon mukatti of rarraafte. (Dhaabaa, 2020: 22).

Aadde Duree rakkoo gudeedamuu  intalashee kuulaniif sababni isheen maatiifi firoottan abbaa manaa ishee waliin marii osoo hin godhiin heerumunshee akka tahe hubachuun ofirratti murtee du'aa murteessite.  Kunis sababa heeruma isheerraan kan ka'e waan sadii dhabde. Abbaa  manaa ofii dhabdee, mucaashee kuulanii dhabde.

Akkasumas, maatii isheefi firoottan abbaa warraashee kan dhabde yoo tahu qophaa harka duwwaatti hafuushee mul'isa kana kan ta'eef immoo sababa murtee ariitiin osoo itti hin yaadamiin waan murteessiteefidha. Kun immoo, murtee ariitiin murteessuu irraan kan ka'e rakkoo xiin sammuu hamaatiif kan isaan saaxile ta'uu hafee kanarraa argina.

Walumaa galatti, dubartoonni murtii atattamaa fudhachuutti kan ariifatan ta'uufi booda immoo gaabbiidhaan rakkoo xiin sammuu hamaaf kan saaxilaman ta'uu hafee barruu kanaa irraa argina

### 4.5.2. Miidhaa  Qaamaa  Namfakkiilee  Dubartootaa

Asoosama "Godaannisaa" kan jedhu keessatti miidhaleen namfakkiilee Dubartootaa qaama isaanii irra gahantu ibsameera. Bu'uuruma kanaan Asoosama "Godaannisaa" keessatti Taliilee Qajeelaa namfakkiilee dubartootaa kan taate miidhaan yeroo qaama ishiirra gahu argina.

> Sagaleen akka jirmaa jigu natti dhagahamnaan yeroon dudduubakoo ilaalu, Taliileen  dhabe. Waan  akka hurrii ijakootti  marame.  Ijoolleen mooraa sana keessaa raajii   kana dhaga'uuf, isaan dhagahan immoo ijaan arguuf wal caccabsaa gugatu. Diidni sun al-tokkotti lafa gabaa fakkaateera.  Marti ni waca. Kan wal dhaggeeffatu hin jiru. Ijoolleen lama, nafa Taliilee karaa asfaaltii irraa hammaaranii ol fuudhan. Fuulli ishee dhiigaan uwwifameera. Sagalee dubartii guyyaan itti dukkanaa'ee lafa lixxu dhabde sardamtutusammuu kootti dhaghama. Heey …. Heey!…. Heey!…. akka waan dubartoonni mooraa sanaa wal gahanii natti iyyaniitti natti dhagahama. Uhuuu!.....Uhuuu!...Uhuuu!….

> Bulguu!…Bulguu dhiiga dhugu! Bulguu!....Bulguu! ….Bulguu…Bulguudha, namaa dhugu !….Heey!...Heey!....seexana! ….Sheeyxana!.... (Dhaabaa, 2020:242-243).

Yaada hafee armaan olii kanarraa kan hubannu Taliileen yeroo du'aafi jireenya gidduutti muddamaa jirtu Abdiisaan gatee akka baqate hubanna. Haaluma kanaan Taliileen na gargaari jechaa osoo duuka isaa fiigduu kuftee addaa akka burqxee miidhamte ibsameera. Ijoolleen iyya ishii dhagahanii dhufanii iddoo kuftee miidhamtee jirtuu kaasanii mana yaalaa geessanii akka waldhaanan ibsameera.

Kanaafuu dubartoonni iddoo garagaraatti qaama isaanii irratti miidhamni akka gahu hubatameera. Dabalataanis,"Maannaaloon hoggaa machaa'ee galu miidhaa qaamaa Aadde Dureefi kulaniirraan kan geessisu ta'uu agarsiisa. Kuulanii haadha kootti ida'ee arrabsuu, rukkutuu, dhiituun hojii isaa jalqabe". (Dhaabaa, 2020: 20) .

Hafee kanarraa kan hubatamu maannaaloon machiin of wallaalee yommuu galu haadhaafi intala irratti reebicha hamaa waan raawwatuu bara jireenya isaanii akkasan boo'aa jiraataniif sababa ta'uu qofa osoo hin taane miidhaa qaamaa mul'atuufi hin mul'annee irraan kan geessisu ta'uu agarsiisa.

> Karaa biraa, Mannaaloon miilla kuulanii qabnaan takaalamtee fuula isheetiin lafatti rukkutamte…. Ilkaan ishee tokko dhiigaan maramee laf bu'e. …Mannaaloon kana argellee osoo xiqqoo hin rifatiin harkisee sireerra ishee buuse ibidda fedhii saalaa dhugaatiin itti afarse ittiin dhaamsate. …. qaama ishee cicciree, lubbuu ishee dararee, ulfina ishee caccabsee, abdii ishee unkuteessee, horooma ishee (durgummaa) ishee baasee ofii dugdaan ciise. (Dhaabaa, 2020: 21).

Yaada armaan olii kanarraa kan hubatamu kuulaniin abbaa buddeenaan gudeedamaa qaamaan caccabsamtee, cicciramtee, ilkaanii cabdee, miidhaan qaamaa dhiigaan laaqamtee hanga durgummaa dhabuu qofaa osoo hin taanee, miidhaa isheerra gaheef osoo namni tokko itti hin birmatiin maannaaloon caccabsee ishee gudeeduu miidhaa qaamaa hamaa tahe irraan gahuusaa agarsiisa. Walumaa galatti dubartoonni miidhaa qaamaa garaagaraaf saaxilamoo akka ta'aniifi miidhaan isaanirra gahu immoo, gama dhiirotaan kan itti dhufu tahuu, seeratti himachuuf illee qaaniifi maal naan jettee hawaasaa sodachuu irraan kan ka'e miidhaa isanirra gahe illee dhokfatanii bara isaanii guutuu ittiin dhukubsataa kan jiraatan tahuu hafee kanarraa hubanna.

### 4.5.3. Miidhaa /Rakkoo/ Namfakkiilee Dubartootaa Gama dinagdeetiin

Dubartoonni rakkoo diinagdee garaa garaaatiif kan saaxilaman asoosama godaannisaa kana irraa hubachuun ni danda'ama. Fakkeenyaaf, "…Haatiikoo ega gadda abbaan koo yeroo dheeraa hin turre kan dhiira biroo waliin wal barte nama Mannaaloo Balaay jedhama. ….Yeroo sana keessa ega

kan inni nama gargaaru fakkaatee maallaqaan dagachiisee gowwoomsee haadha kootti siqe". (Dhaabaa, 2020: 19).

Egaa hafee kanarraa hubachuun kan danda'amu Aadde Dureen yeroo abbaan manaashee du'u sababa rakkoo dinagdeetiin nama maalummaan isaa hin beekamneetti akka heerumte, maannaaloon qarshiin ishee sossobee akka fuudhe kun immoo gamtokkoon dubartoonni gama diinagdeetiin dhiirotatti hirkatoo kan ta'an ta'uu isaanii hafee Asoosamaa kanarraa mul'isa. Kana malees, aadde duree erga maannaaloon irraa addaa bahee deemee firoonni isheerraas ergee addaan baatee ijoollee afur waliin rakkoo diinagdeef kan saaxilamte ta'uu hafee kana gadiirraa ni dubbata.

> Haatikoo akka garaan ishee ramacametti ijoollee afur qabattee qofaashee dirree irratti hafte.Okkotee sooftee, ibiddatti waadamtee araqee baasuun ijoollee sana guddisuu jalqabde. Ijawwan namootaa eeboo tuffiifi jibbaa itti darbatanii waraannan obsite. Afaaneen namootaa qeeqa arrabsoofi yakka irra tuulaa oolan dandeesse. (Dhaabaa, 2020: 22).

Yaada kanarraa wanti hubatamu aadde Dureen abbaa manaa, firoota isheefi kan abbaa manaashee erge dhabdee booda qophaa ijoollee guddisuuf dirqamteetti kanas ijoollee kana guddisuu tooftaalee garaa garaa qopheeffachuun madda galii ishee guddisuun, ijoolleef nyaata argachuun murteessaa tahee argameera. Kana immoo, aadde Dureen mala galii ishee ittiin guddifatte keessaa araqee baasuun hojii isa jalqabaa isheen ittii seentedha. Kanaanis ijoollee isheef nyaataafi wanta barbaachisu hunda guuttee kan jiraachaa jirtu ta'us, bifaa jijjiiramtee gubattee rakkoo diinagdeef saaxilamteetti. Walumaa galatti dubartoonni hojii garaa garaa uumuun madda galii isaanii fooyyessuun ofiifi maatii isaanii iddoo abbaan manaa isaanii hin jirretti bakka haadhaafi abbaa bu'uun kan jiraachisan tahuun rakkatanii rakkoo hamaa saaxilamuun madda galii isaanii guddisuu diinagdee of danda'uun maatii isaanii bulchuuf yeroo isaan gidiraa argan agarsiisa.

# BOQONNAA SHAN: GOOLABA, ARGANNOOFI YABOO

## 5.1. Goolaba

Qorannoon kun mataduree “xiinxala namfakkiilee dubartootaa asoosama ‘Godaannisaa’haareffamee maxxanfame,” jedhu irratti xiyyeeffatee kan qaacceffamedha. Kaayoon qorannoo kanaa inni guddaan namfakkiilee dubartootaa kallattii xiinxala gahee dubartootaa gama hawaasummaatiin, diinagdeefi siyaasaa, aadaa (safuu)fi seenaan haala bocama namfakkiilee dubartootaa, hariiroo aangoo koorniyaaniifi gama miidhaalee namfakkiilee dubartootaatiin jiru gadi fageenyaan xiinxalameera. Gosa qorannoo qorataan itti gargaarame akkamtaa (qulqulleeffataa) yoo ta’u, maddi ragaa immoo, madda raga 1[ffaa]. Iddattoon qorannoo kanaa immoo miti carraadha. Akkusumas, malli funaansa ragaalee xiinxala barruu (sakatta’a harshammee) kan fayyadamedha. Gama birootiin, malli xiinxala qorannoo kanaa mala qorannoo akkamtaa yoo ta’u, ragaalee sakatta’a harshammeetiin argaman jechaan ibsa itti kennuun kan xiinxalamedha.

## 5.2. Argannoo

Qoratichi xiinxala namfakkiilee dubartootaan argannoowwan argaman akka armaan gadiitti dhiyeesse Gaheewwan namfakkiilee dubartootaa ilaalchisee asoosama “Godaannisaa” keessatti gama hirmaannaa hawaasaatiin, dubartoonni rakkoo hawaasummaa keessatti isaan qunnamu waliif hirmaachuufi kunuunsa akka waliif keennan kan ibsamedha.

Gaheewwan dubartootaa gama diinagdeetiin yoo ilaallu immoo asoosama eerame keessatti dubartoonni, qabeenyaan kan of-danda’aniifi dhiiratti hirkatoo ta’anii akka of-jiraachisan mul’isa. Fakkeenyaaf, Meeroon konkolaataadhaan akka bashannantu kan mul’isu yoo ta’u, Kuulaniifi Almaaz maallaqa mana bunaa keessa hojjetanii argataniin ofiifi obbaleessa ishee Abdiisaa gargaara akka jirtu agarsiisa. Aadde Dureen sababa qabeenyaan sossobamte nama maalumaan isaa hin beekamne alagaa faana akka badde mul’isa.

Gama birroon immoo, dubartoonni tokko tokko abbaa qabeenyaatti hirkatanii akka jiraatan mul’isa. Asoosama “Godaannisaa” keessatti Almaaziifi Raahel hoteela keessa akka hojjetan kan mul’isudha. Aade dureen yeroo maannaaloo ijoollee afur faana ishee gatee badu araqee baaftee fuulaa jijjiiramtee ijoolleeshee akka guddiftu mul’isa.Kanaafuu, dubartoonni gama diinagdeetiin kan of-danda’aniifi hirkatanii akka jiraatan ibsameera.

Karaa birootiin, Gama siyaasa keessatti hirmaachuun garuu, kan dhiirotaa kallattiin keessatti kan hirmaatan yoo ta'u dubartootni garuu yeroo siyaasa jalaa of dheessan agarra. Kana jechuun, gaheewwan dubartootaa gama siyaasaatiin yoo fudhannee asoosama "Godaannisaa" haaraa keessatti dubartoonni kallattiin yoo ta'uu baateyyuu al-kallattiin of-jiraachisuuf jecha akka isaan siyaasa jalaa miliqan kan ibsudha.

Almaaz hojii qacaramuuf jecha maqaa ishii kan jijiirte yoo ta'u, Meeroon garuu akka doofummaafi gadaantummaatti waan fudhatteef jijiirte.dabalataanis, yeroo sochiin hiriira barattootaa yuuniversiitii Haraamayaatti gaggeeffame hirmaannaan shamarranii kan hin mul'anne waan ta'eef, shamarran siyaasa keessatti hirmannaa isaan qaban kan hin mul'anne dhiira keessa kan dhokate ta'uu beekameera. Kanaafuu, olaantummaa siyaasaa yeroo sanaa jalaa miliquuf jecha tooftaa kana kan fayyadaman ta'uu ibsa.

Gama seenaafi aadaa( safuu) eeguu keessattis dubartootni jila qopheessuu keessatti haa hirmatan malee aadde Duree eebba mucaashee irratti sirna qopheessitee namoonni ollaa isaanii gammachuu isaanii irratti hirmaachisuun waanuma qabaniin harka fuuchuun dhangaa qophaa'e dhandhamachaa waliif gammadaa akka turan mul'isa. Karaa biraammoo, Meerooniifi Almaaz maqaa akka aadaa Oromootti baheefii dagachuun akka maqaa ammayyaa'aatti jijjiirratan, Meeroon afaan dhalootaa itti dhalatte qaanfachuun afaan ormaatti yeroo isheen of jijjiirtu agarra. Kun immoo aadaafi seenaan hawaasichaa labata itti aanutti akka hin dabarre ormii illee aadaafi afaan oromoo akka hin hubanneef gufuu kan ta'e ta'uu isaa mul'isa.

Kana malee, aadde Koonnisee osoo abbaa manaa qabduu namicha alagaa amantii barsiisu waliin laga qoraaniitti sagaagaluun ishee aadaafi safuu hawaasichaa kan cabsedha. Gama biroon, aadde Dureen abbaan manaa ishee du'ee osoo hin turiin alagticha maalummaan isaa hin beekamne kaabarraa dhufeen sossobamtee fira ofiifi kan abbaa manaa ofii dhiiftee osoo akka jifuutti namni ishee dhaalu jiru aadaafi safuu hawaasichaa cabsuu ishee agarsiisa.

Bocama namfakkiilee dubartootaa ilaalchisee dubartoonni yeroo isaan gidiraafi rakkinaan jiraatantu mul'ate. Haati Abdiisaa utuu fira hin marii'atiin maallaqaan goowwoomtee Maannaaloo Balaayitti heerumtee rakkachaa akka turte ibsameera. Dabalataan, Kuulaniin jireenya rakkisaafi gadi aantummaadhaan akka jiraattu yoo ta'u Meeroon immoo qalbiifi ilaalcha ishiitiin beekumsa (Ammayyummaa) itti fakkaatee warqee mataa ishii ofirraa gattee aadaa ormaa uffaattee akka

jiraachaa turte kan mul'isudha. Kana jechuun Afaaniifi aadaa mataa ishii gattee akka kan ormaa uffattee jiraattu kan ibsamedha. Almaaz sababa hojii qacaramuuf jettee maqaashee jijjiirteetti.

Raahel immoo, arjaa, oo'a qabeettii, garraamii akka taatetti barruu kana keessatti dhiyaateetti. Kanaafuu asoosama eerame keessatti akkuma ibsametti ta'ee, dubartoonni gidiraafi rakkinni adda addaa kan irra gaheefi hiree mataa isaanii ofiin murteeffachuu akka hin dandeenye ibsameera.

Hariiroo aangoo koornayaa namfakkiilee gidduu jiru ilaalchisee haalli caaseffama dhiirotaafi dubartootaa haala wal-fakkaatuun kan aangeffamedha. Asoosama "Godaannisaa" haaraa keessatti Abdiisaafi Taliileen umuriifi sadarkaa barnootaa Yuunivarsiitii barataniin kan wal fakkaatani dha. Akkusumas, waadaa jaalalaa eeguun kan walitti dhiyaatanidha.Dabalataan, dubartoonni olaantummaa dhiirootaa jala akka jiraatanidha. Wayinisheetiifi Abdiisaan barattoota yuuniversiitii Haramaayaa kan turaniifi, Abdiisaa jalqaba jaalala isheen miidhamaa akka ture, booda isheen didde jennaan akka dhiise gaafa waluumaan barumsa isaanii xumuratan immoo jaalala duraan didde akka itti fufuu barbaaddu dubartoonni kaayyoo isaanii galmaan gaafa gahaan malee hiriyyaa saala faallaa qabachuu akka hin barbaanne agarsiisa. Kanaafuu, dubartoonni olaantummaa dhiiraa jala akka jiraatan kan mul'isudha.

Miidhaalee namfakkoota dubartootaa ilaalchisee asoosama eerame keessatti kan mul'ate ta'uusaa ibsameera. Kunis, asoosama kana keessatti miidhaa xiinsammuu, qaamaafi diinagdeedha. Kana malees, asoosama "Godaannisaa" haaraa keessatti Kuulaniin sababa abbaa ormaa gara jabeessan gudeedamteef hawaasa keessa jiraattu dhiiftee biyyaa baate. Achittis qaama ishii gurguruun akka miidhamte hubatameera.

Kanaafuu, miidhaan xiin sammuun ishiirra akka gahe agarsiisa. Dabalataan, asoosama eerame keessatti dubartoonni dhiirotaan miidhaan qaamaa akka isaan irra gahaa ture hubatameera. Asoosama "Godaannisaa" haaraa keessatti Taliileen sababa Abdiisaan ulfeessee ani sin beeku jedhee baqateef utuu duuba fiigduu addaa buruqxee akka miidhamte Kuulaniifi aadde Dureen namticha alagaa namaa hin diinne maannaaloo jedhamuun reebamuu, dhiitamuu, arrabsamuu, ilkaanii cabuufi gudeedamuun irra gahaa akka ture ibsameera. Aadde Koonniseen immoo sababa namicha barsiisaa amantii sanaan osoo abbaa manaa qabduu sagaagaluu ishee agarsiiseera.

Walumaagalatti namfakkiilee dubartootaa irratti miidhaan olaantummaa dhiirotaatiin xiinsammuu, qaamaafi diinagdee isaaniirra kan qaqqabe tahuu qorataan qorannoo isaan agarsiiseera. Kanaafuu qoratichi gaaffilee bu'uuraa arfan qabatee gaafa ka'u :

1. Gahee namfakkiilee dubartootaa gama hawaasummaa, diinagdeefi siyaasaa, aadaa(safuu)fi seenaa ilaalchisee Asoosama“Godaannisaa” keessatti hirmaannaa hawasummaan dubartoonni rakkoo isaan qunnamuuf kunuunsa guddaa waliif godhu.Gama diinagdeen immoo Asoosama eerame keessatti dubartoonni of-danda’oofi hirkatanii akka jiraatan ibsameera. Gama siyaasaan immoo, dubartoonni of miliksanii fi eenyummaa ofii dhoksanii akka jiraatan seeneffame. Gama Aadaafi seenaa dabarsuu keessatti aadaa ofiifi afaan ofii dhiisuun kan ormaa keessa of galchuu akka jiraatan agarsiisa. Kana malees, namfakkiilee dubartootaa akka aadaafi barsifataan jila qopheessuun ollaafi firaan gammaduun xiiqii isaanii gammachuu keessa bahachuun firriifi ollaan akka keessatti hirmaatu gochuun harka walfuuchuun dhugaatiifi nyaata qophaa’e dhamdhamachaa gammachuun of dhabuu keessatti gahee bahatu. Garuu, murtee battalaafi ariitiin osoo itti hin yaadiin murteessuun aadaa (safuu) hawaasichaa cabsuun ofiifi maatii rakkoorra yemmuu buusantu mul’ata. Gama seenaa dabarsuu keessattis afaan, duudhaa, seenaafibarsiifata hawaasichaa tuffachuun kan ormaa keessa of galchuun yeroo aadaafi afaan ofiitti qaanfatantu seeneffameera.

2. Bocama namfakkiilee dubartootaa ilaalchisee gama asoosama “Godaannisaa” keessatti dubartoonni gara laafeyyii, gidiraa, rakkinniifi jireenya gadi aantummaadhaan akka jiraataniifi dubbiin waan qaroomani isaanitti fakkaatee aadaa isaanii gatanii kan ormaa uffatanii akka jiraatan ibsamera. Kanaafuu dubartoonni rakkina, jireenya gadi aantummaan akka jiraatanidha. Akkasumas, Afaaniifi aadaa ormaa uffatanii jiraachuufi hiree mataa ofii murteeffachuu kan hin dandeenye ta’uun ibsame.

3. Hariiroo Aangoo namfakkoota dubartootaa ilaalchisee Asoosama eerame keessatti waadaa eeguun yoo ta’u, keessumattuu dubartoonni waadaa jaalalaa eeganii tursuu keessatti duuba kan hin deebineefi jaalalatti seenuu keessatti dursa kaayyoo bahaniif dursa kan kennan ta’uufi booda immoo, bakka galma isaanii gahuun jaalala sana haaromsuu kan barbaadan tahuufi kun immoo walii galatti olaantummaa dhiiraa jala akka jiraatan ibsameera.

4. Miidhaalee namfakkiilee dubartootaa ilaalchisee asoosama eerame keessatti dubartoonni hawaasa keessatti miidhaan diinagdee, xiin sammuu, siyaasaanfi miidhaa qaamaa guddaan isaanirra akka gahe hubatameera. Gama birootiin dubartoonni hedduun miidhaan qaamaa gurguddaan kan akka gudeedamuu, reebamuufi kan biroon dhiirotaan isaan irra akka gahe ibsameera. Walumaagalatti dubartoonni birmannaa dhabuun miidhaan xiinsammuu, qaamaafi diinagdeen dhiirotaan isaan irra gahuu seeneffameera.

## 5.3. Yaboo

Qorannoon dhimmoota xiinxala namfakkiilee dubartootaa ilaallatu kallattii adda addaan utuu gaggeeffamee gaarii ta'a.

A. Dubartoonni rakkoo isaanirra gahu irratti kunuunsaa waliif gochuufi furmaata waliif taasisu. Kanaafuu, hirmaannaan kun akka cimuuf kallattii hundaan osoo jajjabeeffamanii gaarii ta'a. Akkasumas, iddoo adda addaatti jiraachuudhaaf jecha hirkatanii kan jiraataniifi qaama isaanii gurguruun of jiraachisan hayyoonni kallattii garagaraan utuu irratti xiyyeeffatanii hojjetanii bu'aa argannoo kanaanis haa ta'u kan biroon dhimmota dubartootaa, miidhaalee dhiiraanis haa ta'u kan biroon isaanii irratti qaqqabuuf barnoota miidiyaafi bifa kitaabaan maxxanfamee akkaataa nama hundaa qaqqabuun osoo dhiyaate gaariidha.

B. Iddoo adda addaatti dubartoota irratti gidiraafi rakkinni itti baay'ata. Kanaafuu hawaasni hundumtuu utuu xiyyeeffannoo taasisee irratti hojjetee ni tola.

C. Dubbiidhaanis ta'e gochaan ammayyummaa itti fakkaatee warra aadaafi afaan isaa gatanii kan ormaa uffatanii kan deeman gara fuula duraatti xiyyeeffannoon utuu itti kenname.

D. Yeroo baay'ee dubartoonni olaantummaa dhiiraa jala jiraachuufi hojii mana keessatti miidhamu. Kanaafuu dhiironni hundumtuu walqixummaa isaanii kabajuufi kabachiisuuf gahee isaanii utuu bahanii gaarii ta'a. Kunis, Dhiirri hundi mana keessaa mataa ofiirraa eegalee olaantuu isaa calaqqisiisuu dhiisee walqixxummaa mana keessatti dagaagsee labata haaraaf fakkeenyummaan osoo kallattii qabsiisan gaarii ta'a.

E. Bu'uurri hawaasaafi maatii tokkoo dubartoota waan ta'eef, hawaasaafi maatii keessatti hoganuuf murtii keennuu akka danda'an utuu dhiirota mara irratti hojjetamee gaarii ta'a.

F. Dubartoota irratti miidhaan xiin-sammuu, qaamaafi diinagdee iddoo garaagaratti dhiirotaan isaanirra gaha. Kanaafuu qaamni hundumtuu dhiiras ta'e dubartoonni hirmaannaa taasisuun miidhaa isaan irratti qaqqabuuf fala kallattii fuulduraaf ka'amaa osoo deeme kan jedhu yaada qoratichaati.

## Wabiilee


Addunyaa Barkeessaa. (2011). *Akkamtaa, Qorannoo Hujoo*. Finfinnee Oromiyaa.

Asafaa Tafarraa. (2009). *Eela: Seenaa ogummaa Oromoo*. Finfinnee: Far East Trading P.L.C.

Asmerom, Legesse. (1973). *Gadaa: The Three Approaches to the Study of African Society*. New York: A Division of Macmillan PPublishing Co. ,Inc.

Beekan Gulummaa. (2013). *Guboo Seenaa: Asoosamaafi Saayinsii isaa*. Finfinnee Oromiyaa.

Bileen V. (1992). *Women And Authority:* Re Emerging Mormon Feminism.Maxine Hanks.

Birhanu Matthews. (2009). *Fundamentals of Literature*. Addis Ababa: Alpha Printers PLC.

Bryson. (1999). *Fiminist Debates Population*. London: Macmillan Press.

Catherine, Belsely.(1997). *The Feminist Reader: Essay In Gender And The Politics Of Literary Criticism* Audiobook Publishing

Creswell, J. (2012). *Educational Research*: Planning, Conducting and Evalating Qualitative and Quantitative Research. University of Nebraska-Lincoln.

Dastaa Dassaaleny. (2002). *Bu'uura Qorannoo*. Finfinnee: mana maxxansaa Boolee.

Dhaabaa Wayyeessaa. (2020). *Godaannisa*, Asoosama Haaressame maxxansa lammaffaa, Finfinnee (Addis Ababa), Ethiopia: ILsabaa Printing, PLC.

Dirribii Damusee Bokkuu. 2012. *Ilaalcha Oromoo*, Mana maxxansaa Finfinnee, Finfinnee.

Dirribii Damusee . (2014). *Seenaa eenyummaa Oromoo*. Finfinnee.

Donovan, Josephine. (ed.). (1989). *Feminist Literary Criticism: Exploration in Theory. Kentucky*: The University press of Kentucky.

Fedhasaa Taaddasaa. (2013).*Subii,bu'uuraalee Ogbarruu oromoo*. Finfinnee: Subi Printing Press.

Filee Jaallataa. (2016). *Beekumtaa Oromoo I*. Finfinnee, Raajii.

Harding, A. (1986). *Feminism*: *Opposing Viewpoints. St. Paul*: Greenhaven Press.

Jeyilan W. Hussein. (2004). *A Cultural Representation of Woman in the Oromoo Society*. Alemaya Yuniversity. Vol. 25(3):10

Klarer, M. (2005). *An Introduction to Literary Studies*. London And New York: Published by Rout ledge, Taylor and Francis Group.

Lazar, G (1993*). Literature and Language Teaching*. Cambridge University press.UK

Margaa Abbabaa. (2016). *Bakka bu'insa Namfakkiilee Dubartootaa*, Asoosamoota Afaan Oromoo Imaanaa Imaaltuufi Hiree Galgalaaa. Yuunivarsiitii Jimmaa. ( kan hin maxxanfamne)

Mbatha, P. (2009). *A Feminist Analysis of Tsitsi Dangarembga's Nervous Condition.*

Melakneh Mengistu.(2006). *Fundamental of Literature* 3rd ed. Addis Ababa: A.A.U press.

Mohaammad Huseen .(2009).Xiinxala qaaccessa asoosamoota dhoksaa Jireenyaa fi Quba

Qubeelaa Yaaxina bifiyyeetiin.Yuunivarsiitii Finfinnee kan hin maxxanfamne.

Mohammed Keheder. (2011/2012). *Feminist/ Womanism Aesthetics and Quest for Self hood in The Black American Novel.* A special Referance to Alice Wolker's The Color Purple and Zora Neal Hurstones Their Eyes Here Watching God.

Miller.(1993).fi Irene Tinker( 1990).

Osterhaus, D.L. (1987). *The female hero*: *An analysis of female protagonists in modern epic high fantasy novels.* Unpublished masters research paper, University of Northern Iowa, Cedar Falls, IA.

Rabbirraa Tarrafaa. (2009). *Gadaa*: *Caasluga Afaan Oromoo, kutaa 9fi 10*.Maxxansa 1ffaa. Mana maxxansaa Gadaa Series. Finfinnee.

Ruth, Sheila.(1998).Issues in Feminism: An Introduction to womens studies . Mountain View: CA MAY Field publishing Company.

Sa'idaa Kadir Waaree. (2002). *Sirna Gadaafi Dubartootaa*. Finfinnee: Birhaaninnaa Maattemiyaa Dirijjiit.

Taarikuu Bantii. (2016). *Xiinxala Asoosamoota Afaan Oromoo Filataman.* Yuunivarsiitii Finfinnee, (kan hin maxxafamne).

Terry- Mcmillan. (2009). Popular- African American girlfriend.

Tashoomaa Egeree. (2013). A *Feminist Reading of selected Afaan Oromo Novels: Deconstraction in Focus.* Addis Ababa University: Un published PhD Thesis.

Waaqumaa Bokkee. (2011). “ Xiinxala Asoosama Imaanaa Imaltuufi Imimmaan Haadhaa ija yaaxina Feeminizimiitiin ” Qorannoo Digirii Lammaffaa Guutachuuf Yuunivarsiitii Finfinnee Dhiyaate. Kan hinmaxxanfamne.

ያለው እንዳወቀ ፡፡(2006)፡፡ የምርምር መሠረታዊ መርሆዎችና አተገባበር፡፡ አዲስ አበባ፤ የንግድ ማተሚያ ድርጅት፡

Zerihun Asfaw. (1996). *Yesinetsuf Meseretaawuyaan*. Addis Ababa: Benigdi Matemiyaa Dirijjiit Taattemee.

www. Wikipedia . or

# DABALEEWWAN

## Dabalee A: Gaaffiilee Cheekiliistii

Gaaffileen cheeklistii kunniinis kanneen armaan gadii yoo ta'an adeemsa dubbisaa mara keessatti gaaffilee kanneen akka mata-dureetti ka'umsa godhateeti**.**

1. Gaheewwan namfakkiilee dubartootaa asoosama "Godaannisaa" haaraa keessatti gama aadaan, seenaa, hawaasummaa, diinagdeefi siyaasaa akkasumas, xiinsammuun akkamiitti ibsame?

2. Namfakkiilee dubartootaa asoosama Afaan Oromoo "Godaannisa" haaraa keessatti haala

kamiin bocaman?

3. Hariiroo aangoo koornayaa (gender-power relation) asoosama "Godaannisaa" Haaraa keessatti maal fakkaata?

4. Miidhaan Asoosama eerame keessatti namfakkiilee dubartootaa irratti gahe maal maal fa'i?

## Dabalee B: Ibsa Namfakkiilee Asoosama 'Godaannisaa'

Maqaa asoosamaa: Godaannisaa Haareffamee Maxxanfame.

Barreessaan: Dhaabaa Wayyeessaa Bara maxxansaa: 2020 Maxxansa: 2ffaa

Mana maxxansaa: ILsaba printing, PLC.

Gatii: 300

Fuula: 546

Baay'ina namfakkiilee: Dhiira: 16 Dhalaa: 32 ida'ama:48

Namfakkii kootama(Muummee): Abdiisaa Soolan Disaasaa

| Lakk. | Maqaa Namfakkiilee | saala | Ibsa(gahee) namfakkiilee |
|---|---|---|---|
| 01 | Aadde Duree | dha | Haadha Abdiisaafi Kuulanii |
| 02 | Kuulanii Soolan | dha | Obboleettii Abdiisaa |
| 03 | Taliilee Qajeelaa | dha | Jaalalee Abdiisaa |
| 04 | Aadde Margee | dha | Haadha manaa wasiila Abdiisaa |
| 05 | Wayinisheet Ambaayee | dha | Barattuu Yuunivarsiitii Haramaayaa Abdiisaan jalqaba ishee jaallatee kan hirriba dhabe. |
| 06 | Meeroon(Weejee) | dha | Intala naannoo Abdiisaa dhalattee haadha qabeenyaa Boolee Finfinnee jiraattu |
| 07 | Almaaz (Haalloo) | dha | Ishee mana bunaa Baatee hojjettu abdiisaa waliin ciiste |
| 08 | Raahel | dha | Hojjettuu mana bunaa Dirree Dawaa Taliilee gargaaraa turteefi dawaa kennite |
| 09 | Sirguut | dha | Hiriyyaa doormii Taliilee |
| 10 | Gaaddisee Urgeessaa Shorroo | dha | Hintala Abdiisaan Najjoo bakka jalbultii cidhaatti jaallate. |
| 11 | Dubartii diriyyaa dheeraa diimaa magaala furdoo | dha | Tajaaltuu mana shayii kan maqaan hin ibsamne |
| 12 | Saaraafi Caaltuu | Dha | Ijoollee durbaa Aabbo Waltajjii wasiila Abdiisaa |
| 13 | Dinqituu | Dha | Maamila araqee aadde Duree kan taate araqee bitachuu kan dhufte. |
| 14 | Amsaalee Mannaaloo | dha | Obboleettii Abdiisaa |
| | | | |
| 15 | Aadde Koonnisee | dha | Haadha manaa Aabbo saattaa kan qeesichaa barsiisaa amantii waliin |

| | | | |
|---|---|---|---|
| | | | sagaagalte |
| 15 | Abdiisaa Soolan Disaasaa | Dhi | Namfakkii Muummeefi jaalallee Taliilee |
| 16 | Soolan Disaasaa | Dhi | Abbaa Abdiisaafi kuulanii |
| 17 | Birasaaw mollaa | Dhi | Nafxanyaa ciqaa shuumii lafa abbaa Abdiisaa namicha yeroof fudhate |
| 18 | Mannaaloo Balaay | Dhi | Abbaa buddeenaa Abdiisaa namichicha hintala haadha manaa ofii gudeede |
| 19 | Waltajjii Disaasaa | Dha | Wasiila kuulaniifi Abdiisaa |
| 20 | Mogasee | Dhi | Hiriyyaa doormii Abdiisaa waliin wal lolan |
| 21 | Henook Galataa | Dhi | Hiriyyaa doormii Abdiisaa |
| 22 | Taammiraat | Dhi | Hiriyyaa doormii Abdiisaa |
| 23 | Poolisii | Dhi | Kan Abdiisaa qabee hidhe |
| 24 | Jaabiloo | Dhi | Gurbaa Dirree Dawaa Akaayii,Sijaaraafi Mastiikaa gurguru. |
| 24 | Gamtaa Waltajjii | Dhi | Gurbaa wasiila Abdiisaa |
| 25 | Taarikuu,Girmaa,Gizaachoo | Dhi | Obbolaa dhiirotaa Abdiisaa ijoollee Mannaaloon haadha abdiisaa irraa godhate. |
| 26 | Cuuttaa | Dhi | Gurbaa Najjootti listiroo hojjetu qabamee duulatti ergamee miilli irraa cite. |
| 27 | Shaafii Abbaa Luleessaa | Dhi | Hiriyyaa doormii Abdiisaa waggaa 2ffaa yeroo Taliileen baddu jimmaa ka'ee barbaachasee Beddellee kan deeme |
| 28 | Kaayitaamoo Kalloo, Massalee Raddaa, Baddiluu Mollaa,Misgaanaawu Hasan | Dhi | Hiriyyoota doormii Abdiisaa waggaa 2ffaa |
| 29 | Dr. Kaasuu Hameer | Dhi | Barsiisaa yuunivarsiitii Haramaayaa |
| 30 | Shamsaddiin Umar | Dhi | Barataa hiriira irratti dhaadannoo dhageessise. |
| 31 | Piroofeesar Daawwit | Dhi | Pirezidaantii Yuunivarsiitii Haramaayaa |
| 32 | Tujubaa Hundee | Dhi | Waajjira Hariiroo Alaatti Hojjetaa Kutaa bulchiinsaafi maallaqaa Abdiisaa waliin kan hojjetu. |
| 33 | Yohaannis Duulaa | Dhi | Namicha Kuulanii Waliin Bultii hundeeffate |
| 34 | Dhugumaa Bookaa | Dhi | Fira Taliileen yeroo yuunivarsiitiidha ariyatamte itti baqatte. |

| | | | |
|---|---|---|---|
| 35 | Ispaarticha | Dhi | Kan maqaan hin ibsamne, Cuuttaan qabamee hidhamuun akka duula deemu kan godhe. |
| 36 | Ambaayee Marshaa | Dhi | Abbaa Wayinisheet kan balaa konkolaataan du’e |
| 37 | Wasiila Henook | Dhi | Hojjetaa Wangeelaa sababa siyaasaan mana hidhaatti ajjeeffame |
| 38 | Abbaatee | dhi | Qeesicha barsiisaa amantii aadde koonnisee dubartii abbaa manaa qabdu gudeede |
| | | | |
| 39 | Leestiroota Dirree Dawaa | Dhi | Kan maqaan isaanii hin ibsamne Naannoo Taliileen itti mul’atte hojjetaniifi kan kallattii Taliileen itti mul’atte Abdiisaatti agarsiisan. |
| | Ida’ama | 33 | |
| | | | |